

XIINXALA AKKAATAA MADAALLII WALITTI FUFEE GAGGEESSUU BARSIIISOTA  
A/O KUTAA 9<sup>FFAA</sup> M/B COORAA BAGGEE HAALA BARREESSUUF DUBBISUU  
XIYYEEFFATE.

KADIIR GARUU DANBOOBAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF  
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII JIMMAATTI KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAIFI  
NAMOOMAA MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

HAGAYYA, 2013/2021

JIMMAA, OROMIYAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'EE,  
YUUNIVARSIITII JIMMAATTI KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI  
NAMOOMAA MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF  
DHIYAATE

XIINXALA AKKAATAA MADAALLII WALITTI FUFEE GAGGEESSUU BARSII SOTA  
A/O KUTAA 9<sup>FFAA</sup> M/B COORAA BAGGEE HAALA BARREESSUUF DUBBISUU  
XIYYEEFFATE.

QORATAAN: KADIIR GARUU DANBOOBAA

GORSAA DURAA: ALAMAAYYOO FAQQADAA (PhD)

GORSAA AANTEE: ERISTEE AKKAWAAQ (MA)

HAGAYYA, 2013/2021  
JIMMAA, OROMIYA

# IBSA WARAQAA MIRKANEEFFANAA

## Yuunivarsiitii JimmaattiDhaabbata Qorannoo Digirii Eebbaan Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Og-barruu guuttachuuf Kadiir Garuu Danboobaatiin, mataduree: Xiinxala Akkaataa Madaallii walitti fufaa barsiisonni mana barumsa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggee kutaa 9ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisan itti fayyadaman dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa irratti xiyyeeffachuun jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

### Qaama mirkaneesse:

Gorsaa Dursaa. \_\_\_\_\_ Mal. \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa Aantee: \_\_\_\_\_ Mal. \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

### Koree Qormaataa

QoraAlaa-----Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa-----Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Eebbaan Boodaa (MA)

## MIRKANEEFFANAA

Ani qorataan maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii kan koo ta'uufi kanaan duras Yuunivarsiitii kamliyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee itti gargaarame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: \_\_\_\_\_

Mallattoo: \_\_\_\_\_

Guyyaa: \_\_\_\_\_



## Galata

Duraan dursee uumaa na uumee fayyaa naaf kennee sadarkaa kana akka an gahu na taasisse Rabbiif galata koo galcha. Itti aansuun gorsaa koo yeroo mataduree qorannoo kanaa filadhuu kaasee hanga dhumaatti gorsaafi deeggarsa addaa naaf kennaa kan turan, Dr. Alamaayyoo Faqqadaa galatoomaan jedha. Osoo hin nuffin nagargaaruu, najajjabeessuu, duub-deebii naafkennuufi nahubachuu isaaniitiin qorannoon koo galma akka ga'uuf kallattii natti agarsiisaniif ammas irra deebi'ee baay'ée haa galatooman jedha. Akkasumas, gorsaa lammaffaa koo kan turan barsiistuu Eristee Akkawaaq yaada na cimsuufi na qajeelchu waan naaf kennaniif galatan qabaaf.

Itti dabaluuinis, hojiin kun akka fiixaan naa ba'uuf ogummaa kompiitaraatiin kan na cinaa dhaabbate hiriya koo Huseen Sa'id galanni kee guddaadha. Akkasumas, hojii qorannoo kanaatif deeggarsa karaa hundaan naagootaniif dura taa'aa mana barumsa Cooraa Baggee sad.2<sup>ffaa</sup> kan ta'an barsiisaa Tulluu Nugusaa osoo hin galatoomfanne bira hin darbu. Dhumarrattis, maatii koofi hiriyyoota koo kanneen dalagaa kana irratti na bira dhaabbatan hundaaf galanni koo guddaadha. Akkasumas, barattoota, barsiisota, dura bu'ootaa fi supparvaayzara odeeffannoo dhugaa ta'e naaf kennuudhaan nagargaaran hunda baay'een galatoomfadha.

## Axereeraa

*Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni Kutaa 9ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisan dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa irratti bu'uureffachuun daree barnootaa keessatti itti fayyadaman adda baasuun xiinxaluudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'achuuf, qorataan ragaawwan qorannichaa funaanuuf mala qorannoo makaa gargaaramee jira. Mana barumsa Cooraa Baggee sadarkaa 2ffaa mala mit-carraa kaayyeffataan kan filateedha. Odeeffannoo kennitoonni barsiisotni 6, barattootni 100, koree deeggarsa muummee afaanii, 3, dura bu'aafi itti aanaa 2 fi supparvaayzarri 1 mala iddatteessuu kaayyeffataan hirmaatanii jiru. Gama meeshaa funaansa ragaatiin bargaaaffii barattoota qofaaf dhiyeessuufi afgaaaffii barsiisota, koree deeggarsa muummee afaanii, dura bu'ootaafi supparvaayzaraaf dhiyeessuun akkasumas, karoora guyyaa barsiisota Afaan Oromoo sakatta'uun ragaan hammamtaafi akkamtaan walitti qabame addaan qoodamuun xiinxalamee jira. Argannoon qorannoo kanaas: barsiisonni mana barumsa Cooraa Baggee Sad. 2ffaa kutaa 9ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisan barattoota isaanii madaaluuf tooftaa muraasa kanneen akka: hojii manaa kennuu, battallee, qormaata giddugaleessaafi xumura semisteeraa qofa kan fayyadaman ta'uu. Ittifufiun, dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaatiif xiyyeeffannoon kennamaa ture gad-aanaa ta'uu bira gahameera. Akkasumas, kaayyoo madaallii barachuu barattootaa hubachuuf (assessment of learning) qofa ta'uu isaafi barsiisonni madaallii booda duubdeebii barattoota isaaniitiif kan hin kennine ta'uus bira gahameera. Kanaaf, barsiisonni ogummaa ofii isaanii kan hin fooyyeffanne ta'uun isaanii argannoo qorannoo kanaatiin bira gahamee jira. Kanumarraa ka'uun, qoratiichi yaada furmaata armaan gadii yoo kaa'u, barsiisonni, tooftaa madaallii adda addattii osoo dhimma bahanii gaarii ta'uufi madaalli irratti hubannoo ga'aa qabaachuuf osoo leenjii addaa addaa argatanii gaarii ta'a. Akkasumas, madaallii kaayyoo sadiif osoo fayyadamanii bayeessa ta'uufi duubdeebii kennuun ogummaa isaanii akka gabbifatan qaamni dhimmi ilaalu osoo hordoffii taasisee gaarii ta'a. Dabalataanis, barsiisonni dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaatiif xiyyeeffannoon kennamaa ture gad-aanaa waan ta'eef, yeroo madaallii gaggeessan dandeettiwwan kanneeniif xiyyeeffannoo kennuu akka qaban kallattiin kaa'ameera.*

## **GABAAJEEFI KOTTOONFACHIISA**

CRC- Cluster Resource Center

B/sa- Barsiisaa

L- Lakkoofsa

C/A- Continous Assessment

MB- Mana Barumsaa

NOE- National Organization For Examination

MOE- Ministry of Education

Sad.- Sadarkaa



## BAAFATA

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Galata.....	i
Axereeraa.....	ii
GABAAJEEFI KOTTOONFACHIISA.....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee.....	1
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	3
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	3
1.3.2. Kaayyoo Gooree.....	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa:.....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	5
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7. Qindoomina qorannichaa.....	6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE WALFAKKAATANII.....	7
2.1. Maalummaa Madaallii.....	7
2.2. Kaayyoo Madaallii (Purpose of Assessment).....	9
2.2.1. Madaallii Walitti Fufaan Barsiisuu (C.A for Learning).....	10
2.2.2. Madaallii Walitti Fufaan Barattoota Of-Dandeessisuu (C. A. as learning).....	12
2.2.3. Madaallii Walitti Fufaan Barachuu Hubachuu.....	14
2.3. Madaallii Walitti Fufaa Keessatti Ga’ee Duubdeebii (The Role of Feedback in C. A).....	17
2.4. Walitti Dhufeenya Madaallii Walitti Fufaafi Dandeettiiwwan Barreessuufi Dubbisuu.....	18
2.4.1. Dandeettii Barreessuu.....	18
2.4.1.1. Dandeettii Barreessuu Barsiisuu Keessatti Gahee Barsiisotaa.....	20

2.4.1.2. Dandeetti Barreessuu Madaaluu.....	21
2.4.1.3 Akaakuu Gahumsa Barreessuu.....	22
2.4.1.4 Tooftaalee Madaallii Dandeettii Barreessuu.....	24
2.4.3. Haala Qabxeessuu Dandeettii Barreessuu.....	26
2.4.3.1. Sororsuu Guutummaa.....	26
2.4.3.2. Adda Baasuun Sororsuu.....	27
2.4.4. Dhimmoota Dandeettii Barreessuu Madaaluun Of-Keessatti Hammatu.....	27
2.4.5. Kaayyoo Dandeettii Barreessuu Madaaluu.....	28
2.4.6. Rakkoolee Dandeettii Barreessuu Madaaluu keessatti Mudatan.....	28
2.5. Dandeettii Dubbisuu.....	29
2.5.1. Maalummaa Dandeettii Dubbisuu.....	29
2.5.2. Haala Dhiyeenya Dubbisuu.....	30
2.5.2.1 Haala Dhiyaannaa Gubbaa Gadii.....	31
2.5.2.2. Haala Dhiyaannaa Jalaa olii.....	31
2.5.2.3. Haala Dhiyaannaa Walsimsiisaa.....	31
2.5.3. Dandeettii Dubbisuu Madaaluu.....	32
2.5.4. Bu'aa Dandeettii Dubbisuu Madaaluu.....	33
2.5.5. Tarsiimolee Dubbisuu.....	34
2.5.5.1. Saffisaan Dubbisuu (Skimming Reading).....	34
2.5.5.2. Sakatta'aan Dubbisuu /Scanning reading/.....	34
2.5.5.3. Bal'inaan Dubbisuu /extensive reading/.....	34
2.5.5.4. Gadi Fageenyaan Dubbisuu (Intensive reading).....	34
2.5.6. Gulantaalee dubbisuu.....	35

2.5.6.1. Gulantaa Dubbisuu Duraa.....	35
2.5.6.2. Gulantaa Yeroo Dubbisuu.....	35
2.5.6.3. Gulantaa Dubbisuu Boodaa.....	35
2.5.7. Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu.....	35
2.6. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkaatanii.....	36
2.7. Yaaddiddama (Yaaxxina) (Theory)Qorannichi Bu'uureffate.....	37
2.7.1. Yaaddiddama Ijaarsaa (Constructivisim Theory).....	37
2.7.2. Yaaddiddama Iskeemaa (Schema Theory).....	38
2.7.3. Yaaddiddama Amaleessitootaa (Behaviorism Theory).....	39
2.7.4. Yaaddiddama uumamaa (Natural Theory).....	39
2.7.5. Yaaddiddama Xiinsammuu (Psychoanalytic Theory).....	39
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA.....	40
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	40
3.2. Irraawwatama Qorannichaa.....	40
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu (Sample population).....	41
3.4. Madda Ragaa Qorannichaa.....	41
3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname.....	42
3.5.1. Af-gaaffii.....	42
3.5.2. Bar-gaaffii.....	42
3.5.3. Daawwannaa Daree]].....	42
3.5.4. Sakatta'a Dokumentii.....	43
3.6. Tariiba Odeeffannoon Itti Funaaname.....	43
3.7. Mala Odeeffannoon Ittiin Qaacceffame.....	44
3.8. Naamusa Qorannichaa.[.....	44

BOQONNAAAFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAAL EEDHIYAATANII.....	46
4.1. Xiinxala Ragaalee Akkamtaa (Qulqulleeffataa).....	46
4.1.1 Xiinxala Ragaalee Akkaataa Madaalliin Itti Hojiirra Oolu Ilaallatan.....	46
4.1.2. Xiinxala Ragaalee Waliigalaa Af-Gaaffiidhaan Funaanamanii.....	50
4.1.2. Xiinxala Ragaalee Faayidaa Madaallii Walitti Fufaan Gaggeeffamuufii.....	54
4.1.3. Xiinxala Ragaalee Haala Dandeettii Barreessuufi Dubbisuutiif Funaanamanii.....	58
4.1.3.1 Xiinxala Ragaa Daawwannaa Daree Barsiisota Irraa Argame.....	61
4.1.3.2. Xiinxala Ragaa Kennaa Deeggarsa Muummee Afaanii Irraa Argame.....	63
4.1.3.3. Xiinxala Ragaa Af-Gaaffiin Supparvayzara Irra Argame.....	65
4.1.3.4Xiinxala RagaaKaroora Guyyaa,Torbeefi Kuusaa Qabxii Barattootaa Irraa Argame.....	68
4.2. Xiinxala Ragaalee Hammamtaa (Safarataa).....	70
4.2.1. Xiinxala Ragaalee Bargaaffii Barattootaa Irraa Argame.....	70
4. 2.2 Madaallii Walitti Fufaa Keessatti Ga’ee Duubdeebii (The Role of Feedback in C. A)75	
4.2.2.1. Xiinxala Ragaalee Madaallii Walitti Fufaa Haala Duubdeebiin Ittiin Kennaman.....	75
4.2.2.2 Xiinxala Ragaa Karaa Gaafannoo Banaatiin Funaaname.....	80
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YAADA FURMAATAA.....	84
5.1. Guduunfaa (Conclusion).....	84
5.2. Argannoo (Finding).....	85
5.3. Yaada Furmaataa.....	85
WABIILEE.....	87
DABALEEWWAN.....	I



## **BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

### **1.1. Seenduubee**

Qulqullinni barnootaa kamiyyuu kan galma ga'uu danda'u yoo madaallii sirriin walqabateefi tooftaa isaaf bocameen walsimatee yoo kenname qofaadha. Kana ta'uu isaa hayyuun tokko akkasitti ibsa: "... Holistic quality education cannot be discussed in isolation of holistic quality educational assessment. However, educational assessment particularly high stakes public/national examinations greatly influence what takes place in the classroom and how it happen" (Kellaghan, 2004: 61). Yaada kana irraa kan hubatamu qulqullinni barnootaafi madaalliin walitti hidhamiinsa cimaa qabaachuu isaati.

Dabalataanis, yaada armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama: "Assessment is an integral part of instruction, as it determines whether or not the goals of education are being met. Assessment affects decisions about grades, placement, advancement, instructional needs, curriculum, and, in some cases, finding" (Cooper, 1996: 47). Yaada kana irraa wanti hubatamu madaalliin galma gahiinsa barnoota biyya tokkootiif bu'uura ta'uu isaa kan agarsiisuudha.

Kanaaf, qulqullinni barnoota afaanichaa sadarkaa kan eeggateefi hammayyoomaa ta'uudhaaf, barattoota dandeettii dubbisuufi barreessuu afaanichaatin ga'umsa qaban oomishuun guddina afaanichaaf shoora olaanaa qabaata. Kun immoo mirkanaa'uu kan danda'u yoo haalli barsiisonni madaallii itti geggeessan dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa kan fooyyessuufi haala qabatama kenniinsa barnootichaa waliin walsimeedha. Gama biraatiin, madaallii walitti fufaa barattootaaf kennamu kana ilaalchisee hayyoonni akkanatti ibsu:

Continuous assessment can be regarded as a method of ascertaining what a student gains from schooling in terms of knowledge, industry and character development, taking into account all his/her performances in tests, assignments projects and other educational activities during a given period of term, year, or during the entire period of an educational level, Ojerinde and Falayajo ((1984, p.75)

Kanarraa kan hubatamu madaalliin barsiisuuf kennamu tooftaa yeroo dheeraa keessatti ga'uumsa barattoonni barnoota isaanii keessatti agarsiisan gara qabxiitti jijjiiruun galmeessuu akka ta'eedha. Kunis, barattootni yeroo kenname keessatti haala sochii hojii gama battalleen, abbaltiiwwaniifi hojii waraqaatiin ittiin xumuran kan ilaallatu ta'uudha

Haaluma kanaan, madaallii walitti fufaan dandeettii afaanii cimsuu keessatti gahee olaanaa yoo qabaatu; barattoota qofaaf osoo hin taane, dandeettii gahumsa ogummaa barsiisotaa fooyyessuufis baay'ee murteessaadha. Yaadni hayyootaa kunis kan kana dhugoomsuudha: “Continuous assessment enhances language skills; the concept of Continuous Assessment (CA) is beneficial not only to students' performance but affords a rich potential for teachers because it is challenging, and increases professional satisfaction” Ezewu & Okoye (1981: 81.)

Akkasumas, dandeettiin barreessuu adeemsa yaaduu yoo ta'u; yeroodhaa gara yerootti kan hojii guddaa nama gaafatuudha. Kanas, Tegbar qorannoo isaa keessatti akkasitti ibsa: “Writing skill is an activity which should be done with great care and should be thought to communicate with a reader effectively. These imply that writing is a difficult skill which needs to be thoroughly practiced. The ability to write well is not a naturally acquired skill” (Tegbar, Kibret Muluneh, 2018: 79). Kun kan calaqqisiisu dandeettiin barreessuu gocha xiyyeeffannoo barbaaduu fi shaakala keessa kan argamu malee uumamaan kan kennamu akka hin taane kan nutti agarsiisuudha.

Gama maalummaa dandeettii dubbisuu ilaalchisee hayyuun Williams (1984) waan jedhu qaba. Kunis: Dubbisuun wanta barreeffame yookiin maxxanfame tokkorraa ergaa yookiin hiika argachuudha. Akka hayyuun kun ibsutti dubbisuun dandeettii yaada fudhachuu yoo ta'u, hirmaannaa sammuu cimaa kan barbaadudha. Adeemsa gocha ijaan raawwatu fi ilaaluudhaan ergaa gara sammuu dabarsuuti. Dubbisuun wanta barreeffame tokko ijaan ilaalu qofa osoo hin taane dandeettii wanta barreeffame tokko irraa hiika yookiin hubannoo argachuu akka ta'e hayyoonni garaa garaa ni ibsu. Itti dabalees, hayyuun tokko dubbisuu yoo ibsu “dubbisuun adeemsa wanta barreeffame ittiin ilaalaniifi qayyabataniiti,” jedha. Kunis

The main purpose for reading is to comprehend the ideas in the materials. Without comprehension, reading would be empty and meaningless. In our practicum, we have all witnessed cases where students are capable of reading the words, but face much difficulty in expressing their comprehension of the main ideas. (Williams, 1984, p.92)

Yaada armaan oliirraa kan hubatamu dubbisuun meeshaa barruu dhiyaate tokkorraa hubannoo argachuuti. Hubannoo malee dubbisuun hiika dhabeessaa ta'uu isaati jechuudha. Haaluma kanaan, qorataan haala madaallii walitti fufaa barattootaaf kennamuu irratti xiinxala gochuufi dandeettii

dubbisuufi barreessuu barattootaatiif xiyyeeffannoon kennamuu fi dhiisuu isaa qorachuuf yaada ka'umsaa kaa'eera.

## **1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Ka'umsa qorannoo kanaa kan ta'e, inni guddaafi ijoon akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni mana barnootaa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti kutaa 9ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisan itti gaggeessan baruufi dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaaf xiyyeeffannoon kennamuufi dhiisuu isaanii adda baasuun xiinxaluudha. Kana malees, Sababni mana barsumsichaa irratti xiyyeeffatameefis, qoratichi waggoota jahaaf mana barumsichaatti barsiisaa kan ture waan ta'eef, muuxannoo mana barumsichaatti qabu irraa kan ka'e mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuuf fedhii horachuu isaati. Kanaaf, akkaataa barsiisonni madaallii kana itti gaggeessaniifi gosoota madaallii isaan dhimma itti bahan baruuf qorannoon kan barbaachise ta'uu isaati. Akkasumas, dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaaf xiyyeeffannoon kennamuufi kennamuu dhabuu maal akka fakkaatu beekuufi kallattii kaa'uun gaarii ta'a.

Haaluma kanaan, gaaffileen bu'uura qorannichaa kanneen armaan gadii kana ta'u:

1. Akkaataan (adeemsi) madaallii walitti fufaa barsiisonni M/B Cooraa Baggee Sad.2<sup>ffaa</sup> barnoota A/O kutaa 9ffaa barsiisan dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa madaaluuf itti gaggeessan maal fakkaata?
2. Madaallii walitti fufaa keessatti haalli dandeettiin dubbisuufi barreessuu barattootaa itti madaalamu maal fakkaata?
3. Madaallii walitti fufaan daree keessatti faayidaa maal maaliif gaggeeffama?
4. Barsiisonni M/B Cooraa Baggee Sad.2<sup>ffaa</sup> tti barnoota A/O barsiisan, dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota isaanii madaaluun duub-deebii barattoota isaaniiif kennuu?

## **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa barsiisonni mana barumsa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti kutaa 9ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisan, akkaataa madaallii walitti fufaa itti



gaggeessan keessatti dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota isaanii madaaluuf maal akka fayyadaman adda baasuun xiinxaluudha.

### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Qorannoo kana kaayyoon isaa guddaan akkaataa madaallii walitti fufaa keessatti dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa madaaluuf barsiisonni itti gargaaraman adda baasuu ta'us, kaayyolee murtaa'oo hedduuf kan adeemsifameedha. Kaayyoowwan kunis akka armaan gadii kanaan qindaa'anii taa'aniiru.

1. Akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni mana barumsa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa madaaluuf itti fayyadaman adda baasuun adeemsa isaa xiinxaluu.
2. Madaallii walitti fufaa barsiisonni gaggeessan keessatti haalli dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa maal akka fakkaatu xiinxaluu.
3. Madaallii walitti fufaan daree keessatti faayidaa maal maaliif akka geggeeffamu adda baasuu.
4. Barsiisonni M/B Cooraa Baggee Sad.2<sup>ffaa</sup>tti barnoota A/O barsiisan, dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa madaaluun, duubdeebii barattootaaf kennuufi kennuu dhabuu sakatta' uudha.

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa:**

Barbaachisummaan qorannoo kanaa kallattiidhaan dhimmamtoota barnootaa hundaaf yoo ta'u, keessumaa: barattootaaf bu'aa olaanaa qaba. Kunis gama dandeettii barreessuufi dubbisuutiin fooyya'iinsa kan agarsiisan yoo ta'e beekumsi keessoo isaanii ijaaramaa kan deemu ta'a. Akkasumas, barsiisotaaf baay'ee faayidaa qaba. Barsiisonni haala madaallii walitti fufaan itt kennamu irraa ogummaa ofii ittiin fooyyeffachuu danda'u. Itti dabalees, bulchiinsi mana barumsichaa madaalliin yoo sirnaan gaggeeffame barattoota gahumsa qaban oomishuu keessatti fayyadamaa ta'a. Ammas, qorannoon kun namoota qorannoo kana fakkaatu hojjachuu barbaadaniif akka ka'umsaatti fayyaduu danad'a.

### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoo geggeeffamu tokko keessatti daangaa bakka itti raawwatuufi qabiyyee irratti raawwatu murteessuun baay'ee barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qorannoon kun kan geggeeffame Godina Jimmaa Aanaa Cooraa Botoritti, mana barnootaa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti yemmuu ta'u; barsiisonni kutaa 9<sup>ffaa</sup> barnoota Afaan Oromoo barsiisan akkaataa madaallii walitti fufaa itti gaggeessan keessatti dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota madaaluuf xiyyeeffannoo haaala itti fayyadama isaanii ilaalu. Akkasumas, gosoota madaallii isaan itti dhimma bahan xiinxaluufi barattoota kutaa 9<sup>ffaa</sup> baratan irratti kan daanga'edha. Daangaan qorannoo kanaa haala kanaan daanga'uu kan danda'eef qoratichi aanichatti hojjataa yeroo turetti, rakkoon kun jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaa qorachuu waan barbaadeefiidha.

### **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoo kana gaggeessuu keessattii gufuun akka rakkootti qoraticha mudataa ture, mata dureen qorannoo kanaan walfakkaatu kallattiin kanaan dura Afaan Oromootiin dalagaman dhiyeenyaan qoratichaaf argamuu dhabuun, akka mata duree haaraatti bu'aa ba'ii guddaan madda odeeffannoo argachuun dirqama ta'eera. Akkasumas, iddoon hojiifi qorannoon kun ittii gaggeeffamaa tures fageenya walirraa qabaachuun adeemsa qorannoo kanaaf gufuu guddaa ture. Kana malees, rakkoo baajataafi haalli yeroo dhukkuba koroonaan walirra waan bu'uun rakkoo cimaa ture. Ta'us, qorannichi akka guutuu Oromiyaatti osoo gaggeeffamee bu'aa kanaa olii qaba ture. Karaa biraatiin, qorannoon kun osoo barsiisota aanaa kanaa hunda irratti dalagamee bu'aa guddaa karaa qulqullina barnoota afaaniin fiduu danda'a. Garuu, sababa haala hojii qoratichaatiin kan walqabate akka barbaadametti qoratichi yeroo ofii guutummaan guututti hojii kanaaf oolchuun rakkisaa ture. Haa ta'u malee, tattaaffii dhuunfaan qoratichi rakkoo odeeffannoo funaanuufi qindeessuu keessatti isa mudatan waliin qabsoo taasiseen hojiin qorannoo kanaa milkaa'inaan raawwatamee jira. kunis, qoratichi qorannoolee afaan biroon dalagamaniifi qorannichaan walfakkaatan akka wabiitti itti gargaaramuufi adeemsa isaanii ilaaluun adeemsa qorannoo kanaaf haala mijeessuun danda'ameera. Kana malees, rakkoo karaa baajataa haala adeemsa baasii bifa danda'amaa ta'e fayyadamuun raga funaannachuufi karaa 'email' gorsaan walqunnaamuun rakkoon kun kan furame ta'uu isaati.

## 1.7. Qindoomina qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni mana barumsa Cooraa Baggee sad.2ffaa daree barnootaa keessatti itti fayyadaman dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaa irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffameedha Haaluma kanaan,boqonnaa boqonnaadhaan adda bahee qindaa'ee jira.Boqonnaan tokko seenduubee, ka'umsa, gaaffilee qorannichaa,kaayyoo,barbaachisummaa,daangaa,hanqinaafi qindoomina qorannichaa kan of keessatti hammateedha.Akkasumas,boqonnaa lammaffaan: sakatta'a barruuleefi yaadxinoota hammata. Boqonnaa sadaffaan: mala qorannoo, saxaxa, irraawwatama ,iddattoo,meeshaalee funaansa raga,madda raga,adeemsaa fi xiinxala raga kan walitti qindeesseedha.Boqonnaa araffaa jalatti odeeffannooleen karaa meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanii qaacceffaman hammatamaniiru.Dhumarratti, boqonnaa shanaffaan ragaalee boqonnaa afur jalatti qaacceffaman irratti hundaa'uun argannoo, ibsaafi yaada furmaataa walduraa duubaan dhiyeessee jira

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE WALFAKKAATANII**

### **2.1. Maalummaa Madaallii**

Madaalliin akka barruun ministeera barnoota Itiyoophiyaa ibsutti adeemsa kaayyoo murtaa’aa tokkoof odeeffannoo funaanuu jechuudha (MOE, 2011). Nuti barataa keenya dhuma barnootaa yookin dhuma boqonnaa irratti madaalla, akkasumas xumura sagantaa mana barnootaas ni madaalla, sagantaan isaa gabaabbatus, dheeratus, madaalliin gaggeeffamu tokko kaayyoo qophaa’ee kennamuuf san galmaan ga’uuf madaalliin kamuu dandeettii yookin ogummaa barumsaan gonfatamu tokko jiraachuufi dhabamuu isaa kan qoruudha. Kana malees, hubannoo sadarkaa murtaa’aa tokko irratti kan adda baasuu yoo ta’uu, garuu akka dandeettiifi ogummaa karaa salphaan madaaluun dhibuu danda’a. Madaalliin akkaatuma kaayyoofi sadarkaa isaatti garaagarummaa qabaata. Madaalliin sadarkaa biyyoolessaa, sadarkaa naannootti, sadarkaa mana barumsaattiifi sadarkaa dareetti geggeeffamuu danda’a (MoE, 1996).

Labsiin Ministeera Barnootaa Itiyoophiyaa MoE (2010) akka ibsutti madaalliin walitti fufaan qulqullina barnootaa fiduufis ta’ee, adeemsa baruufi barsiisuu fooyyessuu keessatti ga’ee guddaa qaba. Barsiisaan iddoo rakkoon jiru adda baasuun barattootaaf akka gargaarsa barbaachisaa godhu gargaara. Barnoonni sadarkaa kamittuu madaallii walitti fufaan akka kennamu murtaa’aa ta’ee, madaalliin kun fooyya’iinsa sirna barnootaafis gumaacha guddaa kan godhu ta’uunis ibsame. Kana malees, hayyoonni “madaalliin kun kuufamaadha” jedhu; barsiisaan adeemsa baruufi barsiisuu yeroo dheeraa keessattii tooftaafi dandeettii ofii kan ittiin fooyyeffatuu danda’u gosa madaallii kana akka ta’e ibsu jechuudha. Kanuma ilaalchisuun hayyuun yaaxxina ijaarsaa deeggaru haala armaan gadiitiin ibsa:

The assessment should provide constructive information for both the teacher and the students. Assessments should not be used to threaten students with grades. And assessments should not be used to threaten teachers with scores. On the contrary, assessments should be used to inspire students to perform better. Assessments should be used to identify learning difficulties so that these difficulties can be addressed and overcome. And assessments should be used to help the teacher in improving his/her teaching techniques. Therefore, Continuous assessment is cumulative since any decision to be made at any point in time on the pupil takes into account of all previous decisions about him. This requires the keeping of up-to-date or cumulative records of each pupil. (Ward, 1980, p.251).

Akka yaada kanaatti madaalliin barsiisaafi barattootaafis odeeffannoo ijaarsaa kan gumaachuudha. Madaalliin kan barataa sadarkaan sodaachisuufi kan barsiisaa bu'aa galmaa'een sodaachisu ta'uu hin qabu. Kanaaf, qorannoon kunis yaaxxina ijaarsaatiin kan deeggarameedha

Akka Kapambwe,(2006) jedhutti,madaalliin odeeffannoo waa'ee barattootaa funaanus ta'ee, kan cimsu, beekumsa barattootaa fooyyessuufi barattoonni kaayyoo barnootichaa galmaan ga'uufi dhiisuu isaanii addaan baafachuuf kan gargaaruudha. Madaalliin akkuma sadarka adda addaatti kennamuuf barbaachisu;akaakuu garagaraas qaba. Akaakuun madaallii kunis, gaaffilee garagaraa deebisuuf kan oolan ta'u: Maaliif madaallaa? maal madaalla? yoom madaalla? akkamitti madaalla? eenyuun madaalla? sadarkaa kamiif, madaalliin kun barbaachisa? maaltu barbaachisa? Qulqullinni madaallii kanaa kaayyoo barbaadameef, galma barbaadameen walsimataa? Gaaffilee kanneen deebisuuf haala ga'uumsa qabuun kan qophaa'uudha. Kaayyoon madaallii inni bu'uuraa duubdeebii hiika qabeessaafi qabatama ta'e gumaachuun haala barattootaas ta'ee, akkaataa kenniinsa barnootaa fooyyessuuf carraa laata. Kana jechuun madaalliin xumura barnootaa kan ibsu osoo hin ta'in, xumura barnootaa kan mirkaneessuudha (Njabili et al., 2005). Akkasumas, madaalliin dhimma baruufi barsiisuu keessatti tooftaa barnootaas ta'ee ga'uumsa barattootaa irrattii murtii mataa ofii dabarsuuf, odeeffannoo funaanuu ilaallata. Qorannoon kunis, dhimma kana irratti waan xiyyeeffatuuf jechoota hayyoonni tokko tokko yaada kana deeggaruun kaa'an yoo ilaalle: Madaalliin dhimmoota barattootaa sirna barnootaa,sagantaafi imaammata barnootaa irratti murtee kennuuf odeeffannoo funaanamuudha.Madaalliin sakatta'a ga'uumsaafi sadarkaa daree keessatti adeemsa baruufi barsiisuun irra jiruuti (Coopper,1996).

Madaalliin adeemsa odeeffannoo funaanuu, xiinxaluufi ibsuu kan murtii kennuuf nama gargaaruudha. Airasian (1997)Akka jedhutti barattoota dhugaan barataniifi hinbarannee addaan baasuuf yeroo walitti fufaaf madaalamuu qabu.Kana yoo jennu yeroo hedduuf qoruu miti jedha. Akka namni kun lafa kaa'etti qoruufi madaaluun yaada tokko haaqabatan malee, madaaluun karaa hedduun qoruu irraa adda ta'a.Qoruun gaaffii waraqaa irraa hangam akka argatan galmeessuun kaa'uu qofa kan ilaallatu yoo ta'u, madaaluun garuu adeemsa odeeffannoo amala barattootaa, ilaalcha, tooftaafi ga'uumsa barumsa irratti qaban, akkasumas haala qabatama dareen barnootaa keessa jiru hunda ilaaluuf adeemsa odeeffannoo funaanuuti.

## 2.2. Kaayyoo Madaallii (Purpose of Assessment)

Madaalliin daree barattoonni barnoota isaanii haala qulqullina qabuun akka barataniif, humna guddaa kan qabuudha. Kanaaf, madaalliin akkaataa kaayyoo isaatiin yoo qindaa'ee qophaa'e haalli baruufi barsiisuu daree keessatti argamuu hundi, ni fooyya'a. "Classroom-based assessment has tremendous potential to enhance student learning. When assessment is designed with purpose, learning for all students can improve" (Kellaghan, 2001:47). Kaayyoon madaallii walitti fufaa itti fayyadama isaa keessatti baay'ee murtaa'aadha.

Akka qorannoo kanaatti kaayyoon madaallii daree sadi, isanis: madaalliin barachuuf (assessment for learning), madaallii akka of-dandeessisuutti ittiin barsiisuu (assessment as learning) fi madaalliin barachuu hubachuu (assessment of learning) ta'u. Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatee qophaa'ees akkuma waliigalaatti yaaxxinna ijaarsaa (constructivist learning theory) bu'uura godhachuun kan kaayyoo madaallii daree xiinxaluudha. Haata'u malee akka hayyooni jedhanitti madaalliin daree " Rethinking classroom assessment with purpose in mind : assessment for learning, assessment as learning, assessment of learning." Earl & Katz, (2006:98).

Hayyoonni hedduun akaakuu madaallii gosa lamatti qooduun ilaalu. Akka ilaalcha hayyoota kanaatti madaalliin, madaallii barnoota irraafi madaallii barnoota booda adeemsifamu (formative and summative) jechuun kaa'u. Kana jechuun madaallii barnoota irraa madaallii barnootaan boodaa (assessment for learning and assessment of learning) jechuun ibsu. Itti dabalun, madaallii walitti fufaa akkasitti ibsu: "Continuous assessment can be used in two ways; summative assessment on activities/ products contributing to the final grade or formative assessment on activities/products not contributing to the final grade. In both cases, feedback to lecturer or students is part of the process" (Airasian, 1991: 76).

Kana jechuun madaalliin walitti fufaan daree keessatti haala lamaan kan geggeeffamu ta'uu isaati nu hubaachisa jechuudha. Gama biraatiin, madaalliin akka barnootaatti kennamu (assessment as learning) akka qaama madaalliitti xiyyeeffannoo keessa galuun madaallii jiran keessaa isa barataas ta'ee, barsiisaa fooyyessuu keessatti gahee olaanaa qabuudha. Inni kun barattoota ofdandeessisuuf jecha kan qophaa'uudha. Akka yaada kanaatti kaayyoon madaallii

walitti fufaa daree keessaa gurguddoon isaan sadiin eeraman kana waan ta'eef sadiin isaaniituu irraanfatumuu hinqabanidha.

Kana malees, akka biyya keenyaattis, barreeffamni waa'ee kaayyoo madaallii irratti barreeffaman barsiisaan kaayyoo hedduuf daree keessatti madaallii adeemsisuu ni danda'a Isaan keessaas, muraasni akka MoE, (1996) kaa'etti: Tooftaa barsiisuufi meeshaa barnootaa fooyyessuu haala barataan itti baratu fooyyessuuf, qabiyyee barnootaa too'achuuf, gosa barnoota barsiisaniitiin maal hojjachuun akka irra jiru addaan baafachuuf, adeemsi baruufi barsiisuu sirrii ta'uufi dhiisuu imaammata barnootaa waliin walbira qabuun sakatta'uuf, barattoota kutaa gara kutaatti dabarsuuf, barattoota sadarkaan kaa'uuf, tooftaafi ogummaa ofii fooyyeffachuufi sagantaa mana barnootaa irrattii murtee kennuuf kan adeemsifamuudha .

Walumaagalatti, qorannoo kana xiyyeeffannoon isaa guddaan akkaataa madaallii walitti fufaa irratti waan ta'eef, yaada barsiisonni kaayyoo madaallii ilaalchisee qabaniifi madda rakkoo madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaaf itti fayyadamanii xiinxaluun, kaayyoon madaalliifi haalli raawwii isaanii qoqqoodamee akka armaan gadii kanatti dhiyaateera.

### **2.2.1. Madaallii Walitti Fufaan Barsiisuu (C.A for Learning)**

Akkaa beekaan tokko jedhutti madaallii walitti fufaan ciminaafi hanqina gama barsiisaafi barattootaatiin jiru adda baasuuf kan gargaaruudha. Kunis:

They all agree that Continuous Assessment identifies difficulties and gives a feedback to both the teacher and learners. It provides a sound basis for appropriate re-mediation through corrective prescriptions which are given to the weaklearners during their extra time. The researchers are of the need for its use in schools because of learner's involvement throughout the course of study, which invariably increases reliability and validity of assessment and reduces strains & stresses, cheating in the examination is there by minimized. Falayalo, (1986:97)

Kun madaalliin walitti fufaan tooftaa barattooni yeroo turtii mana barnootaa keessatti sadarkaa hubannoo isaanii, dandeettii waa yaadachuufi xiinxaluu jalqabaa hanga dhumaa jijjiirama jiru addaan baasuuf ittiin hordoffiin godhamuufi barsiisonni ogummaa ofii ittiin fooyyeffataniidha. Madaalliin barsiisuuf karaa biroon qindaa'ina odeeffannoo barattoota irraa funaanamuufi mala barsiisaan daree keessatti barsiisuuf itti gargaaramuuf odeeffannoo barattoota xiinxaluu, ibsuufi

hiikuun tooftaa barsiisuu isaaf hubannoo argatetti fayyadamuun of fooyyessuufi barattoota ofii hubachuun karoorra ofiis akkaataa qabiyyeen dandeettii barattootaatiin itti walsimuun qopheessuufi daree barnootas seeraan hoogganuun barsiisuu,akkasumas daree keessatti aadaa baruufi barsiisuu gaarii ta'e hundeessuun ogummaa ofii barsiisaan ittiin dagaagsuudha (Airasian,1991).

Haaluma kanaan, hayyuun Onuka,(2007) jedhamu immoo akkasitti ibsa, "Continuous assessment techniques have been impression that all the matter in the school is to obtain a certificate at the end of a course." Akkaa yaada kanaatti tooftaan madaallii barnootaaf sochii mana barnootaa keessatti taasifamu kam irrattiyyuu dhiibbaa fiduun bu'aa dhumarratti argamu murteessa jechuun ibsa. Akkasumas, hayyuun biroo waa'ee madaallii walitti fufaa akkana jechuun kaa'e:

Continuous assessment seeks to verify learners' performance and uses feedback, identify inadequacies in the measuring instrument, student attitudes including lecture attendance and other similar factors ,such findings then used to improve the situation and enhance better learning outcomes and serves the purpose of education better than assessment of learning. Essien,(2010: 140 )

Akka yaada kanaatti madaalliin barnootaaf kennamu sochiin barattoonni barnootaaf taasisaniifi duubdeebiin barattootaaf kennamu fooyyee agarsiisuufi bu'a qabeessa ta'uu ilaalcha barataa haala hordoffii dareefi wantoota baruufi barsiisuu fooyyessan hunda taasisuun haala barnootaa fooyyessuu keessatti madaallii dhuma barnootaa caalaa bu'a qabeessaa ta'a. Kanaaf, madaalliin barsiisuun madaallii barachuu hubachuu caalaa bu'a qabeessaafi barbaachisaadha.Kunis damee dandeettii adda addaa madaaluuf gargaara: dandeettii xiinxaluu (cognitive skill), amalaafi sansaka fooyyessuu (Affective characteristics)fi abshaalummaafi saffisa hojii qaamaafi sammuu walqabatan irratti qaban(psychomotor domain)ta'a(Richards and Rogers,1999). Akka yaada kanaatti, madaalliin barnootaaf kennamu madaallii mana barnootaa irratti hundaa'u ta'ee, damee dandeettii armaan olitti eeramee kana hammatee madaallii gosa garagaraa fayyadamuun hubannoo barattoonni qaban kan gabbisuudha.

Madaalliin barnootaaf kennamu tooftaa hubannoo, dandeettii waan baratan yaadachuufi ogummaa isaan turtii mana barumsaa keessatti taasisan irraa argatan gara qabatamaatti fiduudha (Falayalo,1986).Madaalliin barnootaaf kennamu gosa madaallii kan yeroo dheeraabarbaaduudha. Sababni isaas madaalliin kun gosa madaallii walitti fufaa waan ta'eef jalqaba barnootaa irraa



hanga xumura barnootaatti kan dheeratuudha. Kun immoo haala barataa guutuu isaa kallattii hundaan madaaluun barataa ga'uumsa qabu adeemsa uumuuti. Inniis, barsiisaan guyyaa barsiisuuf daree seene irraa eegalee hanga guyyaa xumura sagantaa barnootichaatti yookaan sagantaa mana barumsichaatti barattoota daree gara daree yookaan sadarkaan kaa'uun kan osoo addaan hincitin adeemsifamuudha. Qorannoon kun xiyyeeffannoon isaa madaalliin walitti fufaan haala kanaan osoo addaan hin citin barattoonni barnoota isaanii akka barataniif, kennamu haala kamiin akka adeemsifamu xiinxaluu irrattiidha.

### **2.2.2. Madaallii Walitti Fufaan Barattoota Of-Dandeessisuu (C. A. as learning)**

Inni lammataa madaallii barattoonni akka hubannoo mataa ofii (Metacognition) qabaatan gabbisuuf yookiin uumuuf qophaa'uudha. Xiyyeeffannoon isaa guddaan barattoonni walitti dhufeenya madaalliifi barnootaa hubachuun barnoota isaanii keessatti akka qaamaa-qalbiin lixanii hojjataniif haala barnootaan walqabsiisuun kan dhiyaatuudha. Madaalliin kun hojiirra ooluun kan hubatamu yoo barattoonni adeemsa barachuu ofuma isaaniitiif too'achuun waan haaraa itti madaquufi ofitti madaqsuun qarqaarsa tokko malee barachuu danda'an yookiin duubdeebii ofumaa ofii kennaa ofqindeessaa deemuun yoo jijjiirama hubannoo ofii irratti arguu danda'aniidha (Earl,2003).Kunis argamuu kan danda'u yoo barsiisan akkaataa fedhii barattootaafi dandeettii jaraa waliin of qindeessuun barattoota isaa gara dalagaatti seensisuu danda'e qofaadha. Maaliif yoo jenne qarqaarsi barsiisaan akka barattoonni barumsa isaaniitiin walitti madaqaniif godhu barbaachisaa waan ta'eef.

Akkasumas,barattoonni hubannoo mataa ofii (metacognition) akka gabbifatan taasisa. Madaalliin kun yaanni isaa kan dhufe barachuu jechuun adeemsa beekumsa nama beekaa ta'e irraa gara kan hin beeknetti darbu osoo hin taane, barachuun adeemsa si'aayaa sammuu namaa waan haarawa barachuuf yaada haaraa ittin keessummeessuudha kan jedhudha. Akkaataa kanaan, akka (Afflerbach, 2002) ibsutti, barataan hubachuun kan irra jiraatu madaalliifi barnoota jidduu walitti dhufeenyi cimaan kan jiraatu ta'uu beekuun si'aayinaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hirmaachuun ofii isaaniitiif ofdanda'anii odeeffannoo haaraa hubachuufi beekumsa duraan qabaniin wal madaalchisuu danda'uutu irraa eeggama.Dandeettiin waan tokko ofii isaaniitiin barbaadani bira ga'uun barachuufi hubachuu,akkasumas ofitti madaqsuufi itti madaquuf too'achuun jijjiirama yaadqalbi isaanii irratti dhufuun ofitti amanamtummaa horachuutu irraa

eeggama. Kanaaf, madaalliin kun gosuma madaallii walitti fufaa ta'ee kan barattoota ofdandeessisuu irratti xiyyeeffatuun hojjatuudha.

Madaalliin ofdandeessisuuf barsiisuu barataan turtii mana barnootaa keessatti taasise irraa waan barate haala qulqulliina qabuun hubatu qofa osoo hintaane ofitti amanamummaa horachuun,ogummaafi ga'umsa irraa eeggamu tattaaffii mataa isaatiin akka gonfatee karaa kaayyoo dhuunfaas ta'e, mootummaan qopheeffatee galmaan ga'uu keessatti dammaqinaan hirmaatee,beekumsa ofii isaa akka fooyyeffatuuf madaallii qophaa'udha. Haalli saxaxa madaallii kanaas karoora madaalawaafi ga'uumsa qabuun barataan ofii isaatii karoorfachuun hojjitti kan hiiku ta'uu qaba.

Madaalliin kun barbaachisummaan isaa kan madaalliin barsiisuu irraa kan adda isa taasisu kaayyoon isaa guddaan barataan akka ofbaruufi hojii akka baruuf kan qophaa'uudha. Madaallii kana keessatti barataan ofuma isaatii maal akka madaalamu? yoom akka madaalamu? akkamitti akka madaalamu? dursee beekuun kan irratti hojjatu ta'a. Madaalliin kun gosa madaallii walitti fufaa keessatti kan hammatamu waan ta'eef xiyyeeffannoon isaa barataa of-dandeessisuuf kan raawwatamu ta'a. Walumaagalatti, barbaachisummaan madaallii akka barnootaatti kennamu barataan waan barsiisaan barsiise irratti akka hirkattummaan hinhafneef jecha akka barataan ofii isaas daree barnootaa keessatti itti gaafatamummaan socho'uuf madaallii qophaa'uudha (Earl & Katz 2006: f.67)

Madaalliin kun amala madaalliin of dandeessisuun barsiisuu keessaa isaan muraasa kan hammatuudha.Akka hayyoonnii Earl&Katz (200,f.68) kaa'anitti amala madaallii kanaa keessaa inni tokoo hunda hammattummaadha. Sababni isaas madaallii walitti fufaa waan ta'uu qabuuf haalli itti kennamu madaallii hubannoo gabbisan (metacognitive) irratti hundaa'uun kan kennamuudha.Innis barattootaa ofbarsiisuufi ga'ee barattoonni daree keessatti qaban kan hubachiisu. Akkasumas, haala barattoonni dagaagina beekumsa itti argatan gumaachuufi uumuu kan dandeessisuudha.Amalli madaallii kanaa inni biroo amala madaalliin barsiisuu kan walfakkaatu waan ta'eef, kan madaallii barnootaaf kennamuu ilaaluun ni danda'ama

Kanaaf, madaallin kun madaallii kanneen biroo caalaa yeroo ammaa kana kan hojiirra oolaa jiru waan ta'eef akka qorannoo kanaatti hojiirra oolmaan madaallii kanaa jiraachuufi dhiisuun kan addaan baafameefi bira gahameedha.

Akka Gronlund,(1998:f.98) kaa'utti,tarsiimoo madaallii kanaa keessatti barsiisonni ga'een isaanii guddaan barattootaaf fakkeenya ta'uudha. Barattoonni gareen walmadaaluuf,dhuunfan ofmadaaluufi abbaltii kenname ofii isanii walii sirreesuu, pirojeektii kennamu dhamaatii mataa ofiitiin dalaguun aadaa hojii akka gabbifatan taasisa. Abbaltiin yoo kenname barattoonni gareen yookaan dhuunfaan dalaganii waliif gabaasuufidalagaalee mara keessattuu si'aayinaan hirmaachuufi daangaa barnoota isaanii keessaa jiru eeggattummaa tokko malee dalaguutu irraa eeggama.Tarsiimoon/toofataan madaallii kana tooftaa madaallii barnootaan haa walfakkaatu malee madaallii kana keessatti dhamaatiin guddaan kan barataa ta'a. Hojiin barsiisotaa akka barattoonni ofdanda'anii baratan qofa haala mijeessuu dha.

### **2.2.3. Madaallii Walitti Fufaan Barachuu Hubachuu**

Gosti madaallii kanaa barattoonni waan baratan hangam akka yaadatan yookiin dandeettii isaaniitiin sadarkeessuufi dareedhaa dareetti dabarsuuf jecha madaaluuf kan qophaa'uudha.Kana jechuun yeroo kenname keessatti barattoonni waan irraa eeggamu argachuufi argachuu dhabuu isaanii qoruuf dhuma boqonnaa yookaan dhuma simisteeraa fi waggaa irratti barattoota akkaataa beekkumsa isaaniitiin sadarkeessuuf yookin daree tokko irraa gara sadarkaa itti aanuutti dabarsuuf haala qormaataatiin gosa madaallii dhiyaatuudha.

Madaalliin kun barattoota sadarkeesuuf yookiin daree irraa gara dareetti ceesisuuf malee jijjiirama hubannoo barattoota irrattii bu'aa buusuun adeemsa barnootaa kan fooyyessuu miti. Kaayyoon isaa inni guddaan galma ga'iinsa karoora barnoota gabaasuufi ragaa qaamota barbaachisuuf dhiyeessuudha.Yaada kana irratti hayyoonni yoo kaa'an akkana jedhu: "Xumura sagantaa barnootaa irratti kaayyoon karoorfatame akka galma ga'u dalaguufi dhuma irrattii kaayyoon galma ga'uufi dhiisuu addaan baafachuutu irra eeggama"(Earl& Katz,2006). Haala isaafi adeemsa kaayyoo kaayyeffateef qulqullina qabuufi iftoomina qabuun barsiisuufi madaalutu irra jiraata.Miira waldorgommii jidduu barattootaatti uumuun irraa eeggama.Tooftaa haqa qabeessaafi filannoo qabutti fayyadamuu, sababa ga'aafi fudhatama qabuuf madaallii

gaggeessuu qaba. Haala loogii hinqabneefi ifa ta'een barnoota waaltawaafi saayinsaawaa ta'e barattootaaf kennuu qaba. Adeemsa madaallii barattoota maraaf ifa ta'e uumuun dursee barattoota beeksisuun irraa eeggama.

Madaalliin booda murtee haqa qabeessaafi dhaabbataa ta'e murteessuu danda'uutu irraa eeggama. Kana godhuuf dursee barsiisaan, madaalliin daree adeemsa too'annaa dareefi qabxii barattootaa qabuufi gabaasuuf jedhee amanutu irraa eeggama. Akkasumas, madaallii daree battallee barsiisaan dhuma barnootaa irratti kennuu mara dabalatu ta'uu isaa beekee waan madaale mara gara qabxii barattootaatti dabaluu. Akkasumas, madaalliin walitti fufaan battallee yeroo barsiisaan daree keessatti kennu hundaa gabaasuun barattoota ittiin galma yaadameen ni ga'aan jedhee amanuun dalagamuudha.

Madaalliin kun sagantaa sirna barnoota biyya tokkoo keessatti lammii ga'uumsa qabuomishuuf kan qophaa'uudha. Kaayyoon barbaadame galma ga'uufi dhiisuu isaa addaan baafachuuf yookiin kaayyoo dhaabbilee birootiif barattoota dorgomsiisuuf yookiin sadarkeessuuf akkasumas, dareedhaa gara dareetti dabarsuuf kan barbaachisuudha. Akkasumas, sirrummaa, iftoominaa, qulqullinaafi sadarkaa barattootaatiin kan daanga'uudha. Xumura marsaa barnootaa irratti qormaata qulqullina qabu haala iftoomina qabuun qopheessuun kan dhiyaatu yoo ta'u; akka biyyaatti yookiin akka bulchiinsa naannoofi godinoonni akkasumas waajjira barnoota aanaa irraa kaayyoo madduu danda'uun kan xumura barnootaa irratti kennamu ykn yeroo dhimma addaatiif barbaachisu kan kennamuufi mana barumsaa keessatti immoo barattoota dareedha gara daree dabarsuuf xumura semisteeraatti yookiin xumura waggaatti haala qormaataafi battalleetiin kan kennamuufi harcaatii barattootaa too'achuuf, dhuma sagantaa barnootaa irratti kennamuu danda'a.

Kaayyoo murtaa'aa galmaan ga'uuf jecha yeroo murtaa'aa qofa keessatti kan kennamuudha. Gosa battallee hunda kan ilaallatuufi xiyyeeffannoo kaayyoo sirna barnootaa guutuuf kan qophaa'udha. Kana malees, amalli madaallii kanaa: beekumsa, dandeettifi ilaalcha barattootaa kan qoruudha. Yaada kana ilaalchisee (Gonzales & Aliponga, 2012). akka armaan gadiitti ibsa. Madaalliin barachuu hubachuuf kennamuu of eeggannoon qindaa'uu barbaada. Sababni isaas odeeffannoo madaallii kana irraa argamuun murteen kennamuuf deema waan ta'eef. Kanaaf,

madaalliin barachuu akka gabaafamuuf mijatutti bocamuufi dandeettii barattootaa kallattii sirrii ta'een kan ibsuufi qabxii barattoota birootiin walmadaalchisuu danda'uu qaba

Kanaaf, ragaan barattootaa kennamus dhuga qabeessaafi haqa-qabeessa haala ta'een kan dhiyaatuudha. Akka madaalliin barachuuf kennamu of eeggannoo guddaan kan qophaa'e yoo ta'e, odeeffannoo bu'aa isaa irraa argame irratti hundaa'uun kennamu qulqullina olaanaa qabaata. Madaalliin kun ga'uumsa barataa sirritti kan ibsuufi kaayyoofi bu'aa madaallii biroo waliin kan walgitu ta'uu qaba. Akkasumas, ragaan ga'uumsa barataa addeemsa madaallii, gamaaggama cimaa, amanamaafi haqa qabeessafi madaalawaa ta'e bu'uura gochachuu kan qabuudha.

Madaallii barachuu keessatti tooftaan madaalliin ittiin kennamu kaayyoo barbaadameen kan walsimu ta'uu qaba. Kunis madaalliin kun, kaayyoon isaa inni guddaan dhuma sagantaa barnootaa irratti waan barattoonni mataduree tokko yookiin boqonnaa tokko jalatti baratan hangam akka addaan baafatan beekuuf kennamuufi dhuma sagantaa barnootaa semisteera tokkoffaa yookiin sagantaa waggaatti barattoota sadarkeessuufi daree irraa gara dareetti dabarsuuf yookaan badhaasuuf kan geggeeffamu waan ta'eef, wanta barattoonni duraan baratan irratti xiyyeeffatuun haala battallee, barreeffama gaaffii gabaabaa, barreeffama dheeraafi battallee gaaffii filannootiin qophaa'a. Kana malees, haala qormaata xumura semisteeraa qormaata guutuu biyyooleessatiin kan kennamuudha (Brown, 1997).

Xumura sagantaa barnootaa irratti kaayyoon karoorfame akka galma ga'u dalaguufi dhuma irratti kaayyoon galma ga'uufi dhiisuu addaan baafachuutu irraa eeggama. Haalaafi adeemsa kaayyoo kaayyeffatee qulqullinaafi iftoominaan qopheessuufi madaalutu irra jiraata. Miira waldorgommii jidduu barattootaatti uumuun irraa eeggama. Tooftaa haqa qabeessaafi filannoo qabutti fayyadamuun, sababa ga'aafi fudhatama qabuuf madaallii gaggeessuu qaba. Haala loogii hinqabneefi ifa ta'een barnoota waaltawaafi saayinsaawaa ta'e barattootaaf kennuu qaba. Adeemsa madaallii barattoota maraaf ifa ta'e uumuun dursee barattoota beeksisuun irraa eeggama. Madaalliin booda murtee haqa qabeessaafi dhaabbataa ta'e murteessuu danda'utu irraa eeggama (Earl& katz, 2006).

### **2.3. Madaallii Walitti Fufaa Keessatti Ga'ee Duubdeebii (The Role of Feedback in C. A)**

Duubdeebiin akka hayyoonni Black&Harrison(2001)ibsanitti cuunfamee yoo dhiyaatu, “madaallii kamuu boodaan duubdeebiin dhufuun baay'ee kan barbaachisuudha. Sababni isaas barattoonni akka cimani barataaniifi barsiisaan ogummaa isaa keessatti of fooyyessaa akka deemuuf gargaarsa guddaa kan tolchuudha.” Duubdeebiin matama isaattuu akka madaallii barataafi barsiisaa jiddutti walitti dhufeenya uumuutti kan ilaalamu waan ta'eef, adeemsi barumsi itti kennamu kamuu duubdeebii of keessaa hin qabu taanaan, barnootichi akka waan kennama hin jirreetti ilaalamuu ni danda'a. Barsiisaan barattoonni isaa barnoota inni kennaa ture keessatti maal akka barataaniifi hinbaratin addaan baafachuuf akka madaalliitti itti fayyadamuu ni qaba. Kanaaf, erga rakkoo jiru addaan baasee booda sagantaa itti aanu keessatti haala rakkoon kun ittiin furamu irratti karoofachuun fedhii barattootaafi kaayyoo barnootichaa walsimsiisuun adeemsa duree jijjiiruun fooyya'iinsa dandeettii barataafi ogummaa ofii irratti fiduun kan isa dandeessisuudha. Adeemsa kana keessatti barsiisaan tokko maaliif akka barataa isaa madaalu, barataan barnoota baratu keessatti maal hubatuu akka qabuufi madaalliin matama isaatittuu qaama barnootaa akka ta'e duubdeebii keessatti hubachiisuun irraa eeggama.

Kana malees, malli barsiisaan ogummaa barsiisummaa ofii ittiin fooyyeffatu inni guddaan duubdeebii barattoota isaa irraa argatuun waan ta'eef, walitti dhufeenyi barsiisaafi barataa cimuu kan danda'us, karaa duubdeebii ta'uu isaa barsiisaan hubatuu qaba. Akkasumas, Clarke, (2012) akka kaa'utti barsiisaan tokko karaa duubdeebiitiin ilaalchaafi hubannoo barataan tokko qabu yeroo hundaa kan sakatta'uufi akka barattoonni marti isaanii hubannoo walfakkaataa barnoota isaanii irratti qaban, hubannoo barataa bira jiruufi hubannoo isa bira jiru walmadaalchisaa kan deemu yoo ta'e barsiisaan kun ogummaa barsiisummaa gabbifataa kan jiru ta'uu isaati. Kuni barataan tokko qormaata fudhate irratti gaaffii tokko osoo dhabee, maaliif akka dhabe barsiisaa isaa waliin irrati mari'achuun yoo sababa isaa hinbeekin barataan kun qormaata san irraa waabarachuu hindandeenye jechuu ta'a.

Duubdeebiin madaallii kamiyyuu boodaan kennamu barattoota qofa osoo hin ta'in, barsiisaafis, baay'ee kan barbaachisuudha. Sababni isaas barsiisaan karoora isa barnoota itti aanu keessatii karoofatuuf qabxii barataaf galeefi hingalle addaan baafatee beekuun, haala fedhii barataa irratti karoofachuun adeemsa baruufi barsiisuu isaa kan ittin fooyyeffatuudha. Kanaafuu, duubdeebiin

adeemsa baruufi barsiisuu keessatti, barataafi barsiisaan barnoota isaanii keessatti maal akka isaan irra barbaachisu beekanii raawwii isaanirraa eeggamu raawwachuuf of-qopheessuu akka qaban kan gargaaruudha. Kana malees, barnoota isaanii keessattii dabalataan saganataan biro yoo kan isaan barbaachisu ta'e, addaan baafachuun akka karoorfatan barataafi barsiisaafis, kan barbaachisuudha. Dhumarratti madaallii adeemsifamaa ture xiinxaluun bu'aan barattoonni galmeessan fooyya'iinsa kan argamsiisaa jiruufi hin jirre ta'u, addaan baafachuun barataafi barsiisan akka kaayyoo barnootichaa waliin madaqan kan haala mijeessuudha.

## **2.4. Walitti Dhufeenya Madaallii Walitti Fufaafi Dandeettiiwwan Barreessuufi Dubbisuu**

### **2.4.1. Dandeettii Barreessuu**

Dandeettii barreessuu barattootaatiin walqabatee haala armaan gadiitiin ibsuun ni danda'ama: Barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa isa tokko yemmuu ta'u, beektonni afaanii hiika garaagaraa kennaniiru. Akka (Nunan, 1991) ibsitettis “Barreessuu jechuun adeemsa namni tokko yaada sammuusaa keessa jiru mallattoolee garagaraatti gargaaramee waraqaarra kaa'uun namni biraa akka hubatu kan ittiin taasifamuudha.” jechuun ibsiti. Haaluma kanaan, dandeettiin barreessuu dandeettii namoonni baratan shaakalaan adeemsa keessa gabbifachuu danda'an akka ta'es ni eeru.

Akka beekaan tokko jedhutti, “writing is as a way to communicate with others. When you write for others, it is crucial to know both your purpose for writing and audience who will be reading your work”(Langan,2005:14) Kana jechuun barreessuun karaa namoonni ittiin walqunnamaniidha jechuun ibsa. Kunis: yemmuu namoota biroof barreessitu, kaayyoo barreessituufi dubbistoota barreeffama kee dubbisan beekuun (yaada keessa galchuun) baay'ee barbaachisaadha yaada jedhu qaba. Kanaafuu, barreessuun dandeettii namni tokko adeemsa barumsaa keessatti gabbifachaa adeemu ta'uu isaa hubanna. Akkasumas, barreessuun adeemsa yaaduuti; yeroodhaa gara yerootti kan hojii guddaa nama gaafatuudha.

Qorattoonni qorannoo isaanii keessatti akkasitti kaa'u,“Writing skill is an activity which should be done with great care and should be thought to communicate with a reader effectively. These imply that writing is a difficult skill which needs to be thoroughly practiced. The ability to write well is not a naturally acquired skill.” (Tegbar, Kibret Muluneh, 2018: 41) Kun kan agarsiisu

dandeettiin barreessuu gocha xiyyeeffannoo barbaaduu fi shaakala keessa kan argamu malee uumamaan kan namaaf kenname akka hin taane kan nutti agarsiisuudha.

Akkasumas, akka (Kelly,1997) jedhutti dandeettiin barreessuu:“Writing skills means the ability to convert thoughts into words.. It means, with proper standards and punctuations, grammar and other important aspects of writing” ( p.78).Yaada kana irraa kan hubatamu, dandeettiin barreessuu dandeettii yaada walitti qabuun jechootatti jijjiiruuti. Kana jechuun waraqaarratti bifa qindaa’een, sirna tuqaaleefi seerluga fayyadamuun karaa salphaafi ifa ta’een nama biraa waliin waliigaluuf gocha taasifamu ta’uu isaa ibsameera.

Akkuma beekamu dandeettiin kamiyyuu guyyaa keessa kan gonfatamu, galma ga’uu kan danda’u baratameeti. Akkaatuma kanaan, dandeettiin barreessuus dandeettii waraqaa yookiin wanta irratti barreessan kamiyyuu fi qalamaan yookiin halluu barreessuun fayyadamuun shaakala taasisuudhaan kan gonfatamuudha.Haaluma kanaan, dandeettiin barreessuu ogummaa qindaa’inaan adeemsa ergaa dabarsuu keessatti shaakala yeroo dheeraa fudhachuun argamudha jennee ibsuu dandeenya.

Walumaagalatti, dandeettiin barreessuu adeemsa shaakala keessa suuta suutaan gonfatamuudha. Kunis: Adeemsa yeroo itti barsiifamuufi baratamu qabuudha. Akkasumas,dandeettiiwwan bu’uuraa,barreeffamaafi tooftaalee barreeffamaa kallattiin barsiisuu qaba.Sirnaawaafi loojikaawaa ta’uun gocha yaada ofii ittiin ibsataniidha. Dabalataanis, dagaaginni dandeettii barreessuu dagaagina dandeettii dubbisuu waliin kan adeemuudha. Haaluma kanaan, dandeettiin barreessuu beekumsaafi adeemsa yaadsammuu (cognitive) kan fayyadamuudha.Bifuma walfakkaatuun, dandeettii walitti dhufeenya qubeefi sagalee qubeessuufi ariitiin barreessuuf gargaarudha. Akkasumas, gahumsi dandeettii barreessuu caasaa ijaaruuf kan fayyadu yemmuu ta’u, fayyadamni jechootaa yaada haala ifa ta’een ibsuuf gargaara.

Hubannoon barreessuun, barreeffama gaarii barreessuuf bu’aa olaanaa qaba. Kanaaf, dandeettiiwwan barreessuufi dubbisuu waldeeggaraafi walcimsaa kan deeman yemmuu ta’u; sirna barnootaa kana keessatti, dandeettiin barreessuu barachuuf carraa kan kennuudha. Itti dabalees, qubeessuu, waliigalteewwan seerlugaa hordofuu, barreeffama adda addaa qindeessuufi barreessuuf faayidaa olaanaa kan qabuudha.



### 2.4.1.1. Dandeettii Barreessuu Barsiisuu Keessatti Gahee Barsiisotaa.

Barsiisaan dandeettii barreessuu barattootaa dagaagsuu keessatti shoora olaanaa qaba. Adeemsi barreessuu gocha guyyaa guyyaa waan ta'eef walitti fufiinsaan barattoota isaa duukaa bu'ee hordofuun dandeettii isaanii cimsuufii qaba. Kanarratti, barsiisonni gahee cimaa qabu. Kunis: barattoota isaanii gorsuu/counselor) barattoota kakaasuu/motivator), Shaakalchiisuu, hordofuu kkf. Akkasumas, gaaffileen gurguddoo dandeettii barreessuu keessatti barsiisonni of gaafachuu qaban Hayyuun (Ann Raims, 1983) haala kanaan ibsa. Isaanis: Barreessuu barataa kootii akkamittan gargaara?, akkamittan mata duree gahaa argadha?, gosa barnootaa kana hiika qabeessa akka ta'u, haala kamiin deeggara?, waan barattoonni koo barreessan eenyutu dubbisa? daree keessatti akkamitti barattoonni walgargaaruun hojjetu?, barattootni koo yeroo barreessan yeroo hammamtu kennamufii qaba? dogoggora barattoonni uumaniif maal gochuun qaba? Kanneen jedhaniif barsiisonni dursanii of gaafachuun dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuu qabu. Kanamalees, barsiisonni dandeettii waa'ee barreessuu barattootaa guddisuu, fedhii barattoota isaanii eegu, gammachiisuu, kakaasuu/ dadammaqsuu, akka barattoonni barreessuu tooftawaa/strategic writing/ ta'an gochuu,

Kallattii barattoonni dandeettii barreessuu kana itti guddifatan itti agarsiisuu, meeshaalee teeknoolojii dandeettii barreessuu barattootaa cimsuun walbarsiisuu madaallii adda addaa dandeettii barreessuu cimsanitti fayyadamuu... kkf.

Akka hayyoonni jedhanitti: "Writing makes a man exact." So to make a man exact the teacher should not forget to teach the students the skill of writing. But writing is rather a difficult task which requires the conscious efforts. Language laboratory will be a good resource for the English teachers to develop the writing skills of the students." (B. Balaji Reddy, M.M. Gopi, 2013:59) Akkaataa yaada isaatti barreessuun nama sirrii taasisa; kanaaf, jecha barsiisonni dandeettiin barreessuu hojii cimaa humna nama gaafatu waan ta'eef, dandeettii kana akka barattoonni cimsataniif irratti hojjichuu qabu yaada jedhu of keessaa qaba. Gama biraatiin, hayyuun tokko yaada olii kana kan jajjabeessu barsiisonni daree keessatti barreessuu barsiisuuf wantoota irratti xiyyeeffachuu qaban tarreessee jira

Teachers in the writing classroom emphasize language structures in the following four stages: Familiarization: learners study a text to understand its grammar and vocabulary; controlled writing: then they manipulate fixed patterns: substitution tables etc., guided writing: then they imitate model texts-usually filling in gaps and free writing: use the patterns they have developed to write a letter etc” (Hyland, 2002: 37).

Akka yaada kanatti daree keessatti barreessuun sadarkaa 4 keessa darbuu qaba. Seerlugaa fi hiika jechootaan wal baruu, barreeffama too’atamaa, barreeffama qajeelfamaa, fi barreeffama bilisaa ta’uu kaasa. Yaadni armaan olii kun kan ibsu: barsiisaan barreessuu kaayyeffatee fedhii barattootaa guutuuf hojjechuu isaa ibsa. Kan biroo waliin waldubbisuu agarsiisa.

#### **2.4.1.2. Dandeetti Barreessuu Madaaluu**

Akkuma gubbaatti ibsame barreessuun dandeettii afaanii carraaqqii namni godhuun kan baratamuudha. Barreessuu jechuun yaada sammuu keessatti uumame seera afaanii eeganii waraqaa irra kaa’uun nama dubbisuuf dabarsuudha. Barreessuun nama waan barreeffame dubbisuufi nama barreessu gidduutti walqunnamtii uumuu jechuudha. Dandeettiin barreessuu tasuma kan barsiifamee yookiin baratamee hafu osoo hin taane kallattii adda addaatiin ni madaalama Akka Celce-Murciaand Olshtain (2000) ibsanitti, barreessuun bu’aa walitti qindaa’ina jechootaan kan barreeffama (text) uumu garuu, barreeffamni sun namoota adda addaa biratti waliigaltee uumuuf kan dubbifamu ta’uu qaba.

Barreessuun dandeettii afaanii keessaa isa tokko yammuu ta’u namni fayyadamaa afaanii ta’e tokko yaada isaa ibsachuufi namoota biroo waliin waliigaltee uumuuf fayyada. Madaallin barreessuu faayidaa adda addaatiif kan barbaachisu yoo ta’u, kunis barattooni yemmuu barreessaa jiran maal akka hojjachaa jiran too’achuuf kan fayyaduudha.

Barattootaaf wanta barreessan tokko irratti duubdeebii kennuun gahumsa barreessuu isaanii akka fooyyeffatan gochuun baay’ee barbaachisaadha. Faayidaan madaallii barreessuu inni duraa adeemsa baruufi barsiisuu fooyyessuuf yemmuu ta’u kana keessaa inni tokko yeroo barreessuu gochaa barattooni raawwatan daawwachuun gahumsa barattootaa fooyyessuudha. O’Malley and Pierce (1996) waa’ee madaallii dandeettii barreessuu yemmuu ibsan, jalqaba barsiisotni wantoota barreessuu waliin walqabatan ilaalchisee wanti madaaluu qaban seerluga irratti xiyyeeffachuu irra beekumsa qabiyyeerratti, tartiiba beekumsa haala qabiyyeen itti qindaa’uufi

beekumsa barreessuu irratti ta'uu qaba. Lammaffaa, barattoonni naannoo barreessuu kamitti rakkoo akka qaban barsiisotni adda baasanii beekuu qabu.

Barattoonni ofiif of-madaaluu nidanda'u; sababni isaas madaalliin ofiif of-madaaluun waa'ee barbaachisummaa barreessuu irratti waayaaduu isaanii cimsa yookiin jajjabeessa. Ofiin of-madaaluun, barattoonni wanta baratan sana irratti maaliifi hangam akka baratan calaqqee kennu. Kana malees, barreeffama hiriyoota isaanii adeemsa waliin baruu keessatti wal-madaaluu nidanda'u. Kun ammoo, barattoonni hundi barreeffama isaanii akka walii madaalaniif carraa kan kennudha. Madaalliin taasiisan kun garuu qabxii kennuuf miti. Madaalliin dandeettii barreessuu duubdeebii barattootaaf kenname hangam akka hubataniifi hojiitti hiikan madaaluun mirkaneeffachuuf gargaara (O'Malley and Pierce, 1996). Madaalliin barreessuu cimnaafi hanqina barattootaa addaan baasuuf gahee olaanaa qaba. Kanaafuu, adeemsi baruufi barsiisuu yemmuu gaggeeffamaa jiru madaallii dandeettii barreessuu taasiisuun gahumsa dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuuf baay'ee barbaachisaadha.

#### **2.4.1.3 Akaakuu Gahumsa Barreessuu**

Akka Brown (2003) kaa'etti, gosoota ga'umsa barreessuu, bakka gurguddoo afuritti qooda. Isaanis: 1 Akkeessa (Imitative): barataan tokko barreeffama afaanii tokko barreessuuf jechoota shaakalaawwan dandeettii barreessuutiif ijoo ta'an qopheessuudhaaf, barattoonni dandeettii isaanii hunda fayyadamuu, barreeffamaaf wantootni bu'uura ta'an, jechoota, sirna tuqaaleefi himoota ifa ta'aniin addeessuu qabu. Kana keessatti sagalee walsimsiisuufi seerluga haala itti fayyadamaafi hiikaaf caalatti iddoon kennamaaf. 2. To'atamaa (Controlled): gosti kun madaallii barreessuu jechoota haala galumsaan, jechoota waliin amalaafi seera afaanichaa eeguun hima keessatti fayyadamuun ibsama.

Haalli galumsaafi hiikni barbaadamus xiyyeeffannoo guddaan miidhagsuu caalaa dandeettii hiika kallattii ykn sirrii, qabiyyee isaa eeggate, ijaarsa jechootaa, jechoota tishoo ykn diigalaafi qabiyyee hiika sirrii hanga xumura hima sanaatti argamu. Hiikniifi qabiyyeen barreeffamaa kan barbaachisu madaalawaafi sirrii ta'uu isaati. Garuu hojiin barreeffamaa kan irratti xiyyeeffatu, uunkaafi haala battallichaatiin murteeffama. 3. Deebisa (Responsive): meeshaalee madaallii dandeettii barattoota muraasaa madaaluu irratti daanga'a. Himoota walitti qabsiisuudhaan

keeyattoota uumuu shaakalliiwwan seera baruufi barsiisuu deebii kennuun beekamu. Gosoonni barreessuu, seenessuu, ibsuu, gabaasa keessatti hojiin madaallii kun kan barbaadu barattoonni jechoota walitti qindeessuudhaan keeyattoota lamaafi isaa ol ijaaruudha.

Gilgaalli immoo kan inni deebii kennu mala baruufi barsiisuu, tarreeffama caasaalee, yaadrimeefi qajeelfamoota garaagaraati. Akaakuun barreeffamaa kun kan of keessatti qabatu kallattii, seenessaa, gabaasa gaggabaaboo, gabaasa kutaa yaalii cuunfaawwan, deebiiwwan gabaaboo dubbisaafi ibsa gabateewwaniitti haala murtaa'aa keessatti barreessaan eegaluudhaan akaakuuwwan barreeffamaa jiran keessaa yaada isaa filachuudha. Barreessaan sirriitti kan bu'uureffachuu qabu sadarkaa seerlugaa, himaafi irra caalaatti kan xiyyeeffatu kaayyoo barreeffamichaa ta'uu qaba. Ciminaan kan xiyyeeffatu galumsaafi hiika irrattiidha. 4 Bal'eessa (Extensive): adeemsa tarsiimoowwaniifi kaayyoowwan barreessuu hunda haala too'achuu irratti xiyyeeffata. Barreessaan barreeffama sadarkaa eeggatee yaadni isaa qindaa'e fakkeenyaan ibsa. Sirreeffama hedduu hinqabne barreessuutu irraa eeggama.

Fakkeenyaaf, barreeffama (gabaasa) barreessitoonni kan irratti xiyyeeffatan barbaachisummaa, qindeessuufi ijaaruu yaadota walduraa duubaan gadi fageenyaan ibsuu ykn deeggaruudha. Akaakuu gahumsa barreessuu ilaalchisee hayyuun Madsen (1983) jedhamu bakka saditti qooduun ibsee jira. Kunis, barreessuu duraa, barreessuu qajeelchaafi barreessuu hindaangoof needha. Gama birootiin, hayyuun Atkins et al.(1996) ammoo barreessuu too'atamaa, barreessuu qajeelchaafi barreessuu hindaangoofne jechuun qoodee jira. Beektoonni adda addaa akka ibsanitti tartiibni barreessuu ta'uu kan qabu barreessuu salphaa irraa gara barreessuu walxaxaa ta'e tokkootti deemuu qaba. Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti jechoota hiika qaban barreessuun seera qubeessuu irraa eegalu qaba. Haala kanaan waan xiqqoo irraa ka'uun suuta suutaan qabiyyee barnootichaa irratti hundaa'uun barattoonni dandeetti barreessuu isaanii akka gabbifatan taasiisuun nidanda'ama. Madaalliin dandeettii barreessuus adeemsa kana hordofuun dandeettii gahumsa barreessuu barattootaa madaaluun bakka barattoonni rakkoo qabanitti akka fooyyeffataniifi bu'aa gaarii akka galmeessisaniif gargaara.

#### 2.4.1.4 Tooftaalee Madaallii Dandeettii Barreessuu

Madaallii walitti fufaan tooftaa adda addaa gargaaramuun barattoota madaaluun nidanda'ama. Barsiisotni barnoota kennan irratti hundaa'uun qabiyyee barnootichaa hubachuu barattootaa mirkaneeffachuuf tooftaa mijataa ta'een barattoota isaanii madaaluu qabu. Yaada kana waliin kan walqabsiisuun beektotni hedduun tooftaalee madaallii dandeettii barreessuu irratti yaada kennanii jiru. Madson (1983), Heaton (1988), Atkins et al. (1996), Brown (2003) fi Weir (2005), tooftaalee waliigalaa iyyaafannaa dandeettii barreessuu akka armaan gadii kanaatti ibsuuf yaalanii jiru. Kunneenis: Iddoo duwwaa guutuu,himoota ykn dubbisa jijjiiruu,qomaan barreessuu,yaada ijoo irra deebi'uun barreessuu,qormaata barreeffama banaa,tooftaa filannoo odeeffannoof deebii kennuu,ittibartuu barataa madaaluu,gochaalee odeeffannoo waliidabarsuu gochaalee ijaarsa keeyyataa,gochaalee fakkiin mul'isan fayyadamuufi kkf .

Gama birootinis, tooftaalee madaallii kanneenitti yemmuu gargaaraman gulantaalee madaallii fayyadamuu qaban beekuun bu'aa qabaAkka beektonni garaagaraa ibsanitti malleen dandeettii barreessuu madaaluuf nu gargaaran bakka sadiitti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis: Mala barreessuu to'atamaa (controlled writing), mala barreessuu qajeelfamaa (guided writing), mala barreessuu bilisaa (free writing) dha. Akaakuu gochaalee dandeettii barreessuu akkasii keessatti barsiisaan hojii barreessuu barattootaa kana guutummaa guutuutti too'atuu yoo ta'u, barattoonni barreeffama dogoggora hin qabne akka qopheessaniif kan yaalii godhuudha.Barattoonni barreeffamoota gaggabaaboo sadarkaa himaaf isaa olii akka shaakalan taasisuudha.Gilgaalonni ykn gochaaleen barattoonni sadarkaa kanatti shaakala taasisuun dandeettii bareesuu issanii akka gabatu taasisan kanneen akka bakka duwwaa guutuu, himoota walitti qabsiisuu,fi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a

Haalumakanaan, mala barreessuu qajeelfamaa keessatti gochaaleen sadakaa kanatti barattootaan raawwataman kan hanga ta'e barsiisaan kallattiin isaan agarsiisuudha.Tooftaaleen kun keeyyata barreessuu kan ofkeessatti qabatu ta'uu danda'a. Sadarkaa kanatti xiyyeeffannoon barattoonni akka dogongora hin uumne gochuu haa ta'u malee dogongorri barattoonni uuman jiraachuu danda'a jedhamee yaadama. Sadarkaa kanatti barattoonni hiikaa fi qindoomina waa barreessuu

irratti xiyyeeffatanii hojjetu.Maloonni gilgaalaa sadarkaa kanatti hojiirra oolan kanneen akka waliin dubbii jalqabamee xumuruu, barreeffama wal fakkaatu qopheessuu, fi kkf.

Akkasumas, mala barreessuu bilisaa (Free Writing) sadarkaa kanatti kan raawwatamu barattoonni mata duree barbaadan irratti walaba ta’anii barreeffama mataa isaanii kan itti qopheessanidha.To’annaan barsiisaan sadarkaa kanatti gaggeessu cimee kan mul’atu miti.Maloonni gosa gochaalee dandeettii barreessuu kana keessatti hojiirra oolan kanneen akka: xalayaa barreessuu, barreeffama gaggabaaboo fi kkf.ta’uu malu.

Gulantaalee madaallii tokko tokkoo isaa keessatti murtee akkamiifaatu murteeffamu? Murtee kanneen murteessuuf odeeffannoon gargaaran tooftaalee maaliin walitti qabamu? Adeemsi barsiisuu: barsiisuun dura, wayitii barsiisuufi barsiisuun booda jedhamuun iddoo sadiitti qoodama. Qoodama adeemsa barsiisuu sadan kana keessatti madaalliinis nijira. Haaluma kanaan madaalliin gulantaalee sadiitti hirama. Isaanis: Inni jalqabaa, madaallii barsiisuun dura gaggeeffamudha. Kanas qabxiileen (Cheekliistii) dandeettii barreessuu madaaluuf gargaaran qopheessuun:Himni hunduu seeraan raawwatamuu isaa,matimaafi gochimni walsimuu, jechoonni hunduu seeraan qubeeffamuu isaa, himni hundinuu sirna tuqaalee seeraan qabaachuu isaa,bakka barbaachisutti qub-guddeessa eeguu isaanii,walqabannaa yaadaa, jechoonni hundi seera Afaan Oromoo eeguu isaafi kkf baasuun dandeettiin barreessuu barattootaa madaalama.

Akkasumas, qormaata dandeettii barreessuu madaalu qopheessuun gahumsa barattoonni sagaleelee dubbii fayyadamuun yaada isaanii haala qindoomina qabuun seerluga afaanichaa eeguun jechoota gaaritti dhimma bahuun ergaa ifa ta’e tokko dabarfachuu danda’uu barattootaa madaaluuf kan qophaa’uudha.Kunis, kan ta’u adeemsota armaan gadii keessa darbuun.Gabatee gaaffilee qormaataa qopheessuu- Gabateen kun baay’ina gaaffilee qormaataa keessatti hammatamanii, kaayyoo qormaanni sun kennamuufi qabiyyee qormaata sana keessatti hammatamu murteessuuf nu tajaajila. Gaaffilee qormaataa qopheessuu-gabatee gaaffilee qormaataaf qophaa’an irratti hundaa’uun gaaffilee qophaa’an kan of keessatti hammatuudha.

Ulaagaa gaaffileen qophaa’an ittiin madaalaman qopheessuu- qormaanni qophaa’e qabiyyee gabatee gaaffii qormaataa hammachuu isaa addaan baafachuudha.Kaayyoon madaallii kanaas odeeffannoo waa’ee barnoota ittaanee barsiifamuu irratti barattoonni beekumsaafi yaada

dogoggoraa qaban walitti qabuuf, barannoofi gochaalee boqonnichaa karoorsuuf, qabiyyee barnootaa barsiisamee xumuramuu danda'u murteessuuf, meeshaalee deeggarsa barnootaa barbaachisan qopheeffachuudha. Lammaffaa, madaallii waytii barsiisuu gaggeeffamuudha. Kaayyoon madaallii kana barattoonni haala gaariin barachaa jiraachuu isaanii beekuuf, barattoonni waan baratan keessaa kan hingalleef yoo jiraatan addaan baasanii gargaaruuf, duubdeebii barattootaaf kennuuf, mala baruu-barsiisuu itti aanu fooyyessuun karoorsuudhaaf. Sadaffaan, madaallii barsiisuun boodaati.

Kaayyoon madaallii kanaa ammoo barattoonni barannoo baratan hangam sirriitti hubachuu isaanii beekuuf, qabxii barataa tokko tokkoof kennuuf, meeshaaleen deeggarsa barnootaa bu'aqabeessummaa ta'uu isaanii mirkaneeffachuuf, barattoota suuta baratoof deeggarsa qopheessuufi kkf gaggeeffama. Walumaagalatti, kaayyoo barnoota barsiifamuu irratti hundaa'uun dandeettii barreessuu barattoota madaaluuf barsiisotni tooftaalee adda addaa fayyadamuu qabu. Kanaafuu, haala baruufi barsiisuu dandeettii barreessuu irratti bu'aa gaarii galmeessisuuf barsiisotni tooftaalee ibsaman kanneen fayyadamuun gaariidha.

### **2.4.3. Haala Qabxeessuu Dandeettii Barreessuu**

Battalleen seera qabeessi meeshaalee madaalli gocharratti xiyyeeffatan fayyadamuun ulaagaa barbaadamu galmaan ga'uuf tajaajila. Ogeessonni hedduun kan irratti waliigalan malli filatamaabarreessuu barsiisuuf ta'u, barataan yaada ofii maddisiisuudhaan akka of-madaalu, hiriyyoota isaanii waliin akka walmadaalaniifi walsirreessan gochuun sirreeffama barbaachisaa kennuudha (Brown, 2003; Weir, 2005 fi Fitcher and Fred, 2007). Barruu barataa ilaalanii madaaluun qabxii kennuuf akaakuu qabxeessuu lamarratti hayyootni hedduun xiyyeeffannaa kennuun ibsu. Isaaniis sororrii guutummaafi adda baasuun sororsuudha.

#### **2.4.3.1. Sororsuu Guutummaa**

Gosti kun raawwii dandeettii afaanii guutummaatti ilaala. Tokkoontokkoon qabxii dandeettii waliigalaa bakka bu'a. Sororsuun guutummaa kun faayidaafi miidhaa niqaba. Faayidaan isaa yeroo qusata, cimina barataa ykn barreessaa irratti xiyyeeffata, dandeettii barreessuu madaaluuf karaa adda addaan kan tajaajiluudha. Gama birootiin miidhaas niqaba. Kunis, dandeettii barataa

irratti odeeffannoo guutuu kennuu hindandeessisu, sororsuuf leenjii cimaa barbaada; gosoota barreeffama adda addaa mala tokkon fayyadamu. Walumaagalatti,malli kun adeemsa baruubarsiisuuf kan biroof osoo hintaane barataa adda baasuufi ramaddii kennuuf fayyada.

#### **2.4.3.2. Adda Baasuun Sororsuu**

Dandeettii raawwii barataa kallattii adda addaatti qoqqooduun sororsuun amala filannoo adda baasuun sororsuuti. Fakkeenyaaf, dandeettii barreessuu madaaluuf qabiyyee, seerluga, filannoo jechootaa, qindoomina yaadaafi kkf bakkaa bakkatti ilaaluun sororuu of-keessaa qaba. Yaada tokkoon tokkoon isaaf erga qabxiin kennameefi booda walitti ida'uun madaala waliigalaa keenya. Faayidaan ijoo mala kanaa ciminaafi dadhabina tokkoon tokkoon barataa qabu ifatti mul'isuudha. Karaa biraatiin garuu, bifa kanaan sororsuun kan yeroo dheeraa barbaadu ta'uunsaa akka dadhabinaatti kaa'uun ni danda'ama

#### **2.4.4. Dhimmoota Dandeettii Barreessuu Madaaluun Of-Keessatti Hammatu**

Dhimmoonni yeroo dandeettii barreessuu madaallu keessatti xiyyeefannoo itti kennamuu barbaadan hedduun jiru.Kanneen keessaa muraasni akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru. Qabiyyee barreeffamaa, qindoomina barreeffamaa,filannoo jechootaa walqabatiinsa barreeffama kkf'n madaalu. Gama biraan, dandeettii barreessuu barattootaa yommuu madaallu akkaataa isaan qabiyyee ibsuu barbaadan sana gaaffilee armaan gadii kaasuun barreeffamni isaanii xiinxalamuu qaba:Yaadni barreessan ifaadhaa? ibsa gahaa dhiyeessaniiruu ? gaaffii dhiyaate kan hindeebisne jiraa ?fi kkf.

Qindoomina barreeffamaa haala barattoonni barreeffama isaanii qindeessanii itti barreessan xiinxaluudha.Kunis kan raawwatu gaaffiilee armaan gadii barreeffamni isaanii deebisuu isaatiin madaalla.Qindoomni barreeffamaa wayta madaalamu barattoonni barreeffama isaanii keessatti dhimmoota armaan gadii sirriitti addaan baasanii barrefachuu isaanii ilaalamuu qabu. Barreeffamichi seensa qabaa? Tartiibni yaada barreeffamichaa sirrii barreeffameeraa?, yaada goolabaa ni qabaa?, yaada ijoo ni qabaa? Kan jedhutu ilaalama.Inni biraan, adeemsa barreessuu keessatti barattoonni jechoota akkamiitti akka isaan filatanii fayyadaman xiinxaluun raawwatama.Fakkeenyaaf, jechoota ciccimoo, sirriifi jechoota murtaa'oo fayyadaamuu isaanii;



akkasumas kan dubbisaa hawwataniifi salphaatti hubatamuu danda'an ta'u isaaniitu madaalama. Akkasumas, barreeffamni barattoonni barreessan ergaa guutuu kan dabarsuu danda'u ta'uufi yaadni dhiyaatu walqabatiinsa cimaa yoo qabateedha. Kana madaaluuf qabxiileen armaan gadii madaalamuu qabu. Barreeffamichi jalqabaa hamma dhumaatti walitti hidhatiinsa qabaa? Himoonni dhiyaatan guutuudhaa? Salphaatti dubbifamuu danda'uu? fi kkf.

#### **2.4.5. Kaayyoo Dandeettii Barreessuu Madaaluu**

Dandeettii barreessuu barattootaa sababoota armaan gadii kanaafi kanneen biroof madaaluu dandeenya. Ciminaafi hanqina dandeettii barreessuurratti barattoonni qaban addaan baafachuun fooyyessuuf. Dandeettii barattoonni barreessuurratti sadarkaa barnoota isaanii keessatti qaban madaaluuf. Dandeettii barattoonni barreessuurratti qaban adda baafachuuf. Akkasumas, dandeettii barreessuu nama tokkoo adda baasuun deeggarsa kennuuf kkf ta'uu danda'a.

#### **2.4.6. Rakkoolee Dandeettii Barreessuu Madaaluu keessatti Mudatan**

Dandeettii barreessuu yemmuu madaallu rakkooleen akka sirrummaafi dhugoominaa mudachuu ni danda'u. Rakkoo sirrummaa yemmuu jennu barreefamni dhiyaate tokko kaayyoo isaa wajjiin kan hin deemne yoo ta'edha. Kaayyoon qormaatichaa dandeettii barreessuu barataa madaaluuf kan yaadame ta'ee, garuu dandeettii biroo madaaluuf kan karra banuudha. Kunimmoo sirrummaa qormaatichaarratti dhiibbaa kan qabuudha. Gama rakkoo dhugoominaatiin yemmuu ilaallu, dandeettii madaaluu rakkooleen hedduu qunnamuu ni danda'u. Namoonni garaagaraa qormaata sororsuun dandeettii barreessuu yemmuu madaalan qormaata walfakkaataaf qabxii garagaraa kennuu danda'u.

Akkasumas, qormaanni walfakkaatu tokko yeroo garagaraa keessatti yoo kenname namni kamiyyuu bu'aa garagaraa fiduu danda'a. Barataa cimaafi laafaa addaan baasuu, haala barreeffama harkaa qoramaa, haala qoraan keessa jiru, fedhii nama qormaata sororsuu, loogii sororsaan geessisu, ga'umsaafi muxannoo sororsaafi kkf irraa kan ka'e hanqinni dhugummaa dandeettii barreessuu madaaluurratti mul'achuu danda'a. Rakkoolee dhugoomina waliin walqabatan dandeettii barreessuu keessatti mudatan maqsuuf namni madaallii gaggeessu kamuu dhimmoota xiyyeeffannoo itti kennuu qabu hedduun jiru. Kunis: ulaagaa gahumsi barattootaa

ittiin madaalamu qopheessuu, gahumsa namoota qormaata sororsanii cimsuu,namoonni lama akka qormaata tokko madaalan gochuu haala mijataa ta'e uumuun madaallii gaggeessuun ni danda'ama.

## **2.5. Dandeettii Dubbisuu**

### **2.5.1. Maalummaa Dandeettii Dubbisuu**

Gama maalummaa dandeettii dubbisuu ilaalchisee hayyuun Williams (1984) waan jedhu qaba.Kunis: Dubbisuun wanta barreeffame yookiin maxxanfame tokkorraa ergaa yookiin hiika argachuudha. Akka hayyuun kun ibsutti dubbisuun dandeettii yaada fudhachuu yoo ta'u, hirmaannaa sammuu cimaa kan barbaadudha. Adeemsa gocha ijaan raawwatu fi ilaaluudhaan ergaa gara sammuu dabarsuuti. Dubbisuun wanta barreeffame tokko ijaan ilaalu qofa osoo hin taane dandeettii wanta barreeffame tokko irraa hiika yookiin hubannoo argachuu akka ta'e hayyoonni garaa garaa ni ibsu.Itti dabalees, hayyuun Williams (1984) dubbisuu yoo ibsu “dubbisuun adeemsa wanta barreeffame ittiin ilaalaniifi qayyabataniiti,” jedha.Kunis:

The main purpose for reading is to comprehend the ideas in the materials. Without comprehension,reading would be empty and meaningless. In our practicum,we haveall witnessed cases where students are capable of reading the words, but face muchdifficulty in expressing their comprehension of the main ideas.(Williams, p.92)

Yaada armaan oliirraa kan hubatamu dubbisuun meeshaa barruu dhiyaate tokkorraa hubannoo argachuuti. Hubannoo malee dubbisuun hiika dhabeessaa ta'uu isaati jechuudha. Itti dabaluun, hayyuun Smith (1985) jedhmu yoo ibsu:dandeettiin dubbisuu dandeettii yaada yookiin odeeffannoo fudhachuu yoo ta'u, hirmaannaa sammuu cimaa kan barbaadu ta'uusaa ni ibsa.Dandeettiin dubbisuu adeemsa yaada wanta barreeffame tokko ijaan guuruun gara sammuu geessuun hiika bira ga'uudha. Yaada kanas keeyyata armaan gadii keessatti ilaaluun ni danda'ama. kunis:

Reading skill is a receptive skill through it we receive information.Reading skill is the process of looking at a series of written symbols Or/ and text and getting meaning from them. When we read,we use our eyes to receive written symbols (letters,punctuation marks and spaces)and we use our brain to convert them into words,sentences and paragraphs that communicate some things. (Smith, 1985: 89).

Akka yaada kanaatti dandeettiin dubbisuu adeemsa yaada barreessaa qayyabachuuti. Hayyuun Wallace (1992:57.) immoo, dandeettiin dubbisuu adeemsa barreeffamaa ilaalanii walii galuu akka ta'e ibsa. Hiika garaa garaa armaan oliirraa kaanee dandeettiin dubbisuu adeemsa wanta barreeffame tokko itti qayyabatan akka ta'eefi dhimma ergaa yookiin hiika wanta barreeffame bira ga'uuti jechuu ni dandeenya.

Haaluma kanaan, akkaataan madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota barnoota afaanii keessatti yaaxxina adda addaan kan ibsaman yemmuu ta'u, jechi madaallii jedhus, hariiroo barataafi barsiisaa kan cimsuudha jedhu. Kunis: "Improving teacher-student interaction through formative assessment and particularly focusing on feedback can catalyse changes in both the teacher's role and those adopted by that teacher's students" (Burke, et al. 2000: 90). Jechichi adeemsa barsiisonni barnoota barsiisan irratti erga madaalanii barattootaaf yaad-gabbii kennuuf, taasisaniin walqabata. Kun immoo barsiisotaafi barattoota irrattis jijjiirama kan fidu ta'uu isaa ibsa. Itti dabalees, kaayyoon dandeettii dubbisuu ga'uumsa (dandeettii) madaaluun kan walqabate ta'uu isaati. Yaadni armaan gadii kan kana ibsudha

An effective reading skill program includes assessments of all of these concepts for several purpose. One purpose is to identify skill that need review. Assessment provides teachers with information on what skills students have and have not mastered. A third purpose is to guide teacher instruction. A fourth purpose is to demonstrate the effectiveness of instruction. (Brown, 2007 fi Dochy et al., 2008: 93).

### **2.5.2. Haala Dhiyeenya Dubbisuu**

Dandeettii dubbisuu keessatti hiikni wanta barreeffame tokkoo barruu sana irratti hundaa'uun (bottom-up) jalaa-oliifi muuxannoo fi beekumsa duraan sammuuudhaa qaban (top-down) irratti hundaa'uun argamuu danda'a.

There are two commonly mentioned approaches used by readers to process reading tasks. These are bottom-up and top-down process. Bottom-up approaches refers to the process of recognizing smaller units, letters, words, phrases and sentences and decoding meaning from these them. Bottom-up or data driven processing has important contribution to fluent reading. Top-down approaches refer to the process of constructing meaning of reading comprehension using background knowledge and experience For lower level there for the bottom up approach seems appropriate because students of lower grade level lacks prior knowledge. The top- down approach is thus, more appropriate for advanced level due to their prior knowledge or interaction of both (Alderson, 2000: 91).

Akka hayyoonni adda addaa ibsanitti karaalee lamaan /bottom-up and top-down/ walfaana gargaaramuudhaan hiika ykn ergaa wanta barreeffamee bira ga'uun gaarii dha. Warreen kaan immoo karaalee lamaan keessa qaama barreeffamichaa irratti ofgatuu caalaa muuxannoo of beekumsaa addunyaa duraan sammuudhaa qabaniin walqabsiisuun hiika ykn ergaa bira gahuutu filatamaadha jedhu. Sadarkaa barumsa gad-aanaatti barreeffame tokkoo barruu sana irratti hundaa'uun (bottom-up) itti fayyadamuun fi sadarkaa barumsa ol'annaatti immoo muuxannoo fi beekumsa duraan sammuudhaa qaban (top-down) irratti hundaa'uun argamuu danda'u itti fayyadamuun bu'a qabeessa akka ta'e hayyuun kun ibsa

#### **2.5.2.1 Haala Dhiyaannaa Gubbaa Gadii**

Akka dhiyaannaa kanaatti namni tokko barreeffama tokko dubbisee ergaa isaa kan hubatu muuxannoo duraan qabu bu'uureffateeti. Yaada kana Getachew (2013) yemmuu ibsu, "haalli dhiyeenya gubbaa gadii kan inni agarsiisu adeemsi hiika ijaaruu dubbisa waliigalaa beekumsa muuxannoo duraa fayyadamuuti" jechuun ibsa. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti akkaataan barattoonni waan barreeffame tokko irraa ergaa itti fudhatan muuxannoo duraan isaan qaban irratti hundaa'uu isaa kan xiinxalamu ta'a.

#### **2.5.2.2. Haala Dhiyaannaa Jalaa olii**

Akka haala dhiyaannaa kanaatti immoo ergaan barreeffamaa tokko barreessaa bira yookiin sammuu dubbisaa keessa kan jiru osoo hin taane barreeffamichuma keessa jira. Kanas, Getachew (2013:37) yemmuu ibsu, "adeemsa qaamolee xixiqqaaf beekamtii kennuun; dhamsagoota, jechoota, gaaleefi hima irraa hiika argachuun" akka ta'e kaa'eera. Yaada kana bu'uureffachuun qorataan barattoonni dandeettii dubbisuu irratti xiyyeeffachuun dubbisa waliigalaa irraa hangam ergaa adda baasanii hubachuu akka danda'an kan hubatamu ta'a.

#### **2.5.2.3. Haala Dhiyaannaa Walsimsiisaa**

Haalli dhiyaannaa kun hanqinoota haala dhiyaannaa gubbaa gadiifi jalaa olii keessatti mul'atan fooyyessuuf lamaan isaanii kan walsimsiisuudha. Yaada kana kan cimsu hayyuun Carrell et, al (1998), "haalli dhiyaannaa walsimsiisaa itti fayyadama moodela gubbaa gadii fi jalaa oliiti" jechuun ibsa. Kana jechuun barattoonni muuxannoo duraan qabaniifi yaada barreeffama keessa

jiru walitti fiduun hiika mataa isaaniitiin hubachuu akka danda'an kan agarsiisuudha. Qorataan qorannoo kana gaggeessaa jiru haalli dandeettii dubbisuu barattootaa haalota dhiyaannaa dubbisuu kanneen bu'uureffachuufi bu'uureffchuu dhabuu isaanii wal bira qabuun (walsimsiisuun) xiyyeeffannoo isaan dandeettii kana gabbifachuuf qaban kan xiinxaluudha.

### **2.5.3. Dandeettii Dubbisuu Madaaluu**

Madaallii walitti fufaan dhimma barnootaa waliin walbira qabnee yoo ilaallu, barattoonni walbira taa'uun dandeettii isaanii akka agarsiisaniif carraa isaaniif kennuu jechuudha. Kunis, jecha 'madaallii' jedhu barattoota akkaataa barataniin hubachuu/madaaluu jechuu barbaadameeti. Faayidaalee gurguddoo madaallii barattootaa shantu jiru. Isaanis: Madaalliin Sadarkaa (placement) barattoota sadarkaa kutaa isaaniitiin kaa'uuf, madaallii sakatta'a rakkoo (diagnostic) (Ciminaafi dadhabina barattootaa beekuudhaaf, madaallii dandeettii safaruu (achievement) barattoonni beekumsa yookiin dandeettii argatan beekuuf, madaalliin raawwii (performance) dandeettii ykn ga'umsa barattoonni waan hojjetanii agarsiisuu danda'uu yemmuu ta'an, madaalliin beekumsa safaruu (proficiency) immoo muuxannoofi beekumsa waliigalaa barattoonni afaan tokkorratti qaban safaruu; yeroo baay'ee dhaabbata barnootaa olaanaa kan akka yuunivarsiitii fa'a ittiin galuuf, hojii qacaramuuf madallii taasifamuu dha.

Kanamalees, NIED (2006: 26), "The main purpose of continuous assessment is to get as reliable a picture as possible of the progress of the learner in terms of achieving the basic competencies of the Life Skills syllabus." jechuun faayidaalee madaallii sadi dabalata ibsamaniiru. Isaanis: odeeffannoo barattootaa fi maatiif kennuu fi haalli baruufi barsiisuu maalirra akka jiru kan ittiin hubatamu ta'uu isaati. Kanaafuu, barbaachisummaan madaallii inni guddaan barnoota kennamu keessatti barattoonni maal akka fakkaatanii fi dandeettii yookiin gahumsa isaan irraa eegamu horachuu fi dhiisuu isaanii karaa ittiin baramuu dha

Karaa biraatiin, barattoonni barnooticha sirriitti hin hubanne fooyya'iinsa akka agarsiisaniif fi hir'ina mul'isan akka guuttatan deeggarsi taasifamuufi kan qabu ta'uu isaa namatti agarsiisa.

Yaada kana ilaalchisee USAID (2003) irratti

Remediation carried out by teachers is a way of helping those learners who are learning the Remediation knowledge and skills more slowly than others in a class. Those learners fall behind and need additional help. Teachers who use remediation know that all learners can succeed if given the right chances. USAID (p .13) jechuun ibsameera.

Gabaabumatti, yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, deeggarsi barattootaaf barbaachisu kun cal jedhamee kan kennamu akka hin taanee dha. Barattoota haala fudhannaa barnoota isaaniitiin adda baafachuu gaafata. Kana raawwachuuf immoo Madaalliin tooftaa isa jalqabaati jechuun ni danda'ama.

#### **2.5.4. Bu'aa Dandeettii Dubbisuu Madaaluu**

Bu'aalee dandeettii dubbisuu madaaluu inni duraa dandeettii barattoonni argatanii fi hin arganne adda baasuuf barsiisaadhaaf odeeffannoo gahaa kennaaf. Inni lammataa immoo fooyya'ina dandeettii barattootaa utuu qabiyyee isa itti aanutti hin ce'iin barataa kamtu jijjiirama fide; kamtu hin jijjiiramne kan jedhu too'achuuf barsiisota gargaara. Yaadni inni Sadaffaa immoo qajeelfama isa kamtu barataa kamiif mijataa akka ta'e barsiisota kan qajeelchudha. Kan araffaa immoo ga'umsa fooyya'ina meeshaalee barnootaa bu'a qabeessa ta'e barsiisonni yerootti sirriitti fayyadamuun dhimma akka itti bahan gargaara. Inni xumuraa barsiisonni qabiyyee barnootaa sana akkamitti fooyyessuu akka danda'aniif odeeffannoo kennaaf.

Akkasumas, dubbisuun akkuma dandeettii afaanii kamiyyuu kaayyoo ittiin geggeefamu kan mataa isaa qaba. Kaayyoo dubbisuu ilaalchisee "to enable students to read without help unfamiliar authentic texts at appropriate speed, silently and with adequate understanding" Natal (1992:21) akka yaada kanaatti kayyoon barnoota dandeettii dubbisuu barattootni gargaarsa malee waan haaraa tokko saffisa fudhatamuu qabuun callisanii dubbisuun hubannoo gahaa akka argatan taasisuu dha. Kaayyoon dubbisuu keenyaa dubbisa tokko maalif akka dubbisnu, akkamitti akka dubbisnu, ykn immoo tarsiimoo ittiin dubbisnutti nu geessa. Hayyuun Wallace (1993) kayyooleen dubbisuu akkaataa armaan gadiitiin ka'a: Jireenyaaf dubbisuu (reading for survival), bashannanaaf dubbisuu (reading for pleasure), barachuuf dubbisuu (reading for learning)

### **2.5.5. Tarsiimolee Dubbisuu**

Kaayyoo fi haalota keessatti dubbisan irratti hundaa'uun tarsiimolee dubbisuu gurguddoo afurtu jiru. Isaanis:

#### **2.5.5.1. Saffisaan Dubbisuu (Skimming Reading)**

Akaakuun dubbisuu kun yaada bu'uuraa qofa kan gadi fageenya hin qabneefi ergaa dimshaashaa ta'e argachuuf tooftaa itti fayyadamnudha. Ariitiidhaan dubbisuun odeeffannoo kan barbaan nudha. Waan ta'a jedhamee eegame tokko qunnamtii gochaa mirkaneessuuf kan dubbifamuudha.

Skimming is reading quickly to gain a general idea. Skimming may allow you to read 'upto1000 words a minute. Skimming helps you identify whether or not to continue reading, what to read carefully, and where the best place is to begin. Skimming an academic text immediately before you read it carefully can help you consider what you already know and can help you develop a purpose for reading . (<http://www.teachingenglish.org.uk>)

#### **2.5.5.2. Sakatta'aan Dubbisuu /Scanning reading/**

Barreeffama kenname keessaa odeeffannoo yookaan ragaa murtaawaa ta'e argachuuf tooftaa fiigichaan dubbisanii kaayyoo barbaadame bira ittiin gahanidha."Scanning is reading quickly to search for specific information. You may not realize it, but you are already good at scanning. You scan, for example, when checking a TV guide or a phone book. Scanning may allow you to 'read' upto 1,500 words a minute. <http://www.teachingenglish.org.uk>

#### **2.5.5.3. Bal'inaan Dubbisuu /extensive reading/**

Gosa dubbisuu kaayyoo bashannanaaf dubbifamuudha. Kan keessatti adeemsa yookiin yaa'a yaadaa barreeffama sanaa kan irratti xiyyeeffatuu fi fakkeenyaaf, dubbisaan asoosama dubbisa taanaan xiyyeeffannoon isaa namfakkiiwwan gurguddaa fi xixinnaarratti xiyyeeffachuun eessaa garamitti seenaan asoosama sanaa deema jechuun bal'inaan dubbisa.

#### **2.5.5.4. Gadi Fageenyaan Dubbisuu (Intensive reading)**

Gosa dubbisuu ergaasaas sirriitti hubachuuf jedhamee gadifageenyaan dubbifamuudha. Yeroo kanatti dubbisaan dubbisuudhuma qofaaf osoo hintaane yaadasaa gadifageenyaan hubachuu dabalata. Akkasumas yeroo itti yaada barruu sanaa yookiin barreessaa sanaa qeequ, yaada

mataasaan goolabuu fi sammuudhaan ciminaa fi hanqina qabiyyee sanaa gadi fageenyaan xiinxaludha. Sababoonni dubbisuu gurguddoo lamatu jiru isaanis: Bashannanaaf dubbisuu (reading for pleasure)fi odeeffannoo argachuuf dubbisuu (reading for information)dha.

## **2.5.6. Gulantaalee dubbisuu**

### **2.5.6.1. Gulantaa Dubbisuu Duraa**

Qajeelfamni ifaa ta'e barattootaaf ni kennama. Isaan booda gaaffilee barattoonni beekumsaa fi muuxannoo duraan qaban irraa ka'anii yaada isaanitti fakkaate kennuu danda'an sissi'eessutu kennamaaf waa'ee dubbisa dubbisuuf jedhanii kan isaan tilmaamsisuu fi kallattii mata durichaa agarsiisu ta'uu qaba.

### **2.5.6.2. Gulantaa Yeroo Dubbisuu**

Qajeelfama ifaa ta'e dursuudhaan gaaffilee deebii odeeffannoo murtaawaa qaban kan barattoonnii utuu dubbisanii deebisanii fi kanneen deebii gabaabaa barbaadan kenninaaf. Hiika jechoota haaraa dubbisicha keessa jiran akka kennan gochuu.

### **2.5.6.3. Gulantaa Dubbisuu Boodaa**

Qajeelfama dursuudhaan gaaffilee barattoonni qabxiilee bu'uuraan dubbisicharraa argatan akka ibsan, haala jiruu fi jireenya ofii fi hawaasa isaanii waliin walbira qabanii ibsuuf isaan kakaasu dhiheessinaaf. Kan barattoonni dandeettiiwwan biroo kanneen akka dubbachuu fi barreessuu shaakalchiisuu danda'u ta'uu qaba gaaffiin dhihaatus, barsiisaan qajeelfamaa fi ajaja erga kennee booda, barattoonni qajeelfamaafi ajaja kenname irratti hunda'uun gaaffiilee waliigalaa dhiyaatan ni hojjetu. Fkn Ergaan waliigalaa dubbisichaa maali? Yaadni keeyyata lffaa maali? Jedhamee gaafachuun hubannaa barattootaa madaalu.

## **2.5.7. Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu**

Dandeettii dubbisuu barsiisuu jechuun callisanii dubbisa barruun taa'e dubbisuu yookaan sagaleessuu qofa osoo hin taane waan dubbifame sana sammuutti qabachuu fi yaadachuu dandeessisuu yookaan gonfachiisu itti horuu dabalata. Gahee barsiisaa fi barataa maal akka ta'ee fi akkasumas meeshaaleen dubbifaman maal maalfaa akkata'an akkaarmaan gadiitti eeramaniiru

**Gahee barsiisaa:Meeshaalee dubbisaa filuu,eenyummaa fi fedhii barattootaa**



hubachuu,dubbisaaf haalduree mijeessuu,kaka'umsaumu, jajjabeessuu, leenjisuu,qajeelchuu,sakatta'uufidogoggora sirreessuu.Gaheen barataa:Tilmaamuu,hirmaachuu gaafachuu,tarsiimolee dubbisuu shaakaluu,gulantaalee dubbisuu hojiitti hiikuu, yaada balballoomsuu,yaada dubbisichaa ibsuu (afaanii fi barreeffamaan)kan dhiyeessaniidha.

## **2.6. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkaatanii**

Mata duree kana jalatti kan sakatta'aman qorannoo kana wajjiin warra walitti dhiyeenya qaban yoo tahan, tokkummaafi garaagarummaa isaan jidduu jiru iddoo itti agarsiifamuudha. Qorannoon kutaa kana jalatti sakatta'aman isaan haala qorannoo kanaan walfakkaatuun itti guuttannaa digirii lammaffaaf qophaa'an qofa ta'u. Kanaafuu,walitti dhufeenyi kallattii, akkasumas, addaa addummaa qorannoo kana waliin qabanis, kan sakatta'amaniidha.Qorannoowwan kunniin isaan afaan garagaraatiin hojjatamaniifi Afaan Oromoo irratti dalagamantu sakatta'ame.

Qorannoon jalqaba irratti sakatta'ame qorannoo Mazgabuu (2015) yoo ta'u, qorannoon kun karaa alkallaattiitiin malee karaa kallattiitiin kan walfakkaatuu miti. Sababni isaas qorannoon isaa mataduree rakkoo madaallii walitti fufaa hojirra oolchuu irrattii barsiisota Arsi Bahaa qunnaman irratti kan adeemsifame yoo ta'u innis, mala akkamtaafi hammamtaan kan gaggeeffameedha.Walfakkiin isaanii waa'ee madaallii irratti dalagamuu qofa yoo ta'u garaagarummaan isaanii ammoo qorannoon kun xiinxala akkaataamadaallii walitti fufaa(hojirra) irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, akka kan Mazgabuu rakkoo itti fayyadama madaallii walitti fufaa hojirraa oolmaa dhoorkanii irratti kan xiyyeeffatee miti.

Kanaaf, qorannoon kun xiinxala akkaataa madaallii walitti fufaa dandeettii dubbisuufi barreessuu irrattii hundaa'uun akkaataafi gosa madaallii walitti fufaa dandeettii dubbisuufi barreessuu waan qoratuuf kan Mazgabuu irraa adda. Qorannoon lammaffaa kan sakatta'ame qorannoo Baqqalechi (2012)ti. Qorannoo kana qorannoo ishee irraa wanti adda isa taasisu kan Baqqalechi raawwii madaalii walitti fufaa irratti kan geggeessite yoo ta'u, kun immo xiinxala akkaataa madaallii walitti fufaa dandeettii dubbisuufi barreessuu waan ta'eef, kun kan ishee addadha. Kana malees, qorannoo kana lamaan wanti adda taasisu.Malli isheen itti fayyadamte mala akkamtaa qofaadha. Kun garuu mala qorannoo makaatiin kan gaggeeffameedha.Kanaaf qorannoon kun lamaan

madaallii irratti waan dalagamaniif akkuma kan Mazgabuu walitti dhufeenya alkallattii malee kallattiidhaan kan walhinfaakkaanne ta'uu isaati.

Qorannoon inni sadaffaan qorannoo Silashii (2007) yoo ta'uu, kaayyoon isaa haala barsiisonni koolleejjii barsiisan madaallii walitti fufaa hubataniifi hojirra oolchan sakatta'uudha. Qorannoon isaas akkuma kan jara kaanii madaallii walittii fufaa qofa irratti kan xiyyeeffaatu yoo ta'uu, qorannoon kun immoo xiinxala akkaataa madaallii walitti fufaa dandeettii dubbisuufi barreessuu irratti xiyyeeffatuun akkaataafi faayidaa madaallii walitti fufaa hojii irra oolanii kan qoratu waan ta'eef, kan Silashiitiinis alkallattiidhaan walitti dhufeenya ni qabu.

Walumaagalatti, Afaan Oromootiin hanga qoratichi sakatta'etti kallattiin kan walfakkaatu hin argamne. Kanaaf, qorannoo kana warra kaanirraa wanti adda isa taasisu akkaataa madaallii walitti fufaa dandeettii dubbisuufi barreessuu daree kessatti barsiisonni itti fayyadamaniifi gosoota madaallii walitti fufaa barachuu hubachuu (assessment of learning), madaalliin barsiisuu (assessment for learning)fi madaalliin ofdandeessisuuf barsiisuu (assessment as learning) irratti xiyyeeffatuun kan hojjatame ta'uu isaadha..

## **2.7. Yaaddiddama (Yaaxxina) (Theory)Qorannichi Bu'uureffate.**

Akkuma beekamu afaan baruufi barsiisuun yaaddiddamoota garagaraa irratti kan hundaa'uudha.Akkasumas,qorannoon adeemsifamu tokkosyaaxxinoota (yaaddiddamoota) adda adda bu'uuref-fachuu qaba.Haaluma kanaan,yaaddidamoonni jajjaboon baruufi barsiisuu keessattidhimma itti bahamanis kanneen akka yaaddiddama ijaarsaa,yaaddiddama amaleeffannaa, yaaddiddamauumamaa, yaaddiddama xiinsammuu, yaaddiddama seenaa deebisanii ijaaruu, yaaddiddama iskeemaafi kkf isaan afaan baruufi barsiisuu irratti dhiibbaa cimaa qabaniidha

### **2.7.1. Yaaddiddama Ijaarsaa (Constructivism Theory)**

Sirni barnoota biyya keenyaa yaaxxina ijaarsaa irratti kan hundaa'e ta'uu isaa yaanni dhaabbanni qorannoo biyyattii "National organization for examination (NOE)" jedhamu kaa'e tokkoo akkanatti ibsa.

Ethiopia is one of the leading horn African countries to frequently consider adapting international innovations to its own education context. In particular, the Ministry of

Education in Ethiopia has been launching radical changes in the curriculum of school education for more than two decades. In the curriculum of school education in Ethiopia, they shift a way from traditional (behaviorism based) education towards constructivism-based education began to be implemented in the 1995 academic year (NOE,2014:p.5).

Akka yaada kana irraa hubatamuun danda'amutti; biyyi keenya kan yaaxxina ijaarsaa hordofuun, sirna barnoota ishee qopheeffattu ta'uu isaati. Haaluma kanaan, yaaddiddamni kun waggoota hedduuf hojii irra oolaa kan ture yoo ta'u, yaadni isaa barattoonni si'aayinaan hubannoo mataa isaanii jechoota bu'uura godhate akka gonfatan taasisuudha. Akkasumas, barattoonni muuxannoo isaanii irraa dandeettii yaaduufi haala galumsaatiin hiika ijaaruu akka danda'an ibsa. Gama biraatiin beekumsa sammuu isaanii fi odeeffannoo haaraa akka beekumsa nama haaraatti kan ittiin hubataniidha. Kanaaf, barattoonni beekumsa ijaaruu keessatti hirmaachuun, qeequun, daawwachuuniifi walitti dhufeenya hiika jechootaa kan itti hubataniidha Darge (2001) .kanarraa wanti hubatamuu qabu barattoonni dubbisuu irratti si'aayinaan barreeffamoota irraa akka hiika itti argataniifi adda baafataniidha. Bifuma walfakkaatuun, madaallin barnoota biyya kanaas, yaaxxina ijaarsaa kana waliin walsimatuu qaba. Yaada kanas hayyuun Anandan akkas jechuun ibsa:

Constructivism is a philosophy of learning founded on the premises that by reflecting on our experiences we construct our own understanding of the world we live in. Each of us generate our own rules and mental models which we use to make sense of our mental models to accommodate new experiences (Anandan2016: 11)

Qorannoon kunis, yaaxxina kana irratti bu'uureffachuun akkaataa madaallii walitti fufaa keessatti xiyyeeffannoon dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa fooyyessuuf barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan itti fayyadaman maal akka fakkaatu kan xiinxaleedha.

### **2.7.2. Yaaddiddama Iskeemaa (Schema Theory)**

Yaaddiddamni Iskeemaa afaan dhalootaafi lammaffaa barachuufi dubbisuu irratti dhiibbaa gama koorniyaan dhufuuf furmaata ni kaa'a. Kunis: "According to some scholars, Schema theory can be a possible solution to the myths of the impact of the content of texts on gender differences in comprehension ability of the first language or second language reading texts. According to this theory, our system contains'an enormous number of schema" (Rumelhart &Ortony,1977: p.128)

Yaada kana irraa kan hubatamu tooftaan (haalli) nuti qabiyyee barreeffame tokkoo ittiin dubbifnu akkaataa hubannaa keenyaa irratti kan hundaa'uu ta'uu isaa agarsiisa

### **2.7.3. Yaaddiddama Amaleessitootaa (Behaviorism Theory)**

Yaaddiddama amaleessitootaa keessatti barachuun amala sababa wantoota naannootti argaman irraan dhufu gonfachuudha. Akka yaada kanaatti, barachuun irra deddeebiifi amala uummachuu sababa si'eessituutiin walitti fufiinsaan raawwatuudha, (Skinner, 1997:f.202-203). Yaaddid-damni kun "dandeettiin dubbisuu barattootaa barreeffamoonni qaama isaa gadiitti caccabuun (hima, ciroo, gaalee, jechaa, birsagootaafi dhamsagootatti) hIRAMUUN haala tarsiima'aa ta'een shaakaluudha. kanaaf, dubbisuun irra deddeebi'anii shaakaluufi amala uummachuun kan baramuudha" jechuun ibsa.

### **2.7.4. Yaaddiddama uumamaa (Natural Theory)**

Yaaddiddamni uumamaa afaan barachuun bu'aa sanyii dhala namaati (krashen,1982, f.20-21). jedha. Yaaddiddama kana keessatti dubbisuun barachuun akka ijaarsa dandeettii keessootti ilaalama. Kanaaf barattoonni irra deddeebiin yoo kan dubbisan ta'e dandeettiin keessoo isaanii bilchaataa adeema. Kun immoo beekumsa keessoo isaanii ijaaruu keessatti bakka guddaa qaba.

### **2.7.5. Yaaddiddama Xiinsammuu (Psychoanalytic Theory)**

Inni kan biraan yaaddiddamni xiinsammuu afaan barachuufi dubbisuun akka adeemsa sammuu odeeffannoo adeemsisuuttiifi akkamitti dalagaan kun sammuu namaa keessatti akka raawwatu hubachuu irratti xiyyeeffata (Wilhem&Engle, 2012:f.143). Kunis, dubbisuu akka adeemsa sammuu ibsa barbaaduufi dandeettii dubbisaa bal'aa bu'uura godhateetti kan ilaaludha. yaaddiddamni kun dubbisa dhuunfaa irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, gamtaan dubbisuu barattootaa irratti hanqina qaba.

Haaluma kanaan, qorannoon kunis haalli madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa Afaan Oromoo (afaan dhalootaa) irratti maal akka fakkaatu baruufi xiyyeeffannoon akkamii akka kennamaafii jiru beekuuf kan gaggeeffameedha. Kanaaf, qulqullinni barnoota afaanichaa argamuu kan danda'uu dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaaf xiyyeeffannoon kennamee sirna barnoota biyyattii waliin deemuu yoo danda'e qofaadha. Akkasumas, qulqullinna barnoota

afaanichaa sadarkaa kan eeggateefi hammayyoomaa akka ta’u gochuun immoo, barataa dandeettii dubbisuufi barreessuu afaanichaatiin ga’umsa qabu oomishuuf shoora olaanaa qaba. Kun immoo guddina afaanichaa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa taphata.

## **BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA**

### **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoon kun ragaalee funaanaman qaaccessessee ibsuu irratti kan hundaa’eedha. Kanaaf, mala qorannoo qulqulleeffataafi safarataa walitti fiduun mala qorannoo makaatiin kan geggeeffamee dha. Haaluma kanaan, qorannichi ragaalee xiinxalee ibsuu irratti waan bu’uureffameef saxaxa qorannoo ibsaatti kan gargaarameedha. Kunis, saxaxni qorannoo haala waliigala qorannichaa kan too’atu waan ta’eefiidha. Innis qorannichi maal fakkaata? Maal irratti bu’uure? kan jedhu waan deebisuufidha. Haaluma kanaan, saxaxni qorannoo kanaas, gaaffilee bu’uura qorannoo akkaataa madaallii walitti fufaa keessatti dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa, gosoota madaallii walitti fufaa adeemsifamuu, xiyyeeffannoo dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaafi haala duubdeebiin barattootaaf itti kennamu irratti odeeffannoo funaanuun kan ibsameedha. Kanumarraa ka’uudhaan, qorannichi haala qorannoo ibsaatiin ragaa gama meeshaalee qorannootiin funaaname kan xiinxalee (qaaccessessee)dha.

### **3.2. Irraawwatama Qorannichaa**

Qorannoon kun Godina Jimmaa Aanaa Cooraa Botoritti, mana barnootaa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisaniifi barattoota kutaa 9<sup>ffaa</sup> baratan irratti kan raawwatameedha. Kunis, sababni barsiisota irratti xiyyeeffateef madaallii hojii irra kan oolchaniifi barnooticha barsiisaa kan jiran isaan waan ta’aniifiidha Akkasumas, sababni qorannoon kun barattoota irratti xiyyeeffateefis, barattoonni madaallii barsiisonni gaggeessan irraa fayyadamoo waan ta’aniif. Kanarraa kan ka’e, qorannichi akkaataa hojiirra oolmaa madaallii walitti fufaan walqabatee, dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa fi ogummaa barsiisotaa irratti rakkoon jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaanii qorachuufi kallattii furmaataa kaa’uuf irraawwatama kanneen fayyadamuun qorannicha gaggeessee jira.

### **3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu (Sample population)**

Mala kana keessatti haala, odeeffannoo kennitootni itti filatamantu dhiyaata. Haaluma kanaan, barsiisota mana barumsichaa 40 (afurtama) jiran keessaa kanneen barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan dhiira 4fi dubara 2 ida'ama barsiisota jaha (6) 100 % mala iddatteessuu al-carraa kaayyeffataa(akkayyootiin) filamaniiru. Sababni isaas ragaan isaan irraa argamu qulqulluufi qorannichi kallattiidhaan isaan kan ilaallatu waan ta'eef. Itti dabalun, koree deeggarsa mummee dhiira 2fi dubara 1 ida'ama 3(sadi) 100%, dura bu'aa 1fi ittaanaa dura bu'aa 1 ida'ama dhiira 2(100%) mala iddatteessuu mit-carraa kaayyeffataan (purposive sampling kan gargaarameedha. Akkasumas, Supparvaayzara sad.2ffaa dhiira 1(tokko) 100% mala iddatteessuu kaayyeffataan kan hirmaachiseedha. Itti fufuunis, barattoota mana barumsichaatti kutaa 9ffaa baratan 400 (dhibba afur) jiran keessaa  $\frac{1}{4}$  ffaa isaanii, dhiira 50fi dubara 50 ida'ama barattoota 100 (dhibba tokko), dhibbeentaan 25% mala iddatteessuu carraa keessaa mala 'istiratifaayidii' (stratified sampling) tiin kan filateedha. Sababni isaas barattoota hunda irratti qorannicha gaggeessuun waan cimuu fiidha.

### **3.4. Madda Ragaa Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan akkaataa madaallii walitti fufaa dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa irratti xiyyeeffachuun barsiisonni mana barnoota sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti Afaan Oromoo barsiisan itti fayyadaman xiinxaluu waan ta'eef, qorannoo kanaa karaa lamaan ilaalameera.

1. Maddi raga 1ffaan adda durummaadhaan barsiisota mana barnoota sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan, barsiisota ittigaafatamtoota muummeewwanii, dura bu'aa, ittiaanaa dura bu'aafi supparvaayzara gaaffilee af-gaaffiin kallattii gaafatamaniif deebii kennuun madda raga jalqabaa ta'anii kan hirmaataniidha. Akkasumas, barattoota kutaa 9<sup>ffa</sup> barataniif gaaffilee bargaaaffii dhiyeessuun raabsameefii odeeffannoo kan kennaniidha. Kanaaf, isaanis madda ragaa ijoo ta'aniiru. 2. Maddi raga 2ffaan Sakatta'a dokumentiitiin karoora guyyaa, torbeefi kuusaa qabxii madaallii walitti fufaa barsiisonni itti fayyadaman irraa kan argameedha.

### **3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname**

Qorannoo kamiifuu odeeffannoon barbaachisaadha. Odeeffannoon hojiirra ooluuf funaanamuun dirqama. Kunis, ta'uu kan danda'u yoo meeshaan ittiin funaanamu jiraatedha. Kanaafuu, odeeffannoon qorannoo kanaa bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaa dareetiifi sakatta'a dokumentiitiin funaanamuun kan xiinxalameedha. Meeshaaleen kun qorannoo makaa keessatti barbaachisummaan isaanii olaanaadha.

#### **3.5.1. Af-gaaffii**

Af-gaaffiin meeshaalee ittiin odeeffannoo funaanaman ta'ee, qaama odeeffannoo irraa argannuuf kan dhiyaatudha. Haaluma kanaan, gaaffilee kaayyoo qorannichaa keessaa akkaataa (adeemsa) madaallii walitti fufaa deebisan barreeffamaan dhiyeessuudhaan barsiisota afaan oromoo barsiisaniifi iddatto ta'an, 6 (jaha) f afaaniin kan dhiyaatan yoo ta'an, koree deeggarsa muummee ,dura bu'aafi itti aanaa dura bu'aa, akkasumas supparvaayzara manneen barnoota sadarkaa lammaffaa aanaa Cooraa Botoriitiif dhiyaachuun kan gaafatamanii deebii kennaniidha.

#### **3.5.2. Bar-gaaffii**

Gaaffileen barreeffamaan gaafachuuf mijatoo ta'an barattoota iddatto ta'aniif kan dhiyaataniidha. Haaluma kanaan, gaaffileen kunis barattoota mana barumsichaa kutaa 9ffaa baratan 400 keessaa  $\frac{1}{4}$  ffaa 100 (dhibba tokko) f dhiyaachuun kan gaafatamaniidha kunis: gaaffileen filannoo qaban 32 (soddonii lama) fi gaaffii banaa barreeffamaan deebiin kennamu 10 (kudhan) qopheessuun barattoota kutaa 9<sup>ffaa</sup> barataniif raabsamuun kan raawwateedha. Innis haala banaa fi ifa ta'een qophaa'uun barattootaaf dhiyaachuun kan gaafatamaniidha. Gaaffileen Kunneenis, qabxiilee kaayyoo qorannoo kanaa keessaa akkaataa hojii irra oolmaa madaallii walitti fufaa, gosoota madaallii walitti fufaafi rakkoo dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa irratti mul'tan kan deebisaniidha.

#### **3.5.3. Daawwannaa Daree**

Daawwiinkan qorataan bakka daawwatamu sanatti argamuun (dhaquun) gaaffilee mirkaneessituu qopheeffachuun odeeffannoo kan ittiin funaaneedha. Kunis kaayyoo gooree qorannichaa keessaa madda rakkoo madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu kan adda baasuufi qabatama

taasisuudha. Kanaafuu, gaaffileen kudhan qophaa’anii qoratichi harkatti qabachuun daree seenee madda rakkinnichaa kan addaan itti baaseedha. Akkasumas, gaaffilee mirkaneeffannaatiin alas adeemsa baruufi barsiisuu haala daawwateen kan xiinxaleedha. Kunis, barsiisaan tokko waytii lamaaf daree seenuun kan ilaalameedha

#### **3.5.4. Sakatta’a Dokumentii**

Sakatta’a dokumentii keessatti ragaan karoora torbee irraa argamu ragaa bu’uuraa waan ta’eef, karoora barsiisonni qopheeffatanii daree ittiin seenan daawwii daree booda kutaa odeeffannoo waliigalaafi adeemsa madaallii hammate xiinxaluun akkaataafi gosoota madaallii barsiisonni adeemsisan maal akka fakkaatu kan xiinxaleedha. Akkasumas, kuusaan qabxii madaallii barattootaa kan barsiisonni harkatti qabatanis sakatta’ameera. Kunis kaayyoo qorannichaa keessaa akkaataa madaalliin ittiin gaggeeffamu kan jedhuuf deebii ta’eera.

Walumaagalatti,gama meeshaa funaansa ragaatiin, af-gaaffii barsiisota 6’n Afaan Oromoo barsiisaniif, Koree Deeggarsa Muummee 3 ,dura bu’oota 2 fi Supparvaayzaraa 1f dhiyeessuun akkasumas, karoora guyyaa barsiisota 6’n Afaan Oromoo barsiisanii sakatta’uun, daawwannaa barsiisotaa 6f gochuun, fi bar-gaaffii barattoota 100 (dhibba tokkoof)dhiyeessuun ragaan funaaname mala qaaccessa hammamtaa (qulqulleeffataa)fi akkamtaan (safarataan) addaan qoodamee kan xiinxalameedha. Kunis:qorannichi gosa qorannoo makaatiin kan geggeeffame ta’uu isaa kan agarsiisuudha.

#### **3.6. Tariiba Odeeffannoon Itti Funaaname**

Adeemsa funaansa ragaa ilaalchisee jalqaba irratti bulchiinsi mana barumsa Cooraa Baggee sad.2ffaa fi barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hayyamamoo ta’uudha.Itti aansuun, itti gaafatamaa muummee afaanii waliin wal arguun marii taasifameen sagantaan kan qabameedha.Yeroo itti aanutti gaaffileen barreeffamaa banaafi cufaa ta’an, qophaa’uun barattootaaf raabsamuun guyyoota muraasa booda yaad-deebiin funaanameera. Dhumarratti, deebii barattoota irraa argame qorataan walitti qindeessuun mala safarataatti gargaaramuun ibsi itti kennamee jira.Itti fufuunis,af-gaaffilee barsiisotaaf qophaa’an qorataan itti gaafatamaa muummee waliin ta’uun gaafatamtoonni deebii akka kennan gochuun deebii argame qorataan bifa barreeffamaatiin qabachuun booda qaaccessessee jira.Qaaccessi kunis mala qulqulleeffataa



fayyadamuun kan xiinxalameedha.Dabalataanis, Daawwannaa daree taasisuun barsiisota afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan bira waytii lama,lama seenuun raga qabachuufi haala baruufi barsiisuu daawwateera.Akkasumas,ragaalee karoora torbeefi madaalliin barattootaa irratti gaggeeffamu sakatta'uun kan raawwatameedha.

### **3.7. Mala Odeeffannoon Ittiin Qaacceffame**

Odeeffannoowwan kallattii garagaraatiin funaanaman walitti qabuun haala hiika kennuu danda'uun qindeessanii qaaccessuun barbaachisaadha.Haaluma kanaan, qoratichi odeeffannoolee qorannichaaf isa gargaaran erga funaannateen booda ragaale karaa gaaffilee cufaafi banaatiin walitti qabaman mala ibsaatiin irra deddeebiifi dhibbeentaa fayyadamuun akkaataa madaalliin itti gaggeeffamu mala qorannoo qulqulleeffataafi safarataan qaacceffamee jira.Sababni irra deddeebiifi dhibbeentaa fayyadameef ragaalee bifa gaaffii banaatiin qaamota garagaraa irraa funaanaman mala safarataan wal bira qabuun dorgomsiisuun madaaluuf waan gargaaruuf.

Akkasumas,ragaalee karaa af-gaaffiitiin barsiisota Afaan Oromoo barsiisan,koree deeggarsa muummee,dura bu'ootaafi supparvaayzara irraa walitti funaanames wal bira qabuun irra deddeebi'uun deebiiwwan kennaman erga dubbifamanii booda mala qorannoo qulqulleeffataa gargaaramuun qaacceffamee jira.Bifuma walfakkaatuun, ragaaleen karaa daawwannaa dareefi sakatta'adokumentiitiin walitti qabamanis erga hubatamanii booda qaaccessi isaa gaggeef - fameera.Kunis:ragaaleen daawwatamaniifi sakatta'aman kunneen tooftaa qulqulleeffataatti dhimma bahuun qaacceffamanii jiru.

### **3.8. Naamusa Qorannichaa.**

Naamusni qorannoo naamusa qorataa (qorattuu) tokko irraa eegamuudha. Haaluma kanaan,qorataan kunis naamusa armaan gadii kana hordofuun qorannoo isaa raawwatee jira.Qoratichi erga mata duree qorannoo isaa muummee Afaan Oromoofi Og-barruu Yuunivarsiitii Jimmaa irraa mirkaneeffatee booda qaamota qorannoo isaatiif isa gargaaran bira deemuun sirnaan mariisisee jira.Kanas karaa seera qabeessaafi naamusa gaarii ta'een qaamota odeeffannoo irraa funaannatu wajjiin kan raawwateedha.Haaluma kanaan, kaayyoo qorannoo isaa odeeffannoo kennitootaaf ibsee jira.Hirmaattonni qorannichaa dhiibbaa tokko malee fedhii isaaniitiin odeeffannoo kennanii jiru.Itti dabalees,odeeffannoon kan walitti qabame namoota dhuunfaa irraa gaaffilee afaaniifi barreeffamaa, daawwannaa dareefi sakatta'a dokumentiin kan raawwateedha. Dimshaashumatti, qoratichi haala aadaafi safuu hawaasaa eeggateen

amanamummaadhaan bakka ragaan qorannichaa argamutti qaamaan argamuufi iccitii ragichaa eeguun qorannoo kana gaggeessee jira.

## BOQONNAAAFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALÉEDHIYAATANII

Boqonnaa kana keessatti ragaan karaa adda addaatiin funaaname kan xiinxalamuufi hiikamu ta'a. Kunis karaa akkamtaafi hammamtaan, ragaan af-gaaffii, daawwannaa daree, xiinxala dokumentii tiifi bar-gaaffiin funaaname kan xiinxalameedha.

### 4.1. Xiinxala Ragaalee Akkamtaa (Qulqulleeffataa)

#### 4.1.1 Xiinxala Ragaalee Akkaataa Madaalliin Itti Hojiirra Oolu Ilaallatan

Kutaa 1ffaa: Kutaa kana jalatti ragaaleen mala akkamtaatiin funaanaman akkaatuma walitti dhufeenya isaaniitiinaf-gaaffiidhaanhaala gabateenqindaa'aniikandhiyaataniidha. Gabatee 1: Tooftaa madaallii af-gaaffii barsiisotaatiin adeemsifame.

Lakk.	Gaaffilee	Yeroo hunda		Yeroo baay'ee		Yeroo tokko tokko		Darbee darbee		Kan fayyadam		Kanhin fayyadam		Walii galaa	
		L.	%	L.	%	L.	%	L.	%	L.	%	L.	%	L.	%
1	Barattoonni akkaataa dandeettii isaaniitiin ni madaalamuu?	0	0	1	16.7	2	33.3	3	50	6	100	0	0	6	100
2	Gosoonni madaallii. hundi ni kennamaa?	0	0	1	16.7	3	50	2	33.3	6	100	0	0	6	100
3	Barreessuufi dubbisuu barattootaafxiyyeeffannoon ni kennamaa?	0	0	0	0	2	33.3	3	50	5	83.3	1	16.7	6	100
4	Barattootaaf hojiin waraqaa ni kennamaa?	0	0	1	16.7	3	50	2	33.3	6	100	0	0	6	100
5	Rakkoon barreessuufi dubbisuu barattootaa ni mul'taa?	0	0	1	16.7	2	33.3	2	33.3	5	100	1	16.7	6	100
6	Barattootaafhojiin dareefi hoj-maneen ni ilaalamaa?	0	0	1	16.7	3	50	2	33.3	6	100	0	0	6	100
7	Abbaltiin barattootaa ni sororfamaa?	0	0	0	0	1	16.7	2	33.3	3	50	3	50	6	100

Gabateen 1 akka ibsutti tooftaa madaallii daawwannaa barsiisaatiin adeemsifamu keessaa , barsiisonni barattoonni yeroo madaalaman akkaataa dandeettii isaaniitiin kanneen madaalan yeroo hunda % 0,yeroo baay'ee % 16.7 yeroo tokko tokko % 33.3, darbee darbee % 50 fi waliigalaan %100 kan raawwatan yommuu ta'uu, gonkumaa kan hin raawwanne %0 ta'uu kan agarsiisuudha. Kun ammoo kan mul'isu tooftaa kana barsiisonni yeroo tokko tokkofi darbee darbee malee kan itti hin fayyadamne ta'uu isaati.Gosoota madaallii barattoonni madaalaman jedhu kessatti akka gabateen kun mul'isutti barsiisonni gaaffiin kun dhiyaateef hundi isaaniituu (%100) gosoota madaallii muraasa kan fayyadamanii fi hinfayyadamne ta'uu isaati. Gaaffii lakkoofsa sadaffaa irratti barreessuufi dubbisuu barattootaaf xiyyeeffannoon ni kennamaa? kan jedhuuf, yeroo hunda %0 yeroo baay'ee %0 yeroo tokko tokko %33.33 darbee darbee %50fi waliigalaan kan itti fayyadamuu isaanii ibsan % 83.3 yoo ta'uu gonkuma kanneen itti hinfayyadamne %16.7 ta'an. Kanarra kan hubatamu tooftaan kun yeroo tokko tokkoofi darbee, darbee malee, haala barbaadamuun hojiirra kan oolaa hin jirre ta'uu isaati. Barattootaaf hojiin waraqaa ni kennamaa? tooftaa jedhu immoo barsiisonni yeroo hunda itti fayyadamna jedhan % 0, yeroo baay'ee %16.7, yeroo tokko tokko % 50, darbee ,darbee % 33.3 ida'amni kanneen itti fayyadamanii %91.7fi gonkuma kanneen ittii hin fayyadamnu jedhan %. 0 ta'a. Innii kun immoo kan agarsiisu barsiisonni yeroo tokko tokkoofi darbee darbee tooftaa kana gargaaramuun barattoota kan madaalan ta'uu isaati.

Rakkoon dandeettii barreessuufi dubbisuu barattoota hojii garagaraa yoo hojjatan ni mul'ataa?" kan jedhu, yeroo hunda % 0 yeroo baay'ee %16.7, yeroo tokko tokko % 33.3, darbee darbee % 33.3, walumaagalatti kan ni mul'ta jedhan, %83.7 ta'u.Kan gonkuma hin mulatu jedhan % 16.7 dha. Kana irraa kan hubatamu rakkoon barreessuufi dubbisuu barattoota baay'inaan jiraachuu isaati.Garuu xiyyeeffannoon akka kennamaafii hin jirre hubanna.“ Hojiin dareefi hoj-maneeen ni ilaalamaa?". Kan jedhu yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee %16.7, yeroo tokko tokko % 50, darbee darbee %33.3 ,waliigalaan kan raawwatan %83.3 yoo ta'uu, gonkuma kan hin raawwannee % 0 ta'a. Kun kan agarsiisu tooftaan kun yeroo tokko tokkoofi darbee darbee baay'inaan hojiirra kan oolu ta'uu isaati. Abbaltiin barattoota daree keessatti ni sororfamaa?" kan jedhuuf yeroo hunda %0, yeroo baay'ee %0,yeroo tokko tokko %33.3, darbee darbee %16.7 yoo ta'u, ida'ama

raawwiitiin %50 ta'a. Akkasumas, gonkuma kan itti hinfayyadamne % 50 ta'a. Kana irraa kan hubatamu tooftaa kana barsiisonni walakkaa ta'an itti kan hin fayyadamne ta'uu isaati.

Walumaagalatti, ida'amni raawwii tooftaa madaallii barreeffamaan gaggeeffamuu: yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee %11.9, yeroo tokko, tokko %38.1, darbee, darbee %38.1 yoo ta'u, ida'amaan kanneen tooftaa kana itti fayyadaman %88.1 ta'a. Gonkuma kanneen itti hin fayyadamne ammoo % 11.9 ta'u. Kanarraa hubatamuun akkuma danda'amutti madaalliin barreeffamaa mana barnoota sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggee keessatti barsiisota daree saglaaffaa barsiisan biratti yeroo tokko, tokkoofi darbee, darbee hojiirraa kan ooluudha.

**Gabatee 2:** Tooftaa madaallii gaggeeffamuu irratti af-gaaffii barsiisotaaf taasifame.

Baay'ina filannoofi deebii kennitootaa lakkoofsaafi dhibbeentaan dhiyaate

Lakk.	Gaaffilee	Yeroo hunda		Yeroo baay'ee		Yeroo tokko tokko		Darbee Darbee		Kan fayyadaman		Kanhin fayyadamne		Walii gala	
		L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%
		8	Hoj-maneeffi abbaltiin ni kennamaa?	0	0	3	50	2	33.3	1	16.7	6	100	0	0
9	Barreeffamni barattootaa ni ilaalamaa?	0	0	0	0	2	33.3	3	50	5	100	1	16.7	6	100

Akka Gabateen 2 ibsutti hoj-maneeffi abbaltiin ni kennamaa? kan jedhu irratti yeroo hunda % 0 yeroo baay'ee %50, yeroo tokko, tokko % 33.3, darbee, darbee % 16.7, walumaagalatti kan raawwatan yoo ida'aman %100 ta'u, gonkuma kan hin raawwanne%0 ta'a. Kun immoo tooftaan kun yeroo baay'ee hojiirra kan oolu ta'uu isaati. Barreeffamni barattootaaf ni ilaalamaa? kan jedhuuf immoo yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee % 0, yeroo tokko, tokko %33.3, darbee darbee % 50, kan raawwatan ida'amaan % 83.3fi % 16.7 immoo gonkuma kan hin fayyadamneedha. Akka gabatee kana irraa hubatamutti tooftaan kun irra caalaatti darbee, darbee qofa kan hojiirra oolu ta'uu isaati..

Haala waliigalaatiin, tooftaa madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu gaggeeffamu barsiisonni mana barnoota sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan yeroo hunda %0 yeroo baay'ee %16.7 yeroo tokko tokko % 33.3, darbee darbee % 33.3fi gonkuma kanneen hingargaaramne %16.7 ta'u. Kanneen gonkuma hin fayyadamneefi fayyadaman yoo addaan ba'anii ilaalaman %83.3 ni raawwatu.Haata'u malee,dhibbeentaan olaanaan kanneen darbanii, darbanii itti gargaaramaniidha. Kun kan agarsiisu haalli hojiirra oolmaa tooftaa madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu daree keessatti gadi bu'aa ta'uun, gahumsi dandeettii barattootaa akka gadi bu'uuf sababa ta'uu isaati

#### **4.1.2. Xiinxala Ragaalee Waliigalaa Af-Gaaffiidhaan Funaanamanii**

Kutaan kun kutaa ragaaleen karaa af-gaaffiitiin barsiisota iddattoo ta'aniin filataman waliin gaaffiifi deebii adeemsiisuun argame qindeessuun xiinxalamuudha. Qorannoo kana haala gadifageenyaan qorachuuf, gaafannoofi daawwannaan qofatti gahaa waan hin taaneef, afaaniin gaaffii banaa ta'an bu'uura gaaffilee qo'annoon kun deebisuu barbaaduutiin rakkoo qorannoon kun ni fura jedhamee yaadamu tilmaama keessa galchuun gaaffii xiyyeeffannoon isaa akkaataa madaallii barsiisonni barattoota isaanii madaaluuf ittiin gaggeessan, xiyyeeffannoo dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu irratti duubdeebii barattootaaf kennan, kaayyoo madaallii daree keessatti itti fayyadamaniifi madaallitti fayyadamuun barsiisonni ogummaa ofii isaanii fooyyeffachuufi dhabuu agarsiisu, gaaffii kudhan qopheessuun qoratichi barsiisota daawwataman hunda isaaniituu erga daawwatamanii booda gaaffiin dhiyaateefii deebii isaan kennan haala itti aanu kanaan akkaatuma duraa duuba gaaffii dhiyaateetiin xiinxalamee jira.

Af-gaaffii 1ffaan, “kaayyoon madaallii daree keessatti adeemsifamuuf maali?” kan jedhu ture. Deebiin gaaffii kanaaf kenname iddoo tokkotti sassaabamee yoo xiinxalamu: deebii gaaffii kana irratti barsiisonni yaada walfakkaatuun deebii kennanii jiru. Akka deebiin gaafatamtoota kanneenii mul'isutti, barsiisonni gaafataman hundi isaanii kaayyoo madaallii daree keessatti itti fayyadamaniin ibsaniin jiru. Kunis deebiin isaanii kaayyoo walfakkaataaf akka itti gargaaraman kan calaqqisiisu yoo ta'u, innis, barsiisonni madaallii daree keessatti kan itti gargaaramaniif hubannoo barattoonni barnoota isaanii kennan irratti qaban addaan baafachuuf akka ta'eedha. Kanaaf, deebiin isaanii kun kan agarsiisu, barsiisonni madaallii kaayyoo kallattii tokkoo qofaaf kan itti fayyadaman ta'uu isaati. Kun ammoo sadarkaa hubannoo barattootaa baruu qofa waan ta'eef, guutumatti madaallii barnoota barachuu hubachuutu hojii irra oola jira jechuu ta'a. Garuu barsiisonni madaallii fayyadamuu kan qaban: barattoonni ofii isaaniitiif of danda'anii akka barataniif, adeemsa baruufi barsiisuu fooyyessuuf akkasumas ogummaa ofii isaaniifi hirmaannaa barattootaa fooyyessuuf ittifayyadamuu qaban ture (Steadman, 1998). Haa ta'uu malee, barsiisonni kaayyoo tokkicha qofaaf madaallitti gargaaramuun isaanii rakkoo barsiisonni hubannoo kaayyoo madaallii irratti qaban waan agarsiisuuf, barsiisota gaaffiin kun dhiyaateef hundaafuu kaayyoon madaallii akka hin galleefitti hubatama jechuudha.

Af-gaafannoo 2ffaan, “Daree keessatti tooftaa madaallii akkamii fayyadamtan?” kan jedhu yoo ta'u, haaluma gaafatamtoonni deebisaniin deebiin isaanii duraaduuba yeroo gaafatamaniitiin qindaa'ee xiinxalamee jira. Barsiisaan jalqabaa akka deebii kennetti, “Ani yeroo baay'eef daree keessatti hojii manaa, hojii gareefi gaaffii afaanii fayyadamuun barattoota koo madaala.” Barsiisaan lammaffarra gaafatame deebii yoo kennu, “daree keessatti gaaffii afaaniifi hojii daree kennuudhaan madaala.” jechuun yoo deebisu haaluma wal

fakkaatuunbarsiisaan sadaffaa irrattii gaafatames deebima walfakkaataa yoo kennu akkana jedha. “Daree keessattii yeroo baay’ee gosti madaallii ani fayyadamu hojii manaa,af-gaaffii hojii daree haala gareefi dhuunfaatiin ta’a.” jedha. Innii afaaffaa irratti gaafatame immoo, “Daree keessatti gosti madaallii walitti fufaa akka hojii daree, hojii gareefi cimarii, akkasumas hojii manaa, battalleewwan adda adda:tasaafi sagantaan kennuun itti fayyadama.” jechuun deebii kan kenne yoo ta’u,barsiisonni hafan jahanuu haala walfakkaatuun hojii gareefi dhuunfaa kennina jechuun deebii kennanii jiru. Kanuma irraa ka’uun namni kamuu hubatuu kan danda’u barsiisota gaaffiin kun dhiyaateef keessaa harki caalaan tooftaa madaallii muraasa kan fayyadamaniidha. Isaanis: hojii manaa,gaaffii afaaniifi hojii garee jechuun kan deebisantu mul’ata. Garuu akka beektonnii Gonzales & Aliponga (2012: f.3) jedhaman ibsanitti madaalliin daree keessatti akka barattoonni barataniif taasifamu madaallii tooftaa adda addaa kan qindaa’eeffii madaalawaa ta’een haala walgituun madaaluutu irra jira ture. Kun immoo kan agarsiisu barsiisota gaafataman keessaa isaan muraasni qofti madaallii akka barachuutti kan fayyadamaa jiran ta’uu isaati. Inni kun bu’aa bar-gaaffii irraa argame kan mirkaneessuudha. Bar-gaaffii irraa kan mul’atu madaalliin gosa hedduu waliigalaan daree keessatti darbee, darbee kan gaggeeffamu ta’uu isaati. Kun kan agarsiisu madaalliin gosa tokkichaa qofti hojirraa oolaa kan jiru ta’uu isaati.

Af-gaaffiin 3ffaan, “Tooftaa kana maaliif kan biroo caalchisuun filattanii itti fayyadamtan?” kan jedhu yoo ta’uu haaluma gaaffiin kun itti qindaa’een deebiin isaa tartiibeffamuun kan xiinxalameedha. Deebiin barsiisonni kennan hooggansa daree haalaan qabuufi harcaatii barattootaa hir’isuuf, barattoonni wanta isaanii galeefi hingalle akka addaan baafataniif, tooftaa barsiisuu fooyyessuufi qabxiilee barattootaaf ifa hinta’in irradeebi’uun barattootaaf ibsuufi hubannoo barattoonni waan baratan irratti qaban addaan baafachuuf ta’uu isaa haala walfakkaatuun kan deebisaniidha.

Deebii gaafatamtoota gaaffii kanaa irraa ka’uudhaan hubatamuu kan danda’u adeemsa baruufi barsiisuu fooyyessuuf hubannoo barattootaa, walitti dhufeenya barattootaa tolchuuf kan jedhu qabxii ijoo deebii kanaati. Haata’umalee, tooftaan madaallii barsiisonni kunniin itti fayyadamna jedhanii kaa’an qabxii kanaan kan wal hinginneedha.Kunis,kan agarsiisu barsiisonni galma ga’iinsa kaayyoo isaaniitiif madaallii barbaachisu addaan baasanii hubachuu irrattii rakkoon jiraachuu kan agarsiisuudha. Kana malees ogummaa mataa ofii fooyyeffatuuf barsiisota kana biratti madaalliin faayidaa akka waan hinqabneetti kan fudhatamuu ta’uu isaati.

Af-gaaffii 4ffaa, “Kaayyoo keessan galmaan ga’uufi dhiisuu akkamitti addaan baafattan?” kan jedhu ture. Barsiisonni af-gaaffiin waa’ee galma ga’iinsa kaayyoo karoora barnoota dareef dhiyeessan irratti milkaa’uufi dhabuu isaa addaan baafachuuf tarkaanfii fudhatuu danda’an irratti barsiisonni gaafataman hundi haala



ajaa'ibsiisaa ta'een gaaffii afaaniitiin adda baafanna jechuun deebii kennanii jiru. Akka deebii barsisonni kun kennanitti barattoonni hedduun daree keessatti harka baasuun yoo deebii sirrii deebisan kaayyoon galma ga'uu isaa kan agarsiisu jechuu isaaniti. Garuu qoratichi yeroo daawwannaaf daree seenaa turetti, wanti daawwachaa ture kanaan kan walfaalleessuudha. Sababni isaas barattoonni hedduun daree daawwataman keessatti harka baasaa haaturan malee, deebii sirrii akkaataa baratanitti kanneen deebisaa turan muraasa. Hedduun isaanii garuu hubannoowwaan barataniitiin ala ta'e kan deebisaa turaniidha. Kun immoo kan agarsiisu gaaffii afaanii qofaan kaayyoon barnootaa galma ga'uun isaa mirkanaa'uu kan hin danda'amne ta'uu isaati. Kanuma ilaalchisuun hayyoonni Gonzles&Alibonga (2012:f.79) jedhaman Kaayyoo barnootaa tokko galma ga'uufi dhiisuu isaa addaan baafachuuf tooftaa madaallii adda addaatti gargaaramuun baay'ee akka barbaachisu ni dubbatu. Kanaafuu barsiisonni kaayyoon barnoota barsiisanii galma ga'uufi dhiisuu isaa addaan baafachuuf tooftaa madaallii garagaraatti fayyadamuun murteessaa ta'a. Kana irraa ka'uun hubachuun kan danda'amu barsiisonni gaaffiin kun dhiyaateef, barnoota barsiisan kaayyoon isaan barsiisaniif milkaa'uufi dhiisuu isaa osoo addaan hinbaafatin gara barnoota itti aanuutti kan darban ta'uu isaati.

Af-gaaffii 5ffaa "yeroo madaallii daree adeemsifan rakkoon isin qunname jiraa? Yoo jiraate, ibsaa." kan jedhu ture. Gufuu tooftaa madaallii adda addaatti akka hin gargaaramne barsiisota dhoorkan ilaalchisee gaaffii dhiyaateef gaafatamtoonni yoo deebisan, barattoonni barnoota kana baratuufis ta'ee, hirmaatuu irratti hangas mara fedhii kan hin qabneefi hamileen isaanii gadi bu'aa ta'uu ibsanii jiru. Kana malees, qabiyyeen barnootaa bal'aa waan ta'eef waytiin barnootichaaf kenname immoo gabaabaa ta'uu isaa ibsanii jiru. Akkasumas, waytiin kenname sababa adda addaatiin kan qisaasa'u waan ta'eef fiiginsi barsiisotaa tooftaa adda addaan fayyadamuun barattoota madaaluun ogummaa ofii isaanii fooyyeffachuufi dandeettii barattoota fooyyessuu osoo hin ta'in kitaabichaa goolabuu qofaaf kan ta'uudha. Kanaaf kun kan agarsiisu barsiisonni gaaffiin kun dhiyaateef tooftaa madaallii garagaraatti fayyadamuuf rakkoo hedduu waan qabaniif rakkoon akkaataa madaallii walitti fufaa dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota haala adda addaa gargaaramuun barnoota qulqullina qabu kennuufi ogummaa ofii fooyyeffatuu dhabuu kan mul'atu ta'uudha. Deebii barsiisotaa kana ragaan deeggaruuf qorataan afgaaffii taasifame keessaa kan barsiisota lamaa akkuma jirutti dhiyeessee xiinxalee jira.

Haala qabatamaa daree irraa yoo kaane, teessoon barattoota garaan teessisuuf mijataa kan hin taaneefi dabalataan ammoo baay'inni barattoota daree tokko keessatti argamuu baay'ee (70-80) waan ta'eef waytii tokkoof daqiiqaan kenname afurtamni barattoota kana madaaluuf ga'aa kan hin taaneedha. Kanaaf barsiisonni mala barsiisaa jiddu galeessa taasifateen kan barsiisaniidha. Akkasumas, baay'inni barattoota kun daree

keessatti waldhiphisuufi jeequmsa iyyiinsa sagalee fiduu waan danda'uuf madaallii garagaraa fayyadamuuf yaaluun bu'aa fiduurra darbee balaa fiduu danda'a.(Gurraandhala 2012)

Rakkoon madaallii gosa gara garaa akka hinfayyadamne nu dhoorku tokko akka mana barumsa keenyaatti nuti barsiisota jaha yoo taanu, qabiyyeen barnootaa baay'ee bal'aadha. Garuu torbeetti waytii lama qofa waan qabnuuf daree mana barumsaa kana keessatti argamu hunda numa jahantu waliin ga'a. Kun ammoo barattoota seeraan barsiisnee tooftaa garagaraan madaaluu osoo hin ta'in xiyyeeffannoon keenya akkam gooneet kitaabicha goolabuu dandeenya kan jedhuudha .Dabalataan immoo manni barumsaa iddoo barnoota dabalataa itti kenninu kan hin qabneedha (Gurraandhala 2012 afgaaffii muummee irraa kan fudhatame).

Af-gaaffii 6ffaa, “Tooftaan isin barsiisuuf itti fayyadamtan osoo akka yaadamutti galma isinii ga'uu baatee tarkaanfii akkamii fudhattu?” kan jedhu ture.Barsiisonni gaafiin kun dhiyaateef hundi isaanii tarkaanfiin isaan fudhatan mataduree barattootaaf galuu dide irra deebi'anii kan barsiisan ta'uu ibsanii jiru. Kun kan agarsiisu barsiisonni madaalliin tooftaa barumsi ittiin kennamu ta'uu isaa hubannoo kan hinqabne ta'uu isaati.

Af-gaaffii 7ffaa, “Madaallii bu'a qabeessa fayyadamuuf tooftaan jiru maali jettu?” kan jedhu ture. Barsiisonni gaaffii kana gaafataman cufti isaaniituu haala walfakkaataan madaalliin bu'aa hinqabne kan hin jirre ta'uufi tooftaan jiru madaallii gosa adda addaa tooftaa garagaraatti fayyadamuu akka qabaniifi kun ammoo kutannoo barsiisaafi hamilee barattootaa cimaa kan barbaadu ta'uu ibsan. Kanarraa kan hubatamu barsiisonni akkaataa madaallii kallattii ammayyoomaafi kaayyeffataa ta'etti akka fayyadamaa hinjirree ni amanan jechuudha.

Af-gaaffii 8ffaa, “Barattoota keessan yeroo baay'ee madaallii gosa akkamii fayyadamuun adda baafattan?” kan jedhu yoo ta'uu, barsiisaan gaafiin kun jalqaba irratti dhiyaatef, akkana jechuun deebisee jira. “Ani yeroo baay'ee barattoota koo kan barnoonni galeefiifi hin galleef yeroo barsiisu gaaffii afaaniifi barreeffamaa kan akka hojii daree, marii garee waliindubbii akkasumas, hojii manaa kennuufiin ,deebii isaan kennan irratti hundaa'uun addaan baafadha.” kana irraa kan hubatamu barsiisaan kun barattoota isaa tooftaa murtaa'aan adda baafachuuf kan yaalu waan ta'eef tooftan madaallii muraasni garuu, hubannoofi dandeettii barattootaa addaan baafachuuf hangas mara kan tajaajiluudha jechuun rakkisaadha.Akkasumas, barsiisaan lammataa gaafima kanaafi deebii yoo kennu, “Barattoota koo yeroo baay'ee madaalliin addaan baafachuuf itti gargaaramu dhuma sagantaa irratti yeroma hundaa bifa barreeffamaatiin waan isaan barataa turan irratti battallee kennuudhaan.” jechuun deebise.Kun kan agarsiisu barsiisaan kun madaallii barnoota boodaa barachuu barattootaa hubachuuf, kan fayyadamu ta'uu isaati.Kana malees, barsiisonni gaafiin kun dhiyaateef isaan hafan haala walfakkaataan gaaffii afaaniifi gaaffii barreeffamaa jechuun deebii laatani jiru.Xiinxalli karoora torbees kanuma ragaa baha.Kana irraa hubatuun akka danda'amutti barsiisonni kunniin tooftaa bargaaiffii irratti itti ni fayyadamna jechuun hedduu isaa kan itti hinfayyadamne ta'uu kan agarsiisudha.

#### 4.1.2. Xiinxala Ragaalee Faayidaa Madaallii Walitti Fufaan Gaggeeffamuufii

Kutaa kana keessatti ragaaleen karaa gaafannoo banaa, daawwannaafi xiinxala karoora guyyaatiin funaanaman kan itti dhiyaataniifi xiinxalamaniidha. Haalli adeemsa xiinxala ragaalee kanaas, akkaatuma duraa duuba walitti dhiyeenya isaaniitiin tokko tokkoon addaan bahanii kan xiinxalaman ta’u.

**Gabatee 3. Waa’ee faayidaa madaallii irratti: Gaaffilee I/G/Mfi Dura bu’ootaaf dhiyaate.**

Gaaffilee		n deeggar an		deeggar an		Kanhin murtees sin		kanhin deeggar re		hin deeggar re		Waligal a	
		L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%
10	Madaalliina deemsa hordoffii dareefi qabxii barattootaa qabuufi gabaasuuti	3	60	2	40	0	0	0	0	0	0	5	100
11	Madaalliin daree, shaakala dhuma barannoo irratti kennamuu hunda dabalata.	2	40	3	60	0	0	0	0	0	0	5	100
12	Madaalliin battallee daree keessatti kennamu hunda ilaallata.	3	60	1	20	1	20	0	0	0	0	5	100

Madaalliin adeemsa hordoffii dareefi gabaasa qabxii barattootaati jedhu irratti yeroo hunda %60, yeroo baay’ee %20, yeroo tokko tokko %20, darbee, darbee % 0, Kan fayyadaman ida’amaan %100, gonkuma kan hin fayyadamne%0 dha.

Gaaffilee		an	deeggar	an	deeggar	an	ida	amaan	murteessine	hin	deeggar	kanneen	hin	Waliigal	aa
		L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%
13	Madaalliin duubdeebii hatattamaa kennuuf ni gargaara.	2	40	1	20	2	40	5	100	0	0	0	0	5	100
14	Madaalliin mala baruufi barsiisuu Si'taafimilkaaaa taasisa.	0	0	3	100	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100
15	Madaalliin adeemsa haala barachuu barattoota too'achuuti.	2	66.7	1	33.3	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100
16	Madaalliin adeemsa walitti dhufeenya barattootaa cimsa.	2	66.7	1	33.3	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100

**Gabatee 4: Madaalliin Barachuu Hubachuu /Assessment of Learning/**

Gaaffilee baay'ina filannoofi deebii kennitoota lakkoofsaafi dhibbeentaan Itti gaafatamtoota muummeefi dura bu'ootaaf af-gaaffiin dhiyaatan

“Madaalliin daree, meeshaa barsiisaan ogummaa isaa ittin fooyyeffatuudha.” jedhu kanneen filatan: sirritti deeggara %40, nan deeggara %20, Ida'ama% 60, hinmurteessine %20, hindeeggaru%20, gonkuma hindeegaru %0, ida'ama%40 ta'an. As irraa akka hubannutti, barsiisonni yaanni kun dhiyaateef harki caalaan yaada kana kan deeggaraniidha. Yaada,“Madaalliin tooftaa daawwannaa dareeti.” jedhuf: Sirritti deeggara% 40, nan deeggara %60 ida'ama %100 hinmurteessine %0, hindeeggaru%0, gonkuma hindeegaru %0, ida'ama%0 ta'u.Akkasumas, yaada, “Madaalliin daree, duubdeebii hatattamaa barattoota koof, dafee akka kennuuf na gargaara.” jedhuuf :Sirritti deeggara %40, nandeeggara%20, ida'ama% 60, himmurteessine %20, hindeeggaru %20, gonkuma hindeegaru%0 ,ida'ama%40 ta'u.

Walumaagalatti, madaallii barnoota barachuuf taasifamu (assessment for learning) barsiisota iddattoo qorannoo kanaa ta'an keessaa barsiisonnii,sirritti deeggaran %35, kanneen deeggaran % 35, ida'amaan kan deeggaruu agarsiisan %70fi kan hinmurteessin %20 ,kanneen hindeeggarree % 10, kanneen gonkuma hindeeggaru jedhan

%0, kan hin murateessin yookiin hindeeggarreen walitti ida'amu %30 ta'u. As irraa akka hubatamutti barsiisonni gosa madaallii kana kan deeggaran ta'uu isaati. Garuu tooftaa madaallii kanaaf ta'u, kan akka tooftaa duubdeebii kennuufi fudhachuu, daawwannaan madaaluufi shaakalaan madaaluu yeroo tokko tokkofi darbee darbee kan jedhu filatan. Kun ammoo kan agarsiisu tooftaa kana barsiisonni sadarkaa deeggarsaatti malee hojittii hiikaa kan hinjirre ta'uu isaati. Kana irraa ka'uudhaan murteessuun kan danda'amu barsiisonni madaallii barnoota boodaatti fayyadamuun barattoota daree irraa gara daree dabarsaa jiru malee, ogummaa ofii fooyyeffachuufi dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaa fooyyessuuf barsiisaa kan hinjirre ta'uu isaati.

**Gabatee 5:** Madaalliin barattoota ofdandeessisuuf barsiisuu /Assessment as Learning/

Gaaffilee Baay'ina filannoofi deebii kennitoota lakkoofsaafi dhibbeentaan Itti gaafatamtoota muummeef

Gaaffilee		sirriitikan deeggaran		kan deeggaran		ida'amaan		kanhin murteessin		kanneen hindeeggarr		gonkuma kanneen hin		Waliigala	
		L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%
17	Madaalliin mala baruufi barsiisuu si'ataafimilkaa'aa taasisa.	0	0	3	100	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100
18	Madaalliin adeemsa haala barachuu barattoota too'ata.	2	66.7	1	33.3	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100
19	Madaalliin adeemsa walitti dhufeenya barattootaa cimsa.	2	66.7	1	33.3	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100
20	Madaalliin adeemsa barattoonni ofitti akka amananii baratan taasisuuti.	2	66.7	1	33.3	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100
21	Madaalliin adeemsa Barattoonni akka barnootaisaanii too'ataniif itti gargaaramnuu dha.	1	33.3	2	66.7	3	100	0	0	0	0	0	0	3	100

dhiyaatan

Akka Gabatee 5 gaaffii “Madaallin daree, duubdeebii waa’ee mala baruufi barsiisuu si’ataa(active) ta’eefi milkaa’ina fedhii barattootaati.” jedhuuf :sirritti kan deeggaran %0, kan deeggaran %100, ida’amaan %100, kan hin murteessin % 0 ,kanneen hindeeggarre %0, gonkuma kanneen hin deeggarree %0 ida’amaan kanneen hindeeggarree %0 ta’u. Kanarraa akka hubannutti barsiisonni dhibbeentaan olaanaan gaaffii kana kan deeggaran ta’uu isaati.Yaada, “Madaallin adeemsa haala barachuu barattoota too’atuuti.” jedhuuf: sirritti kan deeggaran %66.7. kan deeggaran %33.3, ida’amaan %100, kan hin murteessin %0 ,kanneen hin deeggarre %0, gonkuma kanneen hin deeggarree %0 ida’amaan kanneen hin deeggarree % 0 ta’u. Kanarraa ilaaluun akkuma danda’amu barsiisonni yaada kana kan deeggaran ta’uu isaati.Yaada, “Madaallin adeemsa walqunnamtiifi walitti dhufeenya barattoota cimsuuti.” jedhuuf: sirritti kan deeggaran %66.7, kan deeggaran %33.3, ida’amaan %100, kan hin murteessin %0 ,kanneen hin deeggarre %0, gonkuma kanneen hin deeggarree %0 ida’amaan kanneen hin deeggarree % 0 ta’u. Kunis haaluma walfakkaatuun barsiisonni kan deeggaran ta’uu isaa agarsiisa.Yaanni lakkoofsa 31<sup>ffaa</sup> haaluma kanaan kan deebifameedha.Yaada laakkofasa 32<sup>ffa</sup> irratti dhiyaate : sirritti kan deeggaran %33.3, kan deeggaran %66.7, ida’amaan %100, kan hin murteessin %0 ,kanneen hin deeggarre %0, gonkuma kanneen hin deeggarre %0 ida’amaan kanneen hindeeggarre %0 ta’u.Kunis haaluma walfakkaataan barsiisonni haala madaallii kana kan deeggaran ta’uu kan ibsuudha.

Walumaagalatti barsiisonni gosa madaallii akka barachuutti (assessment as learning) jedhamu kana: sirritti kan deeggaran %46.7, kan deeggaran %53.3, ida’amaan %100, kan hin murteessin % 0 ,kanneen hindeeggarre %0, gonkuma kanneen hindeeggarree %0 ida’amaan kanneen hindeeggarree %0 ta’u. Akkaa xiinxala kanaatti barsiisonni dhibbeentaan olaanaan kan deeggaran ta’uun mul’atus,garuu tooftaa itti fayyadama madaallii kanaaf ta’u barsiisonni kun kan itti hin fayyadamne ta’uu isaa xiinxalaafi hiika ragaaaf-gaaffii irraa hubachuun ni danda’ama. kun immoo kan agarsiisu, barsiisonni xiyyeeffannoon qorannoon kun irratti gaggeeffame madaallii akka barachuutti itti fayyadamuu sadarkaa deeggarsaatti malee kan itti hin fayyadamne ta’uu isaati. Haaluma kanaan,kun kan agarsiisu barattooni ofitti amananii barumsa barachaa kan hinjirree barsiisonni madaallii barattoota ofdandeessisuufi ogummaa ofii ittiin fooyyeffatuuf kan itti fayyadamaa hinjiirre ta’uu isaati hubanna.

#### 4.1.3. Xiinxala Ragaalee Haala Dandeettii Barreessuufi Dubbisuutiif Funaanamanii

Kutaa kana jalatti gaaffileen af-gaaffii barsiisota, I/G muummeewwaniifi kenna deeggarsaa, akkasumas, Dura bu’ootaafi supparvaayzara irraa funaanaman kan iddoo tokkotti cuunfamuun itti xiinxalamaniidha.

**Gabatee 6:** Tooftaa madaalli dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa hojiitti hiikuufaf-gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate.

Lakk.	Gaaffilee	Yeroo hunda		Yeroo baay’ee		Yeroo tokko		Darbee darbee		Kan fayyada		Kanhin fayyadamne		Walii gala	
		L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%
		22	Haalli qubeessuu barattootaa ni ilaalamaa?	0	0	0	0	3	50	2	33	5	84	1	16
23	Barattoonni akka dubbisaniif ni shaakalsiifamuu?	0	0	1	16	4	67	1	16	6	100	0	0	6	100
24	Barattoonni jechoota akka barreessan ni jajjabeeffamuu?	0	0	1	16	3	50	1	16	5	84	1	16	6	100
25	Qabiyyeen madaallii dandeettii barreessuufi dubbisuu hammataa?	0	0	1	16	4	66	1	16	6	100	0	0	6	100

Gabatee kana irraa akka hubatamutti tooftaa madaallii dandeettii barattootaa hojiitti hiikuun raawwatamu keessaa “Haala qubeessuu barattootaa ilaaluuf tooftaa addaa nifayyadamu” kan jedhuuf yeroo hunda % 0 yeroo baay’ee % 0 yeroo tokko, tokko % 50 % darbee, darbee % 33.3 kan filatan yoo ta’u, ida’amaan %83.3 ta’a, gonkuma itti hinfayyadamu kan jedhan % 16.7 ta’u. Kun kan agarsiisu tooftaa kanatti barsiisonni dhimma bahan yeroo tokko, tokkoofi darbee, darbee ta’uu isaa yoo ta’uu, gaaffii shaakala dandeettii dubbisuu gabbisuu” kan jedhuuf ammoo yeroo hunda % 0,yeroo baay’ee %16.7,yeroo tokko, tokko% 50. darbee, darbee %33.3 ,ida’amaan %100 raawwatuu kan filatan yoo ta’u gonkuma kan itti hin fayyadamne hin jiru.Kanaaf akka argannoo kanaatti barsiisonni tooftaa madaallii barattoota dandeettii dubbisuu gabbisuun of dandeessisuuf adeemsisanii kan itti fayyadaman ta’uu isaa kan mul’isuudha. Garuu kun haala kanaan haa agarsiisu malee ragaan kana deeggaru kan biroo qorannoo kana keessattii hin mul’anne.

Waliigalatti, barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan tooftaa madaallii dandeettii barattootaa hojiitti hiikuun raawwataman harki caalaan (% 91.8) kan fayyadaman haa ta'uu malee, yeroo baay'ee %8.4 yeroo tokko tokko %58.4 darbee darbee % 25 fi % 8.4 kan gonkuma itti hingargaaramneedha. Gabatee kanarraa akka hubatamutti tooftaan madaallii kun yeroo tokko tokkoofi darbee darbee qofa kan hojiirra ooluudha.





Tooftaa barsiisonni barattoota jechoota akka barreessan shaakalchiisuun raawwatamu kana irratti yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee % 16.7 yeroo tokko,tokko % 50 darbee, darbee % 16.7 ida'amaan % 83.3 itti gargaaramna jechuun kan guutan yoo ta'u, gonkumaa itti hin fayyadamnu kanneen jedhan immoo % 16.7 dha. Gaaffii 14<sup>ffaa</sup> yeroo hunda % 0 yeroo baay'ee % 16.7 yeroo tokko tokko % 66.7 darbee darbee % 16.7,gonkuma itti hinfayyadamnu % 0 yoo ta'an ida'amaan %100 sadarkaan itti fayyadamaas wal haa caalu malee, itti fayyadamna jechuun akka deebisan ni mul'ata. Haala ida'ama itti fayyadama tooftaa madaallii kana gabatee kanarraa akka mul'atutti: yeroo hunda kanneen itti fayyadamna jedhan hinjiran.yeroo baay'ee % 16.7, yeroo tokko tokko %58.4, darbee darbee% 16.7 kan itti gargaraamaniifi %8.4 immoo, gonkuma itti kan hin fayyadamneedha

Walumaagalatti, gabateen kun kan agarsiisu tooftaa madaallii gaaffiifi deebiin raawwatamu raawwiin %95.85 haata'uu malee, harki irra caalaan%45.8 darbee darbee kan raawwatamuudha. Kanaaf, tooftaa kana barsiisonni darbee darbee qofa kan itti fayyadaman waan jiraniif madaalliin barsiisuun hojiirra oolaa kan hinjirre ta'uu isaati jechuudha.

#### **4.1.3.1 Xiinxala Ragaa Daawwannaa Daree Barsiisota Irraa Argame**

Af-gaaffii 1ffaa,“Barattoota keessan ni daawwattuu? Yoo ni daawwattu ta'e, yeroo isaan maal hojjatan daawwattu?” kan jedhu ture. Gaaffii kanaaf barsiisonni dursanii odeeffannoo yoo kennan haalli daawwannaan irratti gaggeeffamu hunda biratti walfakkaataan kan gaggeeffamu miti.

Adeemsi kun mana barumsichaa keessatti daree hundaafuu kan gaafatameedha.Kanumarraa ka'uudhaan, yaanni barsiisonni kennan kan walfakkaatu waan hin taaneef,bakka tokkotti cuunfamee yoo dhiyaatu,,barsiisonni yeroo mariin garee adeemsifamuufi falmiin adeemsifamu kan daawwataniifi akkasumas yeroo tokko tokko hojii dhuunfaa kan kennaniifi kan daawwatan ta'uu isaanii himaniiru.Garuu harki caalaan kun darbee,darbeeti malee yeroo barsiisonni dareedhuma qofa seenanii ofumaa qofa barsiisanii bahantu irra baay'ata kanneen jedhaniidha.

Fakkeenyaaf, “...guyyaa tokko tokko qofa yoo ta'e malee barsiisaan maal akka barattoonni hojjataa jiranitti xiyyeeffannoo hin laanne ni jira.Kunis dubbisaa jedhee taa'uun ni mul'ata. Guyyaa tokko tokko ammoo gabatee gurraacharratti deebii gilgaalaa afaaniin deebisuun qofa bahuun jira”(Gurraandhala 20 , 2012) af-gaaffii adeemsifame irraa kan fudhatame.

Akka deebii af-gaaffii daree kanaa irraa hubannutti barsiisaan:hojii garee,hojii daree, hojii dhuunfaa,itti bartuu sororsuu, madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota ofdandeessisan (madaallii akka barachuutti)fi madaallii barachuuf kennamu kan itti hin fayyadamne ta'uu isaattu mul'ata. Gaaffii 2ffaa, “Barsiisaan barreeffama keessan isinii ilaalaa? Yoo kan ilaalu ta'e barreeffama akkamii isinii ilaala?” jedhuuf haala ajaa'ibsiisaa ta'een barattoonni mana barumsichaa kutaa 9ffaa dareen hunduu gaaffii kana barattoota barsiisaa tokkichaatiin ala barreeffamni keenna kamuu sirrii ta'uufi dhiisuu barsiisaan keenna nuu hin ilaalu jechuun deebii kennanii jiru. Barsiisichi barreeffama ni ilaala jedhanis, yeroo qormaataafi abbaltii qofa kan itti fayyadamu ta'uu isaa waraabbiin deebii barattoota kanaa akkanatti ibsa kutaa 9ffaa D (Gurraandhala 23/2012).

“...barsiisaan keenya yeroo qormaata barreeffamaafi abbaltii nuuf kennu, xiyyeeffannoon isaa harki guddaan qulqullinna qubeessuufi sirna tuqaaleetti fayyadamuu ilaaluun qabxii barattoonni argatan hir'isa. Akkasumas, itti bartuu yoo dhuma semisteera irratti ilaalu dogongora qubee ilaala jechuun deebii kennee jira.

Akka af-gaaffii kana irraa hubachuun danda'amutti barsiisonni deebii gaaffii isaaniif dhiyaate keessatti akka waan barreeffama barataa ilaalanitti haa deebisan malee, bu'aan karaa daawwannaan argamellee kanuma kan mirkaneessuudha.Daawwannaa keessatti xiyyeeffannoon guddaan isa haa ta'u malee barsiisaan, barreeffama yoo ilaalu daawwatamee argame hinjiru. Egaa kun kan agarsiisu barsiisaan madaallii barreeffamaan walqabatee dandeettii barreessuu barattootaa gabbisu madaalaa kan hin jirre ta'uu isaati.

Barataa kanaan „ala barattoonni baay'inaan shantamaa ol ta'an, jechoonni itti fayyadaman gargar haa ta'u malee,yaada tokkoon akka barsiisonni isaanii fooyya'iinsa adeemsa baruufi barsiisuu isaaniirratti jijjiirama hinfinnee, dubbatanii jiru.Yaanni barataa kan waraabbiidhaan taa'e kunis akka barataan dubbate kanaan fooyya'iinsa ogummaa kan fidu osoo hinta'in kallattii faallaa ogummaa fooyyeffatuun kan ogummaa barsiisichaas miidhuufi hubannoo barattootaa jallisuudha.Yaada kana ilaalchsee Najbil (2005) akka jedhutti “madaalliin haala qabatama barataa waliin hin deemne barataa dhamaasuu irraan kan hafe, bu'aan inni buusu hin jiru.”

Walumaagalatti, akka deebiin barattoota irraa argame mul'isutti argannoon deebii barattootaafi daawwannaa daree kan kallattiin wal ibsuufi isa bar-gaaffiifi af-gaaffii barsiisotaan kan walsimatuudha. Kunis, barsiisaan tooftaa madaallii muraasa qofa kan fayyadamuufi madaallii

dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuuf xiyyeeffannoo kan hin kennine ta'uu hubachuun akkasumas, duubdeebii barattootaa fayyadamuun ogummaa mataa ofii gabbifachuu kan hindandeenye ta'uun kan irra ga'ameedha.

#### **4.1.3.2. Xiinxala Ragaa Kenna Deeggarsa Muumme Afaanii Irraa Argame.**

Kutaa kana jalatti ragaan qorannoo kana deeggaran qaama kenniinsa deeggarsa muumme afaanii kan akka, deeggarsa keessoofi hordoffii alaa ta'an, itti gaafatamaa muumme afaanii, barsiisaa buulesa fi qaama kenna deeggarsaafi hordoffii alaa (internal and external supervision body) ta'an waliin gaaffilee bu'uuraa gaaffii qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban gaafachuun ragaan argame kan itti xiinxalameedha. Kunis, haala itti aanu kanaan, ragaan argame yaada walii galaa cuunfuudhaan qindaa'ee kan ilaalameedha.

Af-gaaffii Iffaa, "Madaallin barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan gaggeessan gosa madaallii akkamiiti?" kan jedhu ture. Akka deebii kenna deeggarsa keessoo muumme irraa argametti, barsiisonni yeroo hordoffiin keessoo raawwatamu tooftaan irra deddeebiin haala walfakkataadhaan dhimma itti bahan, marii garee, hojii manaa dalaguufi hojii daree kennuu, akkasumas, gaaffii afaanii ta'uu isaa ragaan daree hundaa irraa argame ni ibsa. Kana malees, yeroon hordoffiin kun taasifamu akka mana barnootaa kanatti walkeessa waggaatti yeroo tokko qofa akka ta'eefi muummeen mana barumsaa hundi akkaataa itti waliigalaniin qofa madaallin kan gaggeeffamu ta'uu isaa ragaan argame ni mirkaneessa. Muummeedhaan madaallin irratti waliigalames akka muummewwan kaa'anitti madaallin walitti fufaan dhibbeentaa shantamaafi madaallin dhuma semisteeraa dhibbeentaa shantama kan ta'uudha. As irratti muummeen martuu akka madaallii walitti fufaatti kan qabate, battalleen yeroo lama, abbaltiin Yeroo lama akkasumas hirmaannaafi haalli qabiinsa itti bartuu kudhan irraa kan qabamu ta'uu deebiin muummeen hunduu kennan ni ibsa.

Ragaa argame kana irraa akka hubachuun danda'amutti madaallin barsiisaan daree keessatti itti fayyadamu battalee, abbatliifi qormaata dhuma barnootaa kennamu qofaa. Kun ammoo kaayyoo imaammanni barnootaa yookiin manni barnootaa barbaade yoo galmaan ga'e malee fooyya'iinsa karaa dandeettii barattootaas ta'ee, ogummaa barsiisotaa fiduu kan hindandeenyedha. Ragaa kanaatiif hayyoonni yoo kaa'an akkana jedhu, "A continuous assessment of learning is only to certify or inform parents or others of student's proficiency in relation to curriculum learning

outcomes.”(Earl& Katz2006:f.55).Akka yaada kanaatti madaallin barachuu hubachuuf kaayyoo murtaa’a qofaaf kan dhaabatu ta’uu isaati.

Af-gaaffii 2ffaa, “Tooftaan barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barsiisan barattoota madaaluuf daree keessatti itti fayyadaman tooftaa madaallii akkamiiti?” jedhuuf deebiin muummewwaniin deebi’e: gaaffii afaanii,gaaffii barreeffamaa kanneen akka battallee, barreeffama gabaabaafi filannoo akkasumas hojii manaafi daree kan ibsu yoo ta’u, gosti madaallii kan biroo kan hin kaafamin ta’uu isaati. Kanarraa hubachuun kan danda’amu tooftaan madaallii dhamaatii barattootaafi daawwannaa barsiisaatiin gaggeeffamu, kan hin jirree ta’uu ibsa. Kun deebii ragaa barattoonnii kennaniin kan walitti dhiyaatuufi faallaa ragaa af-gaaffii barsiisotaa irraa argameedha.Akka ragaa kanaatti barsiisonni tooftaan barsiisonni fayyadaman tooftaa madaallii barnoota booda barattoota sadarkeessuuf yookiin kutaa gara kutaatti dabarsuuf tajaajilutti dhimma kan bahaniidha.

Af-gaaffii 3ffaa, “Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan erga barattoota madaalanii booda duubdeebii barattootaaf kennuu?”Deebiin gaaffii kanaa kenname kan muummee gaafatamee haala walfakkaataadhaan duubdeebii barattootaaf laatamu kan hin arginiifii dhimma duubdeebii xiyyeeffannoo keessa kan hin galchiniidha. Kana irratti yaada muummee mana barumsichaa akkuma jiruun kan waraabame xiinxaluun ni danda’ama.

Ani yeroo hordoffii keessoof daree seenu kan argu, daree keessatti barsiisaan tooftaa walfakkataan kan fayyadamuudha. Tarii akka muummeetti hordoffiin keessoo semisteeratti altokko qofa waan ta’ee, yeroo baay’ee barsiisonni gaaffii afaanii gaafatanii barattoonni yoo deebisuu dadhaban erga deebii itti himanii booda rakkoo barattootaa yoo gaafatan ni arga yookiin duubdeebii ta’een ala yeroo dhiphoo tana keessatti immoo hin jiruufi ni jiraa addan baasuun baay’ee rakkisaadha. Kanarraa kan hafe barattoonni yoo barsiisaan duubdeebii nuu hin kennu jedhanii komatanis waan arge hinqabu.Gurraandhala 23,2012af-gaaffii barsiisaa muummee waliin adeensifame keessaa kan fudhatame.

Af-gaaffii 4ffaa, “kaayyoon barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan daree keessatti madaallii fayyadamaniif maali?” kan jedhuudha. Akka deebii muummeewwaniitti kaayyoo madaallii barattootaaf kennamu: barattoota dareedhaa dareetti dabarsuu, harcaatii hir’isuu, barattoota sadarkeessuu, dandeettii barattootaa addaan baafachaafi haftee barattootaa

hir'isuu kan jedhu qofatu argame. Akka ragaa kanaatti, kaayyoon madaalliin kennamuuf akka barataan ofdanda'ee barnoota ofumaa mataa ofiiti baratu of dandeessisuu osoo hin taane, barsiisaan barataa barnoota isaa hordofu addaan baafachuufi qabxii barataa galmeessee mana barnootaa qofaaf dabarsuuf kan madaalu waan ta'eef, gaheen madaallii barsiisota kanaa kaayyoo murtaa'aa galmaan ga'uu qofa ta'uu isaati.

Af-gaaffii 5ffaa, “Barsiisonni kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan gosa madaallii barattootaaf kennaniifi tooftaa barnoota ittiin kennan irraa ogummaa ofii isaanii nifooyyeffatan moo hin fooyyeffatan?” kan jedhu ture. Akka muummeen mana barnootaa afaan tokkoon haala waliigalaan deebisetti barsiisonnii waa'ee ogummaa ofii fooyyeffatuu kan hin yaanne ta'uu isaati. Kanaaf, yaanni muummeen bal'inaan kaa'e haala kanaa gadii kanaan dhiyaatee xiinxalamee jira.

Akka muummee kanaatti barsiisaan karoora guyyaatu qopheefatee daree hinseenne, ogummaa isaa fooyyeffatee jennee afaan guutuun dubbachuu hin ndandeenyu. Qabxii barattootaa ofi irraa ka'uun barsiisaan rakkoon kun rakkoo ani uume fooyyeffachuu qaba jedhu hin jiru. Osoo jiraatee silaa qabxiin barattootaa yeroodha gara yeroottii gad bu'aa hindeemu. Kunumti mataan isaa kan agarsiisu barsiisaan of fooyyessaa kan hin deemne ta'uu isaati agarsiisa. Akka mana barumsa keenyaatii barattoonnii qabxii barnoota afaan Oramoo qormaata guutuu biyyoolessaatiin kan bara darbeerraa harka hedduun gadi bu'ee jira. Barsiisaan mana barumsaa kanaa jijjiiramee deemeehin dhufe bara lamaan kana keessatti hin jiru. Barsiisotuma bara kaan barsiisantu bara darbe kana keessas barsiisee qabxiin kun dhufe. An akka nama tokkootti ogummaafi tooftaan barsiisonni kunniin ittiin barsiisaa turan laafina agarsiisuu isaa irraa wanti kun uumame natti fakkaata. Kanarra dhaabbadhee yoon ilaalu barsiisonni mana barumsa keenyaa ogummaa isaanii hin fooyyeffatan jechuu nan danda'a. Af-gaaffii Gurraandhala 16, 2012 Itti Gaafatamaa Muummee Afaan Oromoo irraa fudhatame.

Akka yaanni armaan olii kun agarsiisutti barsiisonni ogummaa mataa ofii kan hin fooyyeffanne waan ta'eef dandeettiin barattoota isaan barsiisanii gadi bu'aa dhufuu isaati. Kun ragaa karaa daawwannoo, bargaaffiifi af-gaaffii barattootaa waliinis kan walmirkaneessudha.

#### **4.1.3.3. Xiinxala Ragaa Af-Gaaffiin Supparvayzara Irra Argame**

Mataduree kana jalatti kan ibsamu gaaffiiwwan afaaniin kennaa deeggarsa mana barnoota sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggee irraa ragaa argameedha.

Af-gaaffii 1ffaan, “Madaalliin manneen barnoota sadarkaa lammaffaa irratti kennamu kan akkamiiti? Maaliif gosti madaallii kun filatame? Yaada bal’aa naaf kennaa” Kan jedhu yoo ta’u, deebiin isaas, akka armaan gadii kanatti xiinxalamee jira.

Madaalliin mana barnootaa hunduu haala imaammata barnoota biyya keenyaatiin madaallii walitti fufaa ta’uutu irra jiraata. Anis, haaluma kanaan manneen barnootaa akka hojiirra oolchan qajeelchaafi hordoffii narraa eeggamu taasisaa jira. Madaalliin gosa kanaa kan filatameef ijoolleen waan baratan hennasuma hubatuufi dhiisuun isaanii addaan baafamee deeggarfi barbaachisu karaa barsiisaatiin battalatti akka taasifamuudha. Kana malees, Madaalliin walitti fufaan barataafi barsiisaafis bu’aa hedduu kan qabuudha. Barattoonni sodaafi dhiphina tokko malee barsiisaafi walii isaanii irraa akka barataniif ni tola. Kanajechuun yeroo yeroon waan madaalamaniif sodaa keessaa balleessuun akka ofitti amanamtummaa horatan gargaara. Akkasumas, barsiisotaafis faayidaa qabeessa ta’uu danda’a. Barattoota isaanii addaan qoodanii cimoo, giddu galeessaafi suutee kophaatti akkaataa dandeettii isaaniitiin barsiisuuf isaan gargaara. Kun ammoo harcaatii barattootaafi gadi bu’insa qabxii barattoota fooyyessuu waan danda’uuf barattoonni harcaatii malee qabxii dansaa akka galmeessaniif gumaacha guddaa taasisa. Gurraandhala 25/2012. deebii afgaaffii supparvaayzara irraa fudhatame.

Akka yaada kanaatti madaalliin mana barnootaa irratti kennamu madaallii walitti fufaa ta’uu isaati. Kaayyoon madaallii kanaas barattoota dandeettiin adda qooduun qabxiin isaanii akka fooyya’u taasisuudha. Akkasumas, faayidaan inni barsiisotaaf kennu qabxii barattoota haala salphaan fooyyessuun kaayyoo barsiisichaafi mana barnootaa milkeessuudha. Kun, kan agarsiisu madaalliin barachuuf kennamu jiraachuu isaati. kaayyoon isaa madaallii barnoota boodaan taasifamuun kan walfakkaatuudha. Haata’uu malee, madaalliin kennamu dandeettiwwan afaanii irratti xiyyeeffachuu dhabuun madaalliin akka barnootaatti kennamaa kan hin jirre ta’uu isaadha. Af-gaaffii 2ffaa “Qajeelfamni haala tooftaa madaallii kana ittiin gaggeessan barsiisotaaf kennamee jiraa?” kan jedhu yoo ta’u, deebiin supparvaayzarichaas halaa armaan gadii kanaan kenname, waraabbamee xiinxalamee jira.

Qajeelfamni sadarkaa isaa eeggatee qophaa’e jiraachuu nimala. Garuu haala qabatama aanaa keenyaan hinjiru. Haata’uu malee, barnoota leenjii adda addarraa argannee barsiisota keenyaaf haala madaallii daree kanneen akka hojii manaa, hojii dareefi abbaltii akka kennan ni gorsina.

Haata'uu malee, qajeelchi barsiisaa haala gaariidhaan waan hin jirreef dhimma baay'ee nu rakkisaa jiruudha. Gurraandhala 25/2012 af-gaaffii adeemsifame.

Yaada kanarraa hubatuun akkuma danda'amu, barsiisonni mana barumsa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggee qajeelcha tokko malee muuxannoo mataa ofii fayyadamuu qofaan madaallii daree kan gaggeessan ta'uu isaafi hordoffii malee kan dalagan ta'uu isaatu mul'ata. Kun ammoo madaalliin akkaataa barbaadameen hojiirra jiraachuu dhabuu isaa rakkoon jiraachuu kan agarsiisuufi ogummaan barsiisaa fooyya'aa kan hinjirre ta'uu isaati.

Af-gaaffii 3ffaa, “Madaallii daree ilaalchisee leenjii barsiisotaaf kennamu jiraa? Yoo jiraate yeroo akkamii kennitan? Kan jedhu ture. Gaaffii kanaafis deebiin haala itti aanu kanaan kan deebi'eedha Leenjii ni kennina. Yoo xinnaate waggaatti si'a lama ni karoofannaa bara kana keessa garuu hanqina yerootiif osoo hin kennin hafnee jirra. Duraan jalqaba semisteera lamaanitti torbee lammaffaa yookiin sadaffaa kennaa turree jirra. Kanas, akka manneen barnoota CRC keenyaatti leenjii bifa marii ykn walgahii yookiin muuxannoo wal jijjiiruutiin kennaa turre. Garuu bu'a qabeessa kan ta'u osoo yeroon laatameefi akkaatuma nu walga'ii waamamnee torbeefi sanaa ol leenjii fudhannu san leenjiiin kennamee baay'ee bu'a qabeessa ture. Garuu nuti waytii barnootaa irraa sa'aatii tokko hir'isuun ykn sagantaa waaree boodaa akka jiruun qisaasessuun kan leenjii kenninu waan ta'eef, leenjii quubsa hin turre. Odeeffannoo Gurraandhala 25/2012 argame.

Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti barsiisota deeggaruuf qaamni deeggarsa barnootaa kennu deeggarsa kennuuf qophii kan qabanii miti. Akkasumas, barsiisonni ogummaa isaanii akka fooyyeffataniif deeggarsi isaanii godhamu tokko kan hin jirre ta'uu kan agarsiisudha. Kun ammoo barsiisonni akka madaallii daree seeraan hin adeemsifneefi dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu irratti hin xiyyeeffanne waan taasisuuf salphamatti barsiisonni akka iddattoo qorannoo kanaatti fudhataman madaallii barachuu kan ogummaa isaaniifi dandeettii barattootaa hin fooyyessinetti kan fayyadamanidha jechuun ni danda'ama.

Af-gaaffii 4ffaan, “Haala itti fayyadama madaalliin walqabatee fooyya'iinsi ogummaa barsiisota keessan irratti mul'ataa? Yookiin hin mul'atu ta'e, rakkoon isaa maali jettanii yaaddu? Furmaanni isin kennaa turtan hoo maali?” kan jedhu yoo ta'u, deebiin gaaffii kanaaf kenname haala armaan gadii kanaan bal'inaan waraabame xiinxalamee jira.



Barsiisonni yeroo hordoffiif daree seenu haala yeroo duraa caalaa fooyya'anii argaman akka CRC keenyaatti hedduu jiru, Akkasumas, faalla isaaniitiin barsiisonni haalli isaan itti barsiisan baay'ee dadhabaa dhufe hedduutu nu qunnama. kanas, yeroo baay'ee karaa komii barattootaatiin irra geenyee daree seenuun yoo ilaallu haaluma barataan komatuun barsiisichas agarra. Kun yeroo ammaa kana babal'ataa dhufuu isaati. Ani akka supparvaayzara tokkootti rakkoo kana irratti qorannaa gaggeessuu dhabus, adeemsa barnootaa yoon hordofu barsiisonni mana barumsa keenyaa barumsa barsiisan irratti osoo itti hinqophaa'in daree waan seenaniif barnoota barsiisan irratti laafina agarsiisu. Kana malees, hojii kooti jedhanii xiyyeeffannoo waan hin kennineef. Fakkenyaaf, akka furmaataatti barsiisota rakkoo akkanaa qabaniif, daawwannaa daree taasisuun, hamilee isaanii jajjabeessuufi gorsa kenna turree jirra. Barsiisonni homaa fooyya'uu dhaban kan gorsuu irra darbee hanga of eeggannoo itti kennuutti deemames jiru. Keessumaayyuu kutaalee gara gadiitti barsiisonni akka feeteen waan barsiisan natti fakkaata. Maaliif yoo jenne barattooni osoo jalqaba qabaan tolee sadarkaa lammaffaa dhufanii hin rakkatan ture. Kanaaf, sadarkaa gadiitti yoo xiyyeeffannoon kenname malee, sadarkaa lammaffaa eegalanii waan fooyya'an natti hin fakkaatu. Karaa mootummaan haala barsiisonni hojii isaanii ittiin fooyyessan yoo mootummaan mijeesseen ala haalli barreessuufi dubbisuu barattootaa akka aanaa keenyaa qofa mitii akka guutuu biyyattiitti rakkoo guddaa ta'aa jira. Gurraandha 25/2012 af-gaaffii supparvaayzara M/B Sad. 2<sup>ffaa</sup> waliin adeemsifame.

Akka yaada kana irraa hubannutti deebiin barsiisonni bar-gaaffii irratti kennan warri akka raawwii raawwatameetti fudhatan hundi baay'ee dhugaarra kan fagaate ta'uu isaati. Sababni isaa akka deebii kanaatti barsiisonni ogummaa ofii isaanii fooyyeffachuu osoo hin ta'in kan ofdagataa jiran ta'uu isaati. Karaa biraan, barsiisonni yeroo barnoota isaanii osoo itti hin qophaa'in daree seenan tooftaa madaalliifi barumsi itti kennamu kan haala qabatama daree waliin deemuu hindandeenye fayyadamuu danda'u, yeroo kana barattooni barnoota isaanii irratti laafina agarsiisuun qabxiin isaanii gadi bu'uu danda'a.

#### **4.1.3.4 Xiinxala Ragaa Karoora Guyyaa, Torbeefi Kuusaa Qabxii Barattootaa Irraa Argame**

Qorannoo kana keessatti qorataan yeroo isaa dheeraa kan fayyadame daawwannaa daree ta'uu isaa, mala qorannoofi xiinxala daawwannaa jalatti ibsamee jira. Kanaaf, kutaan kunis daawwannaa dareetiin walqabatee barsiisonni daawwatamaa turan karoora daree isaan ittiin

seenan ragaa barreeffamaa kan xiinxalaman keessaa isa tokko. Kunis, barsiisaa daawwatame irraa karoora inni daree keessatti itti fayyadame fuudhuun kan xiinxalameedha.

Akkuma seensa irratti ibsame karoorri barsiisota heddurraa fuudhuun haa ilaalamu malee bu'uurri inni ittiin xiinxalame qabxiidhuma lama irrattii hundaa'uun ture. Innis, karooricha qaama lamatti qooduun, qaama odeeffannoo waliigalaafi qaama adeemsa baruu barsiisuubarnootichaati. Kun immoo kutaan jalqabaa odeeffannoo jalqabaa kan akka, maqaa mana barumsaa, maqaa barsiisaa, maqaa barnootichaa, mata duree barnootichaa, kaayyoo gooroo barnootichaa, kutaafi daree, baay'ina waytii torbeetiifi dheerina daqiiqaa waytiin tokko fudhatuu kan hammatu waan ta'eef, asirrattii akkuma kaayyoo qorannoo kanaattuu baay'ee kan irratti xiyyeeffatameedha, kutaan lammaffaan adeemsa baruu barsiisuu isa dhugaa ta'e kan of keessatti hammatuudha. Kunis, wanti barsiisaan karoorafatu hundi kan argamu kutama kana keessatti waan ta'eef wanta hojjataman qofa osoo hin ta'in akkamitti akka itti dalaganis kan dabalatuudha. Isaanis: qabiyyee, gocha barsiisaa, gocha barataafi akkaataa madaallii fa'a, qaama kana keessatti kan argamaniidha. Walumaagalatti, kutaan lachuu gochaalee baratamuuf; barsiisaafi barataan gocha qabatamaatti hiikamaniifi tooftaa madaallii hammata. Hanguma fedhees karoorri waraqaarra kaa'amuu baay'ee gabaabaa ta'ee, gocha daree keessatti mul'atan mara hammachuu dadhabus, karoorrii maaltu akkamittii dalagamuuf deema? gaaffii jedhu deebisuu ni danda'ama. Qoratichis kanumarraa ka'uudhaan ragaa daawwannaan argame akka deeggaruuf karoora barsiisotaa haala itti aanu kanaan xiinxalee kaa'ee jira. Kanaafuu akka ragaan daawwannaa irraa argame ibsutti dalagaan barsiisotaafi barattootaa akka gochaan mul'atutti karoorri ifatti hinkaa'u. Kana jechuun daree keessatti gochaa barsiisaafi barataa wanti addaan baase ifatti kaa'u hinjiru. Sababni isaas, waalamaaf ta'a: tokkoffaan haalli qophii karoorichaa seensa, dhiyeessaafi madaallii jedhee ifatti kan kaa'uu miti. Kun ammoo akkuma daawwannaa irraa hubatametti barattoonni qindaa'inaan kan waliin dalagan hin mul'anne. Inni lammataa ammoo caasaan karoora gocha barsiisaafi barataa akkasumas madaallii jechuun ni kaa'a. Garuu, daawwannaa dareetti adeemsifame keessatti kan mul'atee miti. Fakkeenyaaf daree daawwatame keessatti madaallii jedhee gaaffii afaaniifi gaaffii barreeffamaa kan karoora irratti jedhu gaaffiin afaanii qofti barattoota muraasaaf yoo kennamu mul'atee ture. Garuu gaaffii barreeffamaa kan jedhu gonkumaa daree daawwatame keessatti hinmul'atu. Kun kan agarsiisu barsiisonni barnoota erga barsiisanii xumuranii barattoota isaanii madaaluu barbaadu, kun ammoo barattoota

sadarkeessuufi dareedhaa dareettii dabarsuurraa kan hafe fooyya'iinsa baratarratti mul'atuu qabuufi ofqindeessuu barsiisaa irratti kan dhiibbaa mataa isaa qabuudha.

Walumaagalatti, ragaan karooraafi daawwannaa daree irraa argame akka ibsutti, barsiisonni barumsa gahumsa qabu barsiisaa jiran jechuun kan nama rakkisuudha. Sababni isaas madaalliin daree daawwannaa adeemsifameefi karoora ilaalamerrattis kan mul'ate waan hinjirre waan ta'eefidha. Kun kan agarsiisu keessumattuu barsiisonni madaallii irratti dandeettiwwan afaanii irratti kan hin xiyyeeffanneefi madaalliin gaggeeffamu akka barataan ofdanda'uuf kan hin fayyadamne ta'uu isaati. Akkasumas, madaallii dhuma sagantaa qofa kan fayyadamaniidha. Kun ammoo barattootas ta'ee barsiisonni akka adeemsa baruu barsiisuu keessatti fooyya'iinsa hin agarsiifne kan affeeruudha.

#### **4.2. Xiinxala Ragaalee Hammamtaa (Safarataa)**

Kutaa 2ffaa: kana keessatti ragaaleen karaa gaafannoo banaafi bar-gaaffiin, funaanaman kan itti dhiyaataniifi xiinxalamaniidha. Haalli adeemsa xiinxala ragaalee kanaas, akkaatuma duraa duuba walitti dhiyeenya isaaniitiin tokko tokkoon addaan bahanii kan xiinxalaman ta'u. kutaa kana jalatti ilaalcha barsiisonnii madaallii daree irratti qaban kan itti xiinxalamu ta'a. Kunis gaafannoo dhiyaate akkaataa madaallii kaayyoo isaanii irratti hundaa'uun iddoo lamatti qooduun gabatee lama qofaan kan kaa'ameefi xiinxalameedha. Kunis haala armaan gadiitiin dhiyaateera

##### **4.2.1. Xiinxala Ragaalee Bargaaffii Barattootaa Irraa Argame.**

**Gabatee 7:** Madaallii bifa bargaaffiitiin barattootaaf Dhiyaate

Gaaffilee Baay'ina filannoofi deebii kennitoota lakkoofsaafi dhibbeentaan barattootaaf bar-gaaffiin dhiyaate.

Gaaffilee		Yeroo hunda		Yeroo baay'ee		yeroo tokko tokko		Darbee darbee		Kan fayyadam an		ittihin fayyadam		Waliigala	
		L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%	L	%
26	B/sonni battallee gaaffii barreeffama gabaabaa fayyadamuu?	0	0	13	13	24	24	36	36	73	73	27	27	100	100
27	B/sonni gaaffilee Barreeffama dheeraa fayyadamuu?	11	11	15	15	25	25	31	31	82	82	18	18	100	100
28	B/sonni battallee gaaffilee filannoo qaban fayyadamuu?	41	41	23	23	27	27	0	0	91	91	9	9	100	100
29	Battalleen tasaa (quiz) ni kennamaa?	0	0	17	17	35	35	12	12	77	77	23	23	100	100

Gabateen 7 akka ibsutti gaaffiin lakkoofsa 16<sup>ffaa</sup> battallee gaaffii barreeffama gabaabaa fayyadamuu irratti,yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee % 13 yeroo tokko tokko % 24, darbee darbee % 36,Kan fayyadaman ida'amaan %73, gonkuma itti hin fayyadaman jedhanii kan filatan immoo % 27 ta'a. Battallee gaaffii barreeffama dheeraa ilaalchisee ammoo yeroo hunda kan fayyadaman %11, yeroo baay'ee % 15, yeroo tokko, tokko % 25, darbee, darbee %31, Kan fayyadaman ida'amaan %82 kan filatan yoo ta'u, kanneen gonkuma itti hin fayyadamanii filatan % 18 ta'u B/sonni battallee gaaffilee filannoo qaban fayyadamuu? Kan jedhuuf immoo yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee % 41 yeroo tokko tokko % 23, darbee darbee % 27,Kan fayyadaman ida'amaan %91, gonkuma itti hin fayyadaman 9 ta'u. Battallee tasaa fayyadamuu irratti yeroo hunda %0, yeroo baay'ee %17, yeroo tokko tokko % 35, darbee darbee % 25, Kan fayyadaman ida'amaan %77, gonkuma kanneen hin fayyadamne % 23 yoo ta'uu haala walii galaatin ida'amaan yoo ilaallu, Madaallii bifa battalleetiin dhiyaatu barsiisota haala iddattoo kaayyeffataan fudhataman

keessaa yeroo hunda kan filataman %13, yeroo baay'ee %17, yeroo tokko tokko % 28, darbee darbee % 22 yoo filatan kanneen gonkuma itti hinfayyadamne % 17 ta'a.

Walumaagalatti, haala gabatee armaan olii irraa mul'atuunbarsiisonni madaallii haala battalleetin daree keessatti fayyadaman % 83 yoo ta'an, gonkuma kan itti hinfayyadamne % 17 ta'u jechuudha. Dalataanis, barattoonni gaaffilee armaan gadii haala gaafatamaniin deebisaniiru: Gaaffii 3ffaa, "Barsiisaan keessan dhuunfaan akka isin barreessitan carraa isinii kennaa? Yoo ni kenna ta'e maal isin barreessisa?" gaaffii kanaaf barattoonni deebii wal hinfakkaanne lama kennanii turan, innis, yaanni barattoota gaaffiin kun dhiyaateef keessaa barattootni muraasni barsiisaan dhuunfaa isaaniitti waan barsiisaan isaan ajajeen ala homaa kan hindalagneefi yoo barsiisaan hin jirre barattoonni meeshaa barnoota Afaan Oromoo qabatanii daree kan hindhufne ta'uu yoo dubbatan, isaan hafan barsiisaan abbaltii, yaadannoofi gaaffii kitaaba adda adda irraa baasanii akka qindeeffatan ajajuun, aadaa hojii akka gabbifatan kan isaan kakaasu ta'uu dubbatan. Yaada kana lamaan yoo walitti fidnu bar-gaaffii, Af-gaaffiifi daawwii barattoota irraa akka hubatamutti barsiisaan harki caalaan madaallii dhamaatii barattootaatiin taasifamu kan hin raawwanneedha. Itti aansuun, barattoonni gaaffiin kun dhiyaateef barattoota kutaa 9ffaa E dha. Gaaffiin kun barattoota kudha lamaaf kan dhiyaate yoo ta'u, barattoonni gaaffiin kun dhiyaateef kudha lamaanuu hojii manaafi qormaata battallee xumura barnootaa jedhanii deebisan waan ta'eef. Akka deebii kanaatti barattoonni dhuunfaa isaaniitiin kaka'uumsa horachuun barnoota akka baratan madaalliin dhamaatii barattootaatiin gaggeefamu kan hinjirreedha. Kun kan agarsiisu madaalliin dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota ofdandeessisuu akka barnootaatti hin ilaalamu jechuun xiyyeeffannoo kan hin kennine ta'uudha.

Sadaffaa irratti barattoonni gaaffiin kun gaafatame barattoota kutaa 9ffaa C yoo ta'an, baay'ina daree jahaa keessaa tokko kan ta'an kanneen barsiisaa garagaraatiin barataniidha. Deebiin gaaffii kanaaf isaan kennan yaada walfakkaatu waanta'eef bakkuma tokkotti fiduun cuunfamarii, dhuunfaan kan dalagan kanneen akka hojii manaa yoo ta'e malee hojiin dareetuu dhuunfaan hojjannee yeroon nuuf hin ilaalamne nijira yaada jedhu deebisani jiru. Yaada kanaaf ragaa ta'uu kan danda'u barataan tokko yaada isaa bal'inaan yoo kaa'u akkana jedha.

Akka kootti, dhuunfama keenyaan hojjataa jirra malee baay'ina barataa mana barumsa kanaa irraa kan ka'e barsiisaan tokko daree hedduu, kan baay'inni barataa jahaatamaafi sanii olii

keessatti ni jirraafi hin jirruu keenyaa nu hinbeekne, abbaltiin yoo kennamu kan dalagu namuma tokkicha malee barataa harki irra caalu gaafima abbaltiif kenname sanuu kan ijaan argee hinbeeknetu jira. Barsiisaan hojjateefi hin hojjanee osoo hin ta'in maqaan barataa isa bira ga'uufi dhiisuun qofa ilaala fakkaata. Qabxima tokkichi kophaa isaa hojjate barattoota garee guutuuf qabuu danda'a (Gurraandhala 23/2012/

Akka yaada barattootaa kana irraa hubatamutti barataan mataa ofii danda'ee kophaa ofiitti aadaa hojii uumuu akka gabbifatu wanti dalagamaa jiru, akka hin jirre ta'uu isaati. Kun ammoo barataan gareen yoo hojjate muuxannoo walirraa fudhachuun akkuma jirutti ta'ee, osoo jiruu, barataan dhamaatii mataa ofiitiin waan haarawa tokko argachuu akka danda'aniifi dandeettiwwan dubbisuufi barreessuu akka gabbifatan, shaakalsiisuu dhabuun immoo barataan akka ofitti amanamummaa hin horannee kan taasisuu ta'a. Hayyoonni Earl & Katz (2006), jedhaman waa'ee madaallii yoo kaa'an, "Madaalliin akka barachuutti kennamu barataan eenyummaa isaa akka gabbifatuuf adeemsa gargaaruuti."

Gaaffii 4ffaa, "Barsiisaan daree keessatti akka dubbistan carraa isinii kennaa? Yoo carraa isinii kenna ta'e waa'ee maal dubbistu?" Akka af-gaaffiin barattoota daree hundaa irraa iddattoo carraa kaayyeffataatiin fudhataman waliin gaggeeffame mul'isutti deebiin gaaffii kanaaf kenname walfakkaataadha. Kanaaf, qoratichi deebii kana bakkuma tokkotti cuunfuun xiinxalee jira. Deebiin gaaffii kanaas, barsiisaan carraa dubbisuu kan kennu ta'uu isaafi rakkoo baay'ina barattootaa irraa kan ka'e barattoonni hunduu carraa argatuun kan hin dubbisneefi inumaayyuu barattoonni sadarkaa gad'aanaatti muuxannoo dhabuun kan walqabate, dubbisuu sodaachuun akka jiru barattoota deebii deebisan mara biratti yaannii kun bal'inaan ka'ee jira. Yaada kana irraa ammas akka rakkoon jiru ni hubatama. Innis: barattoonni kan kaasan harka baasanii gaaffii gaafachuufi waliin mari'achuun qofti akka daree hedduu keessatti adeemsifamu dubbatan malee, dhimmi dubbisa bal'aafi sirritti dubbisuu kan barattoonni yaada hedduu itti burqisiisaniifi ofitti amanamummaa horatuu kan hin jirree ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Gaaffii 5ffaa, "Barsiisaan keessan duubdeebii isinii kennaa? Yoo ni kenna ta'e maalirratti isinii kenna?" kan jedhu ture. Gaaffii kanaaf barattoonni deebii yoo kennan barsiisaan isaanii hojiilee dalagaman irratti hundaa'uun: battallee, hojii dareefi manaa irratti ,yoo qabxiin barattootaa gadi bu'u, akka sababa qabxiin isaanii gadi bu'eef gaafatuuf rakkoo kana furmaata kennuuf barumsa

irra deebi'ee yaadachiisuu akkasumas, barnoota deeggarsaa kennuu barattoonni hedduun ni kaasu.Kanas, yaada bal'inaan ka'e tokko fudhachuun xiinxaluun ni danda'ama.

Barsiisaan keenya barnoonni yoo nuugaluu didee arge, rakkoo keenya nugaafatuun barnoota yookiin mataduree san irra deebi'ee nu barsiisa.Akkasumas, qormaata battallee yoo ta'e irra deebi'ee nuu kenna.Kan keessaa irra wayyaa qabnu nuu qaba. Barsiisaan nu barsiisu haala kanaan yoo inni fayyadamu ni agarra. Garuu numatu yoo inni barnoota dabalataaf nu yaamu hindhufne malee inni yeroo hundaa nu yaama. Akkasumas, hojii manaafi abbaltiis yoo nuu kenne boodarra gaaffii mara isatuu irra deebi'ee nuuf hojjata. Yaada barattoonni Gurraandhala 24, 2012 kennan skeessaa kan fudhatame.

Akka yaada kanaattii barsiisonni mana barumsa kanaa duubdeebii barataa irraa fudhatuun itti ni hojjatu jechuu nama hin dandeessisu. Sababni isaas tokkoffaa barsiisaan gochaa akkanaa kana ni raawwata jedhamees tokkicha qofa ta'uufi barataa hirmaachisaa kan hinjirre ta'uu isaati. Kana malees, barsiisaan kun fedhii barattootaa eegaa waan hin barsiifneef harcaatiin akka mul'atu barattoonni kaasani jiru.Deebiin gaaffii kanaaf barattoonni deebisan kan walfakkaatuudha. Innis barattoonni mana barumsa kanaa barsiisonni sagantaa barsiisaa jiran san keessatti gaaffii afaaniitiin "Isinii galee?" jedhanii gaafachuurra kan darbe, barsiisonni duubdeebii homaatuu kan hinfudhanneefi barnoota dabalataa kan hinkennine ta'uu ibsan. Akkasumas, barsiisaan tooftaa madaallii jijjiiruun barattoota kan madaalu osoo hin ta'in, isuma duraan fayyadamutti gargaarama. Mataduree caaslugaa qofa barsiisee kan irra darbu ta'uu isaa barattoonni cimsanii kaasu turan.

Barsiisaan keenya duubdeebii waan hojjatee nurraa fudhachuufi waan nu dalagne irratti yaada ijaarsaa nuu kennuu dhiisaa, yoo nu gaaffii gaafanne ofirra nu hinbuusu. Akkaataan kenniinsa barnoota isaas akka isatti tole malee akka fedhii keennan kan walqabatuu miti. Guyyaa barbaade boqonnaa tokko waytii tokko keessatti fixee nubiraa deema.Afgaaffii gurraandhala 25,2012 barattoota irra fudhatame. Akka yaada kanaatti barsiisaan kun ogummaa ofii isaas ta'ee, ga'umsa barataa irratti kan dalagaa hin jirreedha.

Gaaffii 6ffaa, "Madaalliin bifa kamiin isinii kennamaa? Kamtu baay'inaan kennama?" kan jedhuudha.Gaaffii kanaaf barattoonni daree hundaatuu haala walfakkaataan gosa madaallii walfakkaataa kan deebisaniidha. Qoratichi deebii argame iddoo tokkotti cuunfuun xiinxalee jira.

Deebii kun bal'inaan kan ka'e barattooni bifa madaallii battallee filannoofi gaaffii afaanii ta'uu isaa deebii barattooni hedduun kennan irraa kan hubatamuudha. Kana malees, barattooni muraasni akka deebii kennanitti, bifa barreeffama gabaabaatiinis kan qophaa'uufi battalleen tasaa yeroo tokko tokko barreeffama gabaabaan kan kennamu ta'uu kaasani jiru. Kana malees, qabxiin isaanii harkicaalaan qormaata xumuraan akka uwwifamu kaasani jiru.

Deebii barattooni gaaffii kanaaf kennan irraa akka hubatamuun danda'amutti, barsiisaan tooftaa gaaffii cufaan barattoota isaa madaaluun, kaayyoo murtaa'e tokkicha qofa galmaan ga'uuf waan deemuuf, gosa madaalliin barachuu hubachuu fayyadamuu isaati. Kun ammoo argannoo bar-gaaffii daawwannaa irraa argameen walmirkaneessa.

Gaaffii 7ffaa, "Barsiisaan keessan barnoota yeroo barsiisu tooftaa ittiin barsiisu ni jijjiira moo hin jijjiiru? Yoo ni jijjiira ta'e haala kamiin?" Kan jedhu ture. Barattoota gaaffiin kun dhiyaateef keessaa barattoota muraasatu," ni jijjiira." jedhanii deebii kennan. Isaan keessaa kan yaada bal'aa kennuuf yaale barata tokkicha ture. Innis:

Barsiisaan keenya tooftaa barnoota ittiin barsiisuu guyyaa irraa gara guyyaatti waan jijjiiruuf, tooftaan barumsa isaa kana jennee ibsuufi rakkisaadha. Barnoota sagantaa gaafa mataduree dubbisa irra jirru gaaf-tokko cal'isaa dubbisaa yoo jedhe, gaaf-biroo immoo dhaabadhaatii tokko tokkoon dubbisaa jedha, gaaf- itti tole immoo ofiis gaafni dubbisu jira. Akkasumas, caasluga yoo barsiisu gareen mari'adhaa jedhee gaaf-bira darbu ni mul'ata. Gaaf biroo ammoo, yaadannoo kenna. Yoo itti toluu dide kitaabarraa dubbisaa jedha. Haaluma kanaan, akkuma haalli itti mijateen nubarsiisa. (Gurraandhala 16, 2012 af-gaaffii fudhatame)

#### **4. 2.2 Madaallii Walitti Fufaa Keessatti Ga'ee Duubdeebii (The Role of Feedback in C. A)**

##### **4.2.2.1. Xiinxala Ragaalee Madaallii Walitti Fufaa Haala Duubdeebiin Ittiin Kennaman**

Duubdeebiin akka hayyoonni Black&Harrison (2001) ibsanitti cuunfamee yoo dhiyaatu, "madaallii kamuu boodaan duubdeebiin dhufuun baay'ee kan barbaachisuudha. Sababni isaas barattooni akka cimani baratanii barsiisaan ogummaa isaa keessatti of fooyyessaa akka deemuuf gargaarsa guddaa kan uumuudha." Duubdeebiin matama isaattuu akka madaallii barataafi barsiisaa jiddutti walitti dhufeenya uumuutti kan ilaalamu waan ta'eef, adeemsi barumsi itti kennamu kamiyyuu duubdeebii of keessaa hin qabu taanaan, barnootichi akka waan



kennama hin jirreetti ilaalamuu ni danda'a.Haaluma kanaan,gaaffileen haala kenniinsa madaalliifi duub-deebii kennamu ilaallatan biifa gabateetiin dhiyaataniiru.

**Gabatee 8** Tooftaa duubdeebiitiin barattoota madaaluu ilaalchisee

30	Barattootaaf madaallii booda duub-deebiin ni kennama?	0	0	1	16.7	2	33.3	2	33.3	5	83.3	1	16.7	6	100
31	Barattoonni barreeffama walii ilaaluun yaada waliif kennuu?	0	0	0	0	3	50	2	33.3	5	83.3	1	16.7	6	100

Gabatee 8 irraa akka mul'atutti “tooftaa duubdeebiitiin madaaluu” isa jedhu, duubdeebii hojmanee, abbaltiifi battalleef kennuu irratti yeroo hunda %, yeroo baay'ee %16.7, yeroo tokko, tokko %33.3, darbee darbee %33.3 kan itti fayyadaman yoo ta'u, ida'amni raawwii %83.3, ta'a. Garuu % 16.7 ammoo gonkuma itti hin fayyadamu kan jedhu filatanii jiru.

Akkasumas, duubdeebii barattoonni waliif kennuu gaaffii jedhuuf, yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee %0 yeroo tokko tokko % 50 darbee, darbee %33.3 Kan fayyadaman ida'amaan % 83.3, gonkuma itti hin fayyadamnu %16.7 kan filataniidhan. Walumaagalatti, deebii kennitoonni gaaffii kanaa ida'amaan yoo ilaalaman yeroo hunda kanneen filatan % 0, kan yeroo baay'ee filatan % 8.4, yeroo tokko, tokko% 41.7, darbee, darbee %33.3, kan filatan yoo ta'u, % 16.7 kan ta'an gonkuma itti hinfayyadamnu kan jedhu filatanii jiru. Akkasumas, raawwiin waliigalaa filannoo kana irraa mul'atu %83.3 barsiisota gaafannoo kana guutan keessaa madaallii kana daree keessaatti kan fayyadaman yemuu ta'u.Ta'us, hojiirraa oolmaan isaa harki caalaan yeroo tokko tokkoofi darbee, darbee kan raawwatamuudha. Tooftaan kun yeroo tokko tokko qofa raawwatama jechuun ammoo barsiisonni tooftaa kana fayyadamuun ogummaa mataa ofii fooyyeffachaa kan hindeemneefi xiyyeeffannoo kan hin kennine ta'uu isaati.

Akkasumas, “Madaalliin daree, duubdeebii waa’ee mala baruufi barsiisuu si’ataa(active) ta’eefi milkaa’ina fedhii barattootaati.” jedhuuf :sirritti kan deeggaran %0, kan deeggaran %100, ida’amaan %100, kan hin murteessin % 0 ,kanneen hindeeggarre %0, gongkuma kanneen hin deeggarree %0 ida’amaan kanneen hindeeggarree %0 ta’u. Kanarraa akka hubannutti barsiisonni dhibbeentaan olaanaan gaaffii kana kan deeggaran ta’uu isaati.Yaada, “Madaalliin adeemsa haala barachuu barattoota too’atuuti.” jedhuuf: sirritti kan deeggaran %66.7. kan deeggaran %33.3, ida’amaan %100, kan hin murteessin %0 ,kanneen hin deeggarre %0, gongkuma kanneen hin deeggarree %0 ida’amaan kanneen hin deeggarree % 0 ta’u.

Kanarraa ilaaluun akkuma danda’amu barsiisonni yaada kana kan deeggaran ta’uu isaati.Yaada, “Madaalliin adeemsa walqunnamtiifi walitti dhufeenya barattootaa cimsuuti.” jedhuuf: sirritti kan deeggaran %66.7, kan deeggaran %33.3, ida’amaan %100, kan hin murteessin %0 ,kanneen hin deeggarre %0, gongkuma kanneen hin deeggarree %0 ida’amaan kanneen hin deeggarree % 0 ta’u. Kunis haaluma walfakkaatuun barsiisonni kan deeggaran ta’uu isaa agarsiisa.Yaanni lakkoofsa 31<sup>ffaa</sup>s haaluma kanaan kan deebifameedha.Yaada laakkofasa 32<sup>ffa</sup> irratti dhiyaate : sirritti kan deeggaran %33.3, kan deeggaran %66.7, ida’amaan %100, kan hin murteessin %0 ,kanneen hin deeggarre %0, gongkuma kanneen hin deeggarre %0 ida’amaan kanneen hindeeggarre %0 ta’u.Kunis haaluma walfakkaataan barsiisonni haala madaallii kana kan deeggaran ta’uu kan ibsuudha.

Walumaagalatti barsiisonni gosa madaallii akka barachuutti (assessment as learning) jedhamu kana: sirritti kan deeggaran %46.7, kan deeggaran %53.3, ida’amaan %100, kan hin murteessin % 0 ,kanneen hindeeggarre %0, gongkuma kanneen hindeeggarree %0 ida’amaan kanneen hindeeggarree %0 ta’u. Akkaa xiinxala kanaatti barsiisonni dhibbeentaan olaanaan kan deeggaran ta’uun mul’atus, garuu tooftaa itti fayyadama madaallii kanaaf ta’u barsiisonni kun kan itti hin fayyadamne ta’uu isaa xiinxalaafi hiika ragaaaf-gaaffii irraa hubachuun ni danda’ama. kun immoo kan agarsiisu, barsiisonni xiyyeeffannoon qorannoon kun irratti gaggeeffame madaallii akka barachuutti itti fayyadamuu sadarkaa deeggarsaatti malee kan itti hin fayyadamne ta’uu isaati. Haaluma kanaan,kun kan agarsiisu barattoonni ofitti amananii barumsa barachaa kan hinjirree barsiisonni madaallii barattoota ofdandeessisuufi ogummaa ofii ittiin fooyyeffatuuf kan itti fayyadamaa hinjiirre ta’uu isaati hubanna.

Gabatee kana irraa akka mul’atutti “tooftaa duubdeebiitiin madaaluu” isa jedhu, duubdeebii hojmanee, abbaltiifi battalleef kennuu irratti yeroo hunda %, yeroo baay’ee %16.7, yeroo tokko, tokko %33.3, darbee darbee %33.3 kan itti fayyadaman yoo ta’u, ida’amni raawwii %83.3, ta’a. Garuu % 16.7 ammoo gongkuma itti hin fayyadamu kan jedhu filatanii jiru.

Akkasumas, duubdeebii barattoonni waliif kennuu gaaffii jedhuuf, yeroo hunda % 0, yeroo baay'ee %0 yeroo tokko tokko % 50 darbee, darbee %33.3 Kan fayyadaman ida'amaan % 83.3,gonkuma itti hin fayyadamnu %16.7 kan filataniidhan. Walumaagalatti, deebii kennitoonni gaaffii kanaa ida'amaan yoo ilaalaman yeroo hunda kanneen filatan % 0, kan yeroo baay'ee filatan % 8.4, yeroo tokko, tokko% 41.7, darbee, darbee %33.3, kan filatan yoo ta'u, % 16.7 kan ta'an gonkuma itti hinfayyadamnu kan jedhu filatanii jiru. Akkasumas, raawwiin waliigalaa filannoo kana irraa mul'atu %83.3 barsiisota gaafannoo kana guutan keessaa madaallii kana daree keessaatti kan fayyadaman yemuu ta'u.

Ta'us, hojiirraa oolmaan isaa harki caalaan yeroo tokko tokkoofi darbee, darbee kan raawwatamuudha. Tooftaan kun yeroo tokko tokko qofa raawwatama jechuun ammoo barsiisonni tooftaa kana fayyadamuun ogummaa mataa ofii fooyyeffachaa kan hindeemneefi xiyyeeffannoo kan hin kennine ta'uu isaati Haala qabatamaa daree irraa yoo kaane, teessoon barattootaa gareen teessisuuf mijataa kan hin taaneefi dabalataan ammoo baay'inni barattootaa daree tokko keessatti argamuu baay'ee (70-80) waan ta'eef waytii tokkoof daqiiqaan kenname afurtamni barattoota kana madaaaluuf ga'aa kan hin taaneedha. Kanaaf barsiisonni mala barsiisaa jiddu galeessa taasifateen kan barsiisaniidha. Akkasumas, baay'inni barattootaa kun daree keessatiwaldhiph-isuufi jeequmsa iyyiinsa sagalee fiduu waan danda'uuf madaallii garagaraa fayyadamuuf yaaluun bu'aa fiduurra darbee balaa fiduu danda'a.(Gurraandhala 2012)

Rakkoon madaallii gosa gara garaa akka hinfayyadamne nu dhoorku tokko akka mana barumsa keenyaatti nuti barsiisota jaha yoo taanu, qabiyyeen barnootaa baay'ee bal'aadha. Garuu torbeetti waytii lama qofa waan qabnuuf daree mana barumsaa kana keessatti argamu hunda numa jahantu waliin ga'a. Kun ammoo barattoota seeraan barsiisnee tooftaa garagaraan madaaluu osoo hin ta'in xiyyeeffannoon keenya akkam gooneet kitaabicha goolabuu dandeenya kan jedhuudha .Dabalataan immoo manni barumsaa iddoo barnoota dabalataa itti kenninu kan hin qabneedha (Gurraandhala 2012 afgaaffii muummee irraa kan fudhatame).

Af-gaaffii 6ffaa, "Tooftaan isin barsiisuuf itti fayyadamtan osoo akka yaadamutti galma isinii ga'uu baatee tarkaanfii akkamii fudhattu?" kan jedhu ture. Barsiisonni gaafiin kun dhiyaateef hundi isaanii tarkaanfiin isaan fudhatan mataduree barattootaaf galuu dide irra deebi'anii kan barsiisan ta'uu ibsanii jiru. Kun kan agarsiisu barsiisonni madaalliin tooftaa barumsi ittiin kennamu ta'uu isaa hubannoo kan hinqabne ta'uu isaati.

Af-gaaffii 7ffaa, “Madaallii bu’a qabeessa fayyadamuuf tooftaan jiru maali jettu?” kan jedhu ture. Barsiisonni gaaffii kana gaafataman cufti isaaniituu haala walfakkaataan madaalliin bu’aa hinqabne kan hin jirre ta’uufi tooftaan jiru madaallii gosa adda addaa tooftaa garagaraatti fayyadamuu akka qabaniifi kun ammoo kutannoo barsiisaafi hamilee barattootaa cimaa kan barbaadu ta’uu ibsan. Kanarraa kan hubatamu barsiisonni akkaataa madaallii kallattii ammayyoomaafi kaayyeffataa ta’etti akka fayyadamaa hinjirree ni amanan jechuudha.

Af-gaaffii 8ffaa, “Barattoota keessan yeroo baay’ee madaallii gosa akkamii fayyadamuun adda baafattan?” kan jedhu yoo ta’uu, barsiisaan gaafiin kun jalqaba irratti dhiyaatef, akkana jechuun deebisee jira. “Ani yeroo baay’ee barattoota koo kan barnoonni galeefiifi hin galleef yeroo barsiisu gaaffii afaaniifi barreeffamaa kan akka hojii daree, marii garee waliindubbii akkasumas, hojii manaa kennuufiin ,deebii isaan kennan irratti hundaa’uun addaan baafadha.” kana irraa kan hubatamu barsiisaan kun barattoota isaa tooftaa murtaa’aan adda baafachuu kan yaalu waan ta’eef tooftan madaallii muraasni garuu, hubannoofi dandeettii barattootaa addaan baafachuuf hangas mara kan tajaajiluudha jechuun rakkisaadha. Akkasumas, barsiisaan lammataa gaafima kanaafi deebii yoo kennu, “Barattoota koo yeroo baay’ee madaalliin addaan baafachuuf itti gargaaramu dhuma sagantaa irratti yeroma hundaa bifa barreeffamaatiin waan isaan barataa turan irratti battallee kennuudhaan.” jechuun deebise. Kun kan agarsiisu barsiisaan kun madaallii barnoota boodaa barachuu barattootaa hubachuuf, kan fayyadamu ta’uu isaati. Kana malees, barsiisonni gaafiin kun dhiyaateef isaan hafan haala walfakkaataan gaaffii afaaniifi gaaffii barreeffamaa jechuun deebii laatani jiru. Xiinxalli karoorra torbees kanuma ragaa baha. Kana irraa hubatuun akka danda’amutti barsiisonni kunniin tooftaa bargaaaffii irratti itti ni fayyadamna jechuun hedduu isaa kan itti hinfayyadamne ta’uu kan agarsiisudha.

Af-gaaffii 9ffaan, “Qormaata barattootaaf erga kennitanii booda duubdeebii barattoota irraa fudhattuu?” Barsiisonni gaaffiin kun dhiyaateef hedduun isaanii deebii isaanii haala walfakkaatadhaan kan deebisaniidha. Isaan keessaa barsiisonni shan “Eeyyee ni fudhanna,” jechuun kan deebisan yoo ta’uu barsiisonni sadi, “yeroo tokko tokko ni fudhanna,” yaada jedhuun deebisani jiru. Barsiisonni hafan lamaan duubdeebii barataa irraa hin fudhannu yaada jedhuun deebisani jiru. kun kan agarsiisu barsiisonni barattoota irraa duubdeebii fudhachuun hangas mara akka fudhatama hin qabnetti hubachuu isaaniiti.

#### 4.2.2.2 Xiinxala Ragaa Karaa Gaafannoo Banaatiin Funaaname.

Ragaan kun kan funaaname tooftaaleefi kaayyoo madaallii irratti isa barsiisonni mana barumsa Cooraa Baggee sad.2ffaa tti Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan itti fayyadaman xiinxaluuf gaaffiin cufaan dhiyaatee dhumarratti yaada hafe barreeffamaan akka kennan gaafatamanii turan irratti barsiisota iddattoo ta'an 6 keessaa gaaffii kanaaf barsiisonni jahan deebii kan kennan yoo ta'uu, barsiisonni hafan jaha gaafichaaf deebii homaatuu osoo hin kennin kan irra darbaniidha. Akkasumas, gaaffii 34<sup>ffaa</sup> barsiisota 6 keessaa deebii kan kennan barsiisota 4 qofaadha. Kanuma irratti hundaa'uudhaan deebiin barsiisonni barreeffamaan kennan haala itti aanu kanaan addaan baafamanii tooftaafi kaayyoo isaaniitiin xiinxalamani jiru. Kunis, deebiin barsiisonni haala barreeffamaatiin gaaffilee banaa ta'an irratti kennan iddoo tokkotti walitti qabamuun akka armaan gadii kanatti erga qindaa'anii booddee xiinxalamani jiru.

Dandeettiiwwan afaanii afran keessaa dandeettii dubbisuu irratti madaalliin yeroo hedduu ni taasifama. Akkasumas, barattoota gareen walfalmisiisuun madaallii yeroo tokko tokko ni adeemsifama. Hojii manaa hojjachiisuu, gaaffiifi deebii barattoota gidduutti taasifamuun barattoonni ni madaalamu, barattoota gidduutti falmii gaggeessuun ciminaafi bilchina barattoota madaaluufi barattoonni yeroo hunda harcaatii malee daree keessatti argamuun barnooticha akka hordofaniif, barattoota sadarkeessuuf, barattoonni baay'een daree irraa yoo kan hafan ta'e, lammaffaa akka hin hafneef madaallii adeemsisuun sirreeffamni ni kennama. Barattoonni akka cimani waa'ee barnootaa haalaan hubataniif madaalliin ni taasifama. Madaalliin barnootaa kan kennamuuf barattoonni qabxii isaanii akka fooyyeffataniif, dareetti yoo barnoonni barattootaaf kan hin galleef ta'e madaalliin adeemsifamuun mata duree barattootaaf hingalle irra deebiin barsiisuuf, hafteefi harcaatii barattoota hordofuuf kan adeemsifamu ta'uu isaati..

Akka yaada kanaatti barsiisonni madaallii kan fayyadamaniif, harcaatii barattoota hir'isuu, dandeettiiwwan afaanii afran keessaa dandeettii dubbachuu gabbisuuf falmii gaggeessuun yeroo tokko tokko qofa kan adeemsifamuudha. Ta'us, dandeettii barreessuu barattoota madaaluuf xiyyeeffannaan kan hin kennamne ta'uu hubanna. Haata'uu malee, madaallii walitti fufaa barattoota sadarkeessuuf kan itti gargaaraman ta'uun isaa ni mul'ata. Kanarraa hubatuun kan danda'amu barsiisonni madaallii walitti fufaa haala barachuu barattootaaf kan fayyadaman ta'uu isaati.

Daawwannaan daree adeemsa ragaan akkamtaa ittiin funaanamu keessaa isa qorannoo kanaaf murteessaa ta'eedha. Kunis, karaa odeeffannoo dhugaafi qabatamaa ta'e ittiin argamuufi odeeffannoon karaalee bar-gaaffiifi af-gaaffiitiin funaanaman kan ittiin mirkanaa'aniifi dhugummaan isaanii qabatamaan itti mul'ataniidha. kanaafuu barsiisonni qo'annoo kanaaf iddattoo ta'an 6 (jahan) yeroo lama, lama waytii walitti fufaa gara garaa keessatti yeroo isaan daree seenan osoo hin beellamatin daree seenuun haala itti fayyadama madaallii kaayyoofi akkaataa madaallii isaan itti gargaaraman daawwachuun xiinxalamanii jiru.

Mataduree kana jalatti kan ibsamu gaaffiiwwan afaaniin kennaa deeggarsa mana barnoota sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggee irraa ragaa argameedha. Af-gaaffii lffaan, "Madaalliin manneen barnoota sadarkaa lammaffaa irratti kennamu kan akkamiiti? Maaliif gosti madaallii kun filatame? Yaada bal'aa naaf kennaa?" Kan jedhu yoo ta'u, deebiin isaas, akka armaan gadii kanatti xiinxalamee jira

Madaalliin mana barnootaa hunduu haala imaammata barnoota biyya keenyaatiin madaallii walitti fufaa ta'uutu irra jiraata. Anis, haaluma kanaan manneen barnootaa akka hojiirra oolchan qajeelchaafi hordoffii narraa eeggamu taasisaa jira. Madaalliin gosa kanaa kan filatameef ijoolleen waan baratan hennasuma hubatuufi dhiisuun isaanii addaan baafamee deeggarsi barbaachisu karaa barsiisaatiin battalatti akka taasifamuudha. Kana malees, Madaalliin walitti fufaan barataafi barsiisaafis bu'aa hedduu kan qabuudha. Barattoonni sodaafi dhiphina tokko malee barsiisaafi walii isaanii irraa akka barataniif ni tola. Kanajechuun yeroo yeroon waan madaalamaniif sodaa keessaa balleessuun akka ofitti amanamtummaa horatan gargaara. Akkasumas, barsiisotaafis faayidaa qabeessa ta'uu danda'a. Barattoota isaanii addaan qoodanii cimoo, giddu galeessaafi suutee kophaatti akkaataa dandeettii isaaniitiin barsiisuuf isaan gargaara.

Kun immoo harcaatii barattootaafi gadi bu'insa qabxii barattoota fooyyessuu waan danda'uuf barattoonni harcaatii malee qabxii dansaa akka galmeessaniif gumaacha guddaa taasisa. Gurraandhala 25/2012. deebii afgaaffii supparvaayzara irraa fudhatame. Akka yaada kanaatti madaalliin mana barnootaa irratti kennamu madaallii walitti fufaa ta'uu isaati. Kaayyoon madaallii kanaas barattoota dandeettiin adda qooduun qabxiin isaanii akka fooyya'u taasisuudha.

Akkasumas, faayidaan inni barsiisotaaf kennu qabxii barattoota haala salphaan fooyyessuun kaayyoo barsiisichaafi mana barnootaa milkeessuudha. Kun, kan agarsiisu madaalliin barachuuf

kennamu jiraachuu isaati.kaayyoon isaa madaallii barnoota boodaan taasifamuun kan walfakkaatuudha. Haata'uu malee, madaalliin kennamu dandeettiiwwan afaanii irratti xiyyeeffachuu dhabuun madaalliin akka barnootaatti kennamaa kan hin jirre ta'uu isaadha.

Af-gaaffii 2ffaa “Qajeelfamni haala tooftaa madaallii kana ittiin gaggeessan barsiisotaaf kennamee jiraa?” kan jedhu yoo ta’u, deebiin supparvaayzarichaas halaa armaan gadii kanaan kenname, waraabbamee xiinxalamee jira.Qajeelfamni sadarkaa isaa eeggatee qophaa’e jiraachuu ni mala. Garuu haala qabatama aanaa keenyaan hinjiru .Haata’u malee, barnoota leenjii adda addarraa argannee barsiisota keenyaaf haala madaallii daree kanneen akka hojii manaa, hojii dareefi abbaltii akka kennan ni gorsina. Haata’uu malee, qajeelchi barsiisaa haala gaariidhaan waan hin jirreef dhimma baay’ee nu rakkisaa jiruudha.Gurraandhala 25/2012 af-gaaffii adeemsifame.

Yaada kanarraa hubatuun akkuma danda’amu, barsiisonni mana barumsa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggee qajeelcha tokko malee muuxannoo mataa ofii fayyadamuu qofaan madaallii daree kan gaggeessan ta’uu isaafi hordoffii malee kan dalagan ta’uu isaatu mul’ata. Kun ammoo madaalliin akkaataa barbaadameen hojiirra jiraachuu dhabuu isaa rakkoon jiraachuu kan agarsiisuufi ogummaan barsiisaa fooyya’aa kan hinjirre ta’uu isaati.

Af-gaaffii 3ffaa, “Madaallii daree ilaalchisee leenjiin barsiisotaaf kennamu jiraa?Yoo jiraate yeroo akkamii kennitan?Kan jedhu ture. Gaaffii kanaafis deebiin haala itti aanu kanaan kan deebi’eedha Leenjii ni kennina. Yoo xinnaate waggaatti si’a lama ni karoorfannaa bara kana keessa garuu hanqina yerootiif osoo hin kennin hafnee jirra. Duraan jalqaba semisteera lamaanitti torbee lammaffaa yookiin sadaffaa kennaa turree jirra.Kanas, akka manneen barnoota CRC keenyaatti leenjii bifa marii ykn walgahii yookiin muuxannoo wal jijjiiruutiin kennaa turre. Garuu bu’a qabeessa kan ta’u osoo yeroon laatameefi akkaatuma nu walga’ii waamamnee torbeefi sanaa ol leenjii fudhannu san leenjiin kennamee baay’ee bu’a qabeessa ture. Garuu nuti waytii barnootaa irraa sa’aatii tokko hir’isuun ykn sagantaa waaree boodaa akka jiruun qisaasessuun kan leenjii kenninu waan ta’eef, leenjii quubsaa hin turre.Odeeffannoo Gurraandhala 25/2012 argame. Akka yaada kana irraa hubachuun danda’amutti barsiisota deeggaruuf qaamni deeggarsa barnootaa kennu deeggarsa kennuuf qophii kan qabani miti.Akkasumas, barsiisonni ogummaa isaanii akka fooyyeffataniif deeggarsi isaanii godhamu tokko kan hin jirre ta’uu kan agarsiisudha. Kun ammoo barsiisonni akka madaallii daree seeraan hin adeemsifneefi dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu

irratti hin xiyyeeffanne waan taasisuuf salphamatti barsiisonni akka iddattoo qorannoo kanaatti fudhataman madaallii barachuu kan ogummaa isaaniifi dandeettii barattootaa hinfoooyessinetti kan fayyadamanidha jechuun ni danda'ama.

Af-gaaffii 4ffaan, “Haala itti fayyadama madaalliin walqabatee fooyya’iinsi ogummaa barsiisota keessan irratti mul’ataa? Yookiin hin mul’atu ta’e, rakkoon isaa maali jettanii yaaddu? Furmaanni isin kennaa turtan hoo maali?” kan jedhu yoo ta’u, deebiin gaaffii kanaaf kennames haala armaan gadii kanaan bal’inaan waraabame xiinxalamee jira. Barsiisonni yeroo hordoffiif daree seenu haala yeroo duraa caalaa fooyya’anii argaman akka CRC keenyaatti hedduu jiru, Akkasumas, faalla isaaniitiin barsiisonni haalli isaan itti barsiisan baay’ee dadhabaa dhufe hedduutu nu qunnama. Kanas, yeroo baay’ee karaa komii barattootaatiin irra geenyee daree seenuun yoo ilaallu haaluma barataan komatuun barsiisichas agarra.

Kun yeroo ammaa kana babal’ataa dhufuu isaati. Ani akka supparvaayzara tokkootti rakkoo kana irratti qorannaa gaggeessuu dhabus, adeemsa barnootaa yoon hordofu barsiisonni mana barumsa keenyaa barumsa barsiisan irratti osoo itti hinqophaa’in daree waan seenaniif barnoota barsiisan irratti laafina agarsiisu. Kana malees, hojii kooti jedhanii xiyyeeffannoo waanhin kennineef. Fakkenyaaf, akka furmaataatti barsiisota rakkoo akkanaa qabaniif, daawwannaa daree taasisuun, hamilee isaanii jajjabeessuufi gorsa kennaa turee jirra. Barsiisonni homaa fooyya’uu dhaban kan gorsuu irra darbee hanga of eeggannoo itti kennuutti deemames jiru. Keessumaayyuu kutaalee gara gadiitti barsiisonni akka feeteen waan barsiisan natti fakkaata. Maaliif yoo jenne barattoonni osoo jalqaba qabaan tolee sadarkaa lammaffaa dhufanii hin rakkatan ture. Kanaaf, sadarkaa gadiitti yoo xiyyeeffannoon kenname malee, sadarkaa lammaffaa eegalanii waan fooyya’an natti hin fakkaatu. Karaa mootummaan haala barsiisonni hojii isaanii ittiin fooyyessan yoo mootummaan mijeesseen ala haalli barreessuufi dubbisuu barattootaa akka aanaa keenyaa qofa mitii akka guutuu biyyattiitti rakkoo guddaa ta’aa jira. Gurraandha 25/2012 af-gaaffii supparvaayzara M/B Sad. 2<sup>ffaa</sup> waliin adeemsifame. Akka yaada kana irraa hubannutti deebiin barsiisonni bar-gaaffii irratti kennan warri akka raawwii raawwatameetti fudhatan hundi baay’ee dhugaarra kan fagaate ta’uu isaati. Sababni isaa akka deebii kanaatti barsiisonni ogummaa ofii isaanii fooyyeffachuu osoo hin ta’in kan ofdagataa jiran ta’uu isaati. Karaa biraan, barsiisonni yeroo barnoota isaanii osoo itti hin qophaa’in daree seenan tooftaa madaalliifi barumsi itti kennamu kan haala qabatama



daree waliin deemuu hindandeenye fayyadamuu danda’u, yeroo kana barattoonni barnoota isaanii irratti laafina agarsiisuun qabxiin isaanii gadi bu’uu danda’a.

Walumaagalatti, ragaan karooraafi daawwannaa daree irraa argame akka ibsutti, barsiisonni barumsa gahumsa qabu barsiisaa jiran jechuun kan nama rakkisuudha. Sababni isaas madaalliin daree daawwannaa adeemsifameefi karoora ilaalamerrattis kan mul’ate waan hinjirre waan ta’eefidha. Kun kan agarsiisu keessumattuu barsiisonni madaallii irratti dandeettiinwan afaanii irratti kan hin xiyyeeffanneefi madaalliin gaggeeffamu akka barataan ofdanda’uuf kan hin fayyadamne ta’uu isaati. Akkasumas, madaallii dhuma sagantaa qofa kan fayyadamaniidha. Kun immoo barattootas ta’ee barsiisonni akka adeemsa baruu barsiisuu keessatti fooyya’iinsa hin agarsiifne kan affeeruudha.

## **BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YAADA FURMAATAA**

### **5.1. Guduunfaa (Conclusion)**

Akka galmaatti qorannoon kun kaayyoon gooroo inni qabatee ka’e ,akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni mana barnootaa sadarka lammaffaa Cooraa Baggeetti barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan daree barnootaa keessatti itti fayyadaman xiyyeeffannoo dandeettiinwan dubbisuufi barreessuu irratti bu’uureffachuun addaan baasuufi xiinxaluu ta’us, dabalataan kaayyoo gooree kanneen akka:tooftaa barsiisonni daree keessatti barattoota madaaluuf itti fayyadaman adda baasuufi xiinxaluu;duubdeebii barsiisonni madaallii barattootaaf kennan addaan baasuu, kaayyoo akaakuu madaallii barsiisonni daree keessatti itti fayyadamanii ibsuu, tooftaan barsiisonni akaakuu madaalli fayyadamuun ogummaa isaanii ittiin fooyyeeffatan jiraachuufi dhiisuu isaa addaan baasuun gaaffilee ka’umsa qorannoo kanaatiif deebii bu’uuraa kennuun furmaata laachuu ture. Kanumarraa ka’uun ragaan karaa bargaaaffii, afgaaaffii, daawwannaafi sakatta’a karoora guyyaan qaamolee dhimmi ilaalu: barsiisotaa, barattoota, koree deeggarsa barnootaa kanneen akka muummee afaaniitti dalaganiifi barattoota irraa walitti qabame xiinxaluun qoratiichi rakkoolee armaan gadii kana bira gahee jira.

## 5.2. Argannoo (Finding)

Argannoon qorannoo kanaas haala armaan gadiitiin dhiyaateera:

- ✓ Barsiisonni mana barnootaa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti, kutaa 9<sup>ffaa</sup> barnoota Afaan Oromoo barsiisan, barattoota isaanii madaaluuf, daree keessatti tooftaa af-gaaffii,hojii manaa kennuu fi battallee barreeffama gabaabaafi filannoo qofa baay'inaan kan fayyadaman ta'uun isaanii bira gahamee jira.
- ✓ Madaalliin barsiisonni mana barnootaa sadarkaa lammaffaa Cooraa Baggeetti kutaa 9<sup>ffaa</sup> barnoota Afaan Oromoo barsiisan dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu irratti xiyyeeffannoon kennamu gad-aanaa ta'uu mirkanaa'ee jira.
- ✓ Kaayyoon madaallii walitti fufaa barsiisonni, daree keessatti itti fayyadamanii barattoota dareedhaa dareetti dabarsuu, barattoota sadarkeessuufi harcaatii hir'isuuf ta'uun hubatameera.
- ✓ Barsiisonni hedduun, erga barattoota isaanii madaalanii booda, duub-deebii hamilee barattootaa kakaasu barattootaaf kan hin kennineefi ofii isaaniitiifis kan hin fudhanne ta'uun isaa bira gahamee jira. Akkasumas, ogummaa ofii isaanii kan hinfooyyeffanne ta'uun isaanii mirkanaa'ee jira.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Hanqina waliigala ragaalee karaa bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaafi sakatta'a raga karoorra guyyaa xiinxaluun argame kana irraa ka'uun qoratichi yaada furmaataa rakkoo kanaatiif ta'u haala armaan gadii kanaan kaa'ee jira. Dandeettiiwwan barreessuufi dubbisuu barattootaa fooyyessuuf manneen barnootaa sad. lffaa irraa jalqabee xiyyeeffannoon gama mootummaatiin, maatii barattootaatiin, barsiisotaafi qooda fudhattoota barnootaatiin osoo godhamee gaarii ta'a.

- Daree barnootaa keessatti barsiisonni barattoota isaanii osoo tooftaa adda addaatti fayyadamuun madaalanii baay'ee gaarii ta'a. Tooftaa adda addaatti fayyadamuun barattoonni dandeettii isaanii

kallattii adda addaatiin akka gabbifatan gargaara. Kanaaf, barsiisonni barnoota barsiisan tooftaa ittiin madaaluu danda’an irratti hubannoo gahaa osoo qabaatanii filatamaadha.

- Madaalliin barsiisonni daree keessatti itti gargaaraman gosa madaallii garagaraa osoo hammatee gaariidha. Akkasumas, madaalliin akka barachuutti osoo barattoota ofdandeessisuuf kennamee barattoonni akka baratan ta’ee, sirna barnootaa haaraa waliinis kan deemuufi dandeettii barattootaas kan fooyya’u ta’a. As irratti qaamni dhimmi ilaallatu osoo hordoffii walirraa hin cinne taasisee baay’ee filatamaadha. Barsiisonni daree keessatti yoo barattoota isaanii qoran osoo kaayyoo walfakkaataadhaaf madaaluu baatanii filatamaadha. Kana jechuun madaalliin daree barattoota akka barsiisuu danda’utti osoo qophaa’ee gaariidha. Dalagaalee daree keessatti dalagaman kamiyyuu erga dalaganii booda barattoonniifi barsiisonnis osoo duubdeebii walii kennanii fooyya’iinsi dandeettiwwan afaanii fi ogummaa barsiisotaa irratti ni dhufa Akkasumas, kennaan deeggarsaafi supparvaayzarri osoo hordoffii taasisee gaariidha.

Barsiisonni gosa madaallii gaggeessan keessatti dandeettiwwan afaanii keessaa dandeettii dubbisuufi barreessuu irratti osoo xiyyeeffatanii dandeettiin barattootaa gama kanaan ni fooyya’a. Kanaaf, gosoota madaallii sadeen madaallii barachuu, madaallii ittiin barachuufi madaallii akka barachuutti barattoota of dandeessisuuf kennamu qofa irratti xiyyeeffachuun adeemsa baruufi barsiisuu fooyyessaa kan deemu miti. Kana malees, barsiisonniifi barattoonnis, haala walqixa ta’een barnoota isaanii keessatti ga’ee mataa ofii yoo taphatan ogummaa barsiisotaafi ga’umsi barattootaa fooyya’uu danda’a. Kunis, ta’uu kan danda’u osoo qaamni dhimmi ilaalu deeggarsaafi hordoffii taasisee gaariidha.

## WABIILEE

- Addunyaa Barkeessaa(2011). *Akkamtaa qorannoo hujoo.finnanee*, mega printing press.
- Afangideh, M. E. (2001). *Teachers and needed competences, teaching profession in Nigeria*. Uyo, Prades books and press.
- Airasian, P. (1991). *Classroom Assessment*, Second Edition, NY: McGraw-Hill.
- Airasian, P.W. (1999) *Assessment in the Classroom: A Concise Approach*. (2nd ed.) New York: Mc Graw-Hill.
- Airasian, P & Russell, M. (2007). *Classroom Assessment: Concepts and Applications (6th New York: McGrath Hill*.
- Alausa, Y.A. (2004). *Continuous Assessment in our schools: advantages and problems*, Luwanda:Kolin Foundation Arandis
- Amoo, S.A. (2007). *Ensuring effective use of school Based Assessment in science*. Walton Street Oxford University Press
- Angelo IA Cross KP (1993) *Classroom Assessment Techniques A Handbook for College Teachers (2nd Ed.)* San Francisco Jossey Bass Inc. Publisher
- Angelo TA (1995) *Improving Classroom Assessment to Improve Learning*. Guidelines from Research and Practice San Francisco Jossey Bass Inc. Publisher.
- Baqqalech Baallamii(2012) “*Haala raawwii madaallii walitti fufaa.*” Qorannoo MA guuttachuuf Yunivarsiiti Addis Ababaatti dhiyaate.
- Black P. William D (1998) *Assessment and classroom learning*. Assessment in education Principles, policy practice. 5(1): 1-34.
- Black, P., & C. Harrison. (2001) *Feedback in Questioning and Marking: The Science Teacher’s Role in Formative Assessment*. New York Publisher.
- Benett RE, Gitomer DPI (2009). *Transforming K-12 assessment integrating accountability testing, formative assessment, and professional support* In Wyait.
- Smith & Gunning(Eds). *Education Assessment in the 21st Century* New York Springer pp 43 - 61
- Biggs J (1995) *Assessing for learning some dimensions underlying new approaches to education assessment*. Albarta, J, Educ. Res. 41(1)1-17
- Brown,(2007). *Principles of language learning and teaching* San Francisco state University. Printed in the United State of America

- Brown and Pendlebury, M. (1997). *Assessing Student Learning Education*. London: Rutledge ISSN 2222-288X (Online) Vol 3, No 6, 2012
- Burke, et al. (2009) *Making formative assessment work effective practice in the primary classroom*. London Open University Press
- Bell, B. & Cowie, B. (2001). *Formative assessment and science education*. Dordrecht: Kluwer Academic Publishers.
- Best and Kahans (2002). *Social Science Research Methods*. New Jersey: Prentice Hall
- Capper, M. (1996). *The meaning of assessment*. London: Faber. (Unpublished MA Thesis)
- Clarke, M. (2012). *What matters Most for Student Assessment Systems: A framework Paper*. Working Paper No 1: Washington D.C: The World Bank Psychology.
- Celce-Murcia, M. And Olshtain, E. (2000). *Discourse and Context in Language Teaching*. United State of America: CUP.
- Chilora, H. (2003). *Continuous Assessment for Standard 3: A Training Manual for Educators in Malawi*. Improving Educational Quality (IEQ) Project. USAID
- Cohen, E. & Manion, C. (1989). *Somediagnostic scales for research in decision making personality: identity, information and barriers*. Journal of Personality and Social
- Cohen DK. Hill IIC (2000) *Instructional policy and classroom performance* The Education reform in California Teacher's College Record 102 294 -343
- Cone, J.D. & Foster, S.L. (1991). *Training in Measurement: Always the bribes maid*. American Psychologist
- Dane, F. C. (1990). *Research methods*. California: Brooke. Prentice Hall
- Dasta Dassaleny (2002). *Bu 'uura Qorannoo*. Finfinnee Dhaabbata Maxxansaa Boolee.
- Dochy F, Gijbels D, (2008). *Students' assessment preferences, perceptions of assessment and their r/n ships to study results*. Higher Education hit J High Educ Educ Plan (56) 645- 658
- Earl, L. (2003). *Assessment As Learning: Using Classroom Assessment to Maximize Student Learning*. Thousand Oaks, CA: Corwin
- Earl L. & Katz S (2006) *Rethinking Classroom Assessment with Purpose in Mind*. Western and Northern Canadian Protocol for Collaboration in Education Retrieved on February 5 2013. from [http //www wncp ca/English/subject area/class assessment aspx](http://www.wncp.ca/English/subject%20area/class%20assessment.aspx).
- Essien, I.T. (2010). *Innovation in assessment and examinations for human capital development in Nigeria*. A paper presented at 12th annual national conference of Niger Association of

- Educational researchers and evaluators, Port Harcourt 12th -16th July.
- ETP(1994). *Ethiopian Education and Training Policy.1<sup>st</sup> edition*.Addis Ababa, St.George printing press,
- Ezewu,E.E. & Okoye, N.W. (1981). *Principles and Practice of Continuous Assessment*. Ibadan, Evans Publishers
- Falayalo, W. (1986).*Philosophy and theory of continuous assessment*. A paper presented at a workshop for inspectors of Education in Ondo State, Nigeria. 4<sup>th</sup> December
- Gonzales P & Aliponga I (2012) *Classroom assessment preferences of Japanese languageteachers in the Philippines and English language teachers in Japan* MEXTESOLJ.36 (1).
- Gronlund, N. E. (1998). *Assessment of student achievement*. Boston: Ellyn and Bacon prenting press
- Gronlund &Linn, (1990) *Measurement and Assessment in Teaching*.San Francisco: PrenticeHall
- Harlen W (2008) *Trusting teachers judgment* In S. Swaffield (Ed.) *Unlocking Assessment: Understanding for reflection and application* (pp 138-153) Abingdon. Ox Routhledg.
- Huysamen, G .K.(1998). *Introductory statistics and research design*. Cape Town: Academic
- Kapambwe, W.M. (2006). *A Formative Evaluation of the Implementation of the Continuous Assessment.Pilot Programme(CAPP) at the Basic School Level in Zambia*.
- Kellaghan, T. (2001).*Using assessment to improve the quality of education*. Paris: UNESCO, International Institute for Educational Planning.
- Mazgab Hailu ,(2015) “*Practices and challenges of implementing continuous assessment in government preparatory schools of east arsii zone.*”MA Thesis: Addis Ababa University.(Unpublished)
- MoE (1996) *Guide line for continuous Assessment*.Addis Abeba Ethiopia. Berhane selam pprinting enter price
- Nitko,A.J.(2004) *Continuous Assessment and Performance Assessment*.Available at <http://www.moec.gov.jm.pdf>.Retrieved 11th Nov. 2014.
- Njabili et al.,( 2005).*Equity and school-based assessment: The case of Tanzania*. A Paper Presented at The 31st Annual Conference of the International Association for Educational Assessment. Abuja, Nigeria 4th -9th.

- NoE (2004). *Guide line for continuous Assessment*. Addis Abeba Ethiopia. Berhane selam piringting enter price.
- Nwana, O.C. (2007). *Text-book on educational measurement and evaluation*: Owerri, Bomaway Publishers.
- Ojerinde, D. & Falayajo, W. (Eds) (1984) *Continuous Assessment. A new Approach* Ibadan: . University Press
- Ojerinde, D. (1985). *Analysis of Nigeria's National Policy on Education. Studies in Educational Evaluation*, Ibadan: University Press.
- Richards. and Rogers A (1999). *Adult learning* London. Open University Press.
- Sarantakos, (2005). *Social Research (3<sup>rd</sup>, ed)* hound mills; palgrave makmillan.
- Steadman M (1998) . *Using Classroom Assessment to Change both teaching and learning*. London, Printing Hall
- Shepard LA (2000). *The role of assessment in a learning culture* *Educ. Res* 29(7) 4-14.
- Silashi Araggaw (2007). "The perception and implementation of continuous Assessment of EFL Teachers" (The case of Debu Ethiopia Teachers Education College) M.A Thesis. Addis Ababa University. (Unpublished)
- Ward, C. (1980) *Designing a Scheme of Assessment*. London: Stanley Thornes publisher.

## DABALEEWWAN

### DABALEE . A

#### Yuunivarsiitii Jimmaattii

#### Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa

#### Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu.

#### Gaaffilee Qorannoo MA Afaan Oromoofi Og-barruu guuttachuuf qophaa'e.

#### Af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoofi dhiyaate:

Kaayyoon gooroon gaafannoo kanaa *Xiinxala akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni kutaa qffaa barnoota Afaan Oromoo gaggeessan haala dandeettiiwwan barreessuufi dubbisuu xiyyeeffate irratti ragaa funaanuudha.* Kabajamoo barsiisaa /tuu barnoota Afaan Oromoo barsiistan, kaayyoon gaaffii kanaa inni guddaan akkaataa madaallii walitti fufaa daree keessatti itti fayyadamtan keessatti haall dandeettiiwwan barreessuufi dubbisuu addaan baafachuu yoo ta'u ,qorannoo kana galmaan gahuuf tumsi isin nuuf gootan murteessaa waanta'eef, dhugaa jiru ifatti baaftanii yaada kennuuf eeyyamamoo ta'uu keessaniif gamanumaan isin galatoomfadha!

#### Qoraticha

**Qajeelfama:** Maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu

Gaaffii hundaa, itti fayyadama madaallii haala qabatama daree keessaniitiin naaf deebisaa!

#### Odeeffannoo bu'uuraa:

**Qajeelcha:** Mallattoo (✓) fayyadamuun sanduuqa isiniif kenname guutaa.

1. Maqaa mana barumsaa: \_\_\_\_\_  
Saala: dhiira dubara
2. Umri 21-25 25-30 30 ol
3. Sadarkaa barnootaa: Dippiloomaa Digirii jalqabaa Digirii lammaffaa
4. Tajaajila waggaa: 1-5 6-10 11-16 17-30

**KutaI:** Kuta kana jalattii akkaataa madaallii daree haala itti fayyadama daree keessatti walqabatuun gaaffilee dhiyaataniidha. Tokkoon tokkoo gaaffitiif filannoon Shan,Shan qophaa'ee jira. Filannoon kun bakka bu'ee lakkoofsaatiin kan qophaa'e waan ta'eef deebii keessaniif lakkoofsa filachuu barbaaddan jalatti mallattoo(x) fayyadamaa!

1=yeroo hunda(always) 2=yeroo baayyee(usually) 3=yeroo tokko tokko(some times) 4=darbee darbee(rarely) 5=Gonkuma itti hin fayyadamu(never).



L	Tooftaa madaallii daawwannaa barsiisaatiin adeemsifamuuf	Filannoo				
		1	2	3	4	5
1	Barattoonni akkaataa dandeettii isaaniitiin ni madaalamuu?					
2	Barattoonni gosoota madaallii hundaan ni madaalamuu?					
3	Barreessuufi dubbisuu barattootaaf xiyyeeffannoon ni kennamaa?					
4	Barattootaaf hojiin waraqaa ni kennamaa?					
5	Rakkoon barreessuufi dubbisuu barattootaa ni mul'taa?					
6	Barattootaaf hojiin dareefi hoj-maneeen ni ilaalamaa?					
7	Abbaltiin barattootaa ni sororfamaa?					
8	Hoj-maneeffii abbaltiin ni kennamaa?					
9	Barreeffamni barattootaa ni ilaalamaa?					
10	Haalli qubeessuu barattootaa ni ilaalamaa?					
11	Barattoonni akka dubbisaniif ni shaakalsiifamuu?					
12	Barattoonni jechoota akka barreessan ni shaakalsiifamuu?					
13	Qabiyyeen madaallii dandeettii barreessuufi dubbisuu hammataa?					
14	Barattootaaf madaallii booda duub-deebiin ni kennama?					
15	Barattoonni barreeffama walii waliif ilaaluu?					
16	B/sonni battallee gaaffii barreeffama gabaabaa fayyadamuu?					
17	Barsiisonni gaaffilee barreeffama dheeraa fayyadamuu?					
18	Barsiisonni battallee gaaffilee filannoo qaban fayyadamuu?					
19	Battalleen tasaa (quiz) ni kennamaa?					
20	Madaalliin adeemsa hordoffii dareefi qabxii barattootaa qabuuti.					
21	Madaalliin daree, battallee dhuma barannoo irratti kennamuu maraa dabalata.					
22	Madaalliin battallee daree keessatti kennamu hunda ilaallata.					
23	Madaalliin ogummaa barsiisotaa ni fooyyessa.					

Kutaa 2ffaa: kutaa kana kessatti yaadaafi ilaalcha madaallii irratti qabdan ibsuuf yaadotaa armaan gadii deeggaruufi deeggaruu dhabuu keessan lakkoofsa filannoon irra jiru filachuun mallattoo (x) fayyadamuun kaa'aa !

1=sirriitti deeggara(strongly agree) 2=nan deeggara(agree) 3,hin murteessine(undecided) 4=hindeeggaru(dis agree) 5, gonkumaa hindeeggaru(strongly disagree).

L	Madaallii daree barnootaa ilaalchisee.	1	2	3	4	5
24	Madaalliin daree, adeemsa too'annaa dareefi qabxii barattootaa qabuufi gabaasuuti.					
25	Madaalliin daree, battallee barsiisaan dhuma barannoo irratti kennamuu hundaa dabalata.					
26	Madaalliin daree, battallee yeroo barsiisan daree keessatti kennamuu hunda ilaallata.					
27	Madaalliin daree, meeshaa barsiisaan ogummaa isaa ittin fooyyeffatuudha.					
28	Madaalliin adeemsa tooftaa barnootaa barsiisuu fooyyessuuti.					
29	Madaalliin tooftaa daawwannaa dareeti.					
30	Madaalliin daree, duubdeebii hatattamaa barattoota koof dafee akka kennuuf nagargaara.					
31	Madaalliin daree, duubdeebii waa'ee mala baruufi barsiisuu si'ataa (active) ta'eefi milkaa'ina fedhii barataati.					
32	Madaalliin adeemsa haala barachuu barattootaa too'achuuti.					
33	Madaalliin adeemsa walqunnantiifi walitti dhufeenya barattootaa cimsuuti.					
34	Madaalliin tooftaa dalagaaleefi adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoonni haala si'aayina qabuun hirmaachuun, ofitti amanuun akka ofdanda'anii baratan uumuuti.					
35	Madaalliin barattoonni barnoota matama ofiitiin oftoo'achuun akka barataniifi adeemsa barnootaa ofumaa akka too'ataniif itti gargaaramnuudha.					

III: kutaa kana keessatti tooftaafi kaayyoo madaallii bargaaffii gubbaatti hin hammatamin yoo kan jiraatu ta'e haala barreeffamaatiin kan nuuf kennitan ta'a.

36. Toofataa biroo kan daree keessatti barattoota madaaluuf itti fayyadamtan yoo(1-18) keessatti hin hammatamin jiraate tarreessaa.:-----

-----

-----

37. Madaallii akka daree keessaniitti kanneen armaan oliitiin ala sababa maaliif adeemsiftu? Yoo jiraate tarreessaa:-----

-----

## DABALEE. B

### Yuunivarsiitii Jimmaattii

### Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa

### Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu.

**Waraqaa af-gaaffii banaa barsiisotaaf dhiyaate.** Dursa hundi keessanuu maqaa keessan ibsuun barnoota Afaan Oromoo barsiisuun muuxannoo waggaa meeqaa akka qabdan ibsaa. Gaaffilee dhiyaatan irratti yaada dabalataa waan nuuf kennitaniif galatoomaa!

#### Qorataa

1. Kaayyoon madaallii walitti fufaa daree maali?
2. Daree keessatti tooftaa madaallii walitti fufaa akkamii fayyadamtu?
3. Tooftaa kana maaliif fayyadamtan?
4. Kaayyoo keessan galmaan ga'uufi dhiisuu akkamitti addaan baafattu?
5. Yeroo madaallii walitti fufaa daree keessatti adeemsiftan rakkoon isin qunname jiraa?  
Yoo jiraate, ibsaa!
6. Tooftaan isin barsiisuuf itti fayyadamtan osoo akka yaadamutti galma isinii ga'uu baatee tarkaanfii akkamii fudhattu?
7. Madaallii bu'a qabeessa fayyadamuuf tooftaan maali jettu?
8. Barattoota keessan yeroo baay'ee madaallii gosa akkamii fayyadamuun adda baafattan?
9. Qormaata barattootaaf erga kennitanii booda duubdeebii barattoota irraa fudhattuu
10. Yoo duubdeebii kan fudhattan ta'e sababa fudhattaniif ibsaa!
11. Adeemsa baruu-barsiisuufi dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaa bifa walitti fuufaa ta'ee madaaluu gidduu hariiroon jira jettani yaa Yoo jiraate bifa kamiin akka ta'e addeessaa!
12. Ilaalchi dhuunfaa keessaniin, gumaachi iyyaafannaan walitti fufaa milkaa'ina dandeettii barreessuu fi dubbisuu barattootaa irratti qabu maali jettanii yaadduu?
13. Barataan/ttuun madaallii walitti fuufaa dandeetti barreessuufi dubbisuu taasifameen qabxii gaarii galmeessise/te qormaata dhuma seemisteraatiinis bu'aa gaarii galmeessisuu ni danda'a/ dandeetti jettanii ni yaadduu? Maaliif?
14. Dandeettii barreessuu fi dubbisuu barattoota keessanii bifa walitti fufaa ta'een madaaluuf mala / tarsiimoo akkamiitti fayyadamaa jirtu?
15. Madaallii keessan irratti hundaa'uun dandeetti barreessuufi dubbisuu barattootaa keessanii madaaluun duub-deebii raawwii hojii isaanii haala akkamiin kennitan?

Odeeffannoo gahaafi ifa ta'e qabaa? Bifa barattoota jajjabeessuun laatamee?

16. Sadarkaawwan dandeettii barreessuufi dubbisuu jiran irratti barattoota keessan bifa kamiin madaaltu? (Jechoota, himoota, keeyyattootaafi barreeffama gabaabaa)
17. Qabxii dandeettii barreessuufi dubbisuu barattoota keessanii bifa walitti fufaa ta'een haala kamiin galmeessitu?
18. Barnoota afaanii irratti haala hojiirra oolmaa madaallii walitti fufaan itti kennamu keessattuu dandeettii barreessuu fi dubbisuu irratti leenjiin isiniif kenname jiraa?
19. Madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuufi dubbisuu fayyadamuun madaaluuf kutaa barnoota Afaan Oromoo keessatti kan rakkoo ta'an maal fa'a jettanii yaaddu?
20. Madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuufi dubbisuu madaaluuf barsisoonni fayyadaman akka fooyya'aafi milkaa'aa ta'u furmaanni keettan maali?
21. Waa'ee madaallii walitti fufaa dandeettii barreessuufi dubbisuu irratti qabxiin osoo hinka'iin hafee jira jettanii yaaddan yoo jiraate ibsuun ni danda'ama!

## DABALEE. C

### Yuunivarsiitii Jimmaatti

### Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa

Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu.

**Waraqaa mirkaneeffannaa af-gaaffiin dura bu'aafi itti aanaa dura bu'aaf dhiyaate.**

L	Gaaffilee mirkaneeffannaa	Raawwatame	Hinraawwatamne
1	Hojiin manaa sororfamee, qabxii barattootatti dabalammu.		
2	Barattoonni ofiin akka ofmadaan barsiisonni jajjabeessuu		
3	Hojiin daree kennamuufi itti-bartuu ilaaluuf carraa kennuu		
4	Hojiin daree yoo ni kennama ta'e duubdeebiin akka itti kennamu barsiisota cimsuu		
5	Barattoonni gareen akka walmadaan hordoffii gochuu		
6	Qajeelfama battalleen barattootaaf ittiin kennamu dhiyeesuu		
7	Gilgaalonni dubbisa keessaa bahan akka dalagaman gochuu.		
8	Barattoonni hojii manaafi daree hojjachuu hordoffii gochuu		
9	dabbara waljala jijjiiruun waliif akka sororan gochuu isaanii hordofuu.		
10	Daree keessatti qormaanni tasaa kennamuufi dhiisuu ilaalu		
11	Barsiisonni barattoota isaanii af-gaaffiin madaaluu hordofuu		
12	Qabiyyeen barsiifamu karoora irra jiraachuu hordofuu		
13	Hordoffiin hojiirra oolmaa madaalli walitti fufaa jiraachuu		
14	Qormaanni barattootaaf kennamu qaaceffamuu isaa		
15	Qormaanni kennamu gabatee (table of specification) qormaataan dhiyaachuu		

DABALEE. D

**Yuunivarsiitii Jimmaatti**

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu.**

**Waraqaa bar-gaaffii banaatiin barattootaaf dhiyaate,**

Kaayyoon gooroon gaafannoo kanaa xiinxala akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan daree keessatti fayyadaman dandeettiiwwan barreessuufi dubbisuu irratti fuulleffachuun ragaa funaanuudha.

Jaalatamtoota barattoota mana barumsa Cooraa Baggee sad.2ffaatti kutaa 9ffaa barattan kaayyoon gaaffii kanaa inni guddaan akkaataa madaallii walitti fufaa barsiisonni itti fayyadaman keessatti dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuuf xiyyeeffannoon kennamuufi kennamuu dhabuu adda baasuu yoo ta'uu,qarqaarsi isin nuuf gootan murteessaa waanta'eef, dhugaa jiru ifatti baaftanii naaf kennuu keessaniif gamanumaan isin galatoomfadha.

Qoraticha

1. Barsiisaan keessan isin daawwataa? Yoo ni daawwata ta'e yoo isin maal hojjattan isin daawwata?
2. Barsiisaan/stuun keessan barreeffama keessan isinii ilaalu? Yoo kan ilaalan ta'e barreeffama akkamii isinii ilaalu?
3. Barsiisaan/stuun keessan dhuunfaan akka isin dalagdan carraa isinii kennuu? Yoo ni kenna ta'e maalfa'a isin dalagsiisuu?
4. Barsiisaan/stuun daree keessatti akka dubbistan carraa isinii kennuu? yoo carraa isinii kennu ta'e maalfaa dubbistuu?
5. Barsiisaan/stuun keessan jechoota akka barreessitan isin shaakalchiisuun duubdeebii isinii kennuu? Yoo ni kennu ta'e akkamitti isiniif kennu?
6. Madaalliin bifa barreeffama dheeraatiifi gabaabaatiin isiniif kennamaa? Yoo ni kennama ta'e yeroo akkamii kennama? Kamtu baay'inaan kennama?
7. Barsiisaan/stuun keessan barnoota yoo isin barsiisan tooftaa ittiin barsiisan isiniif ni jijjiiru moo hin jijjiiran? Yoo ni jijjiiru ta'e haala kamiin?

DABALEE .E

**Yuunivarsiitii Jimmaatti**

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu.**

**Waraqaa Af-gaaffii kennaa deeggarsa muummee afaanitiif dhiyaate.**

Kaayyoon goeroon gaafannoo kanaa xiinxala akkaataa madaallii barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan daree keessatti itti fayyadamanii irratti ragaa funaanuudha.

Kabajamoo barsiisaa /tuu Muummee Afaanii kaayyoon gaaffii kanaa inni guddaan akkaataa madaallii barsiisonni daree keessatti itti fayyadaman addaan baafachuu yoo ta'u , qarqaarsi isin nuuf gootan murteessaa waanta'eef dhugaa jiru naaf kennuuf hayyamamoo ta'uu keessaniif gamanumaan isin galatoomfadha.

**Qoraticha**

1. Madaalliin barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan itti fayyadaman gosa madaallii kamiiti?
2. Tooftaan barsiisonni Barnoota kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan barattoota madaaluuf daree keessatti itti fayyadaman tooftaa madaallii kamiiti?
3. Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan erga barattoota madaalanii booda duubdeebii barattootaaf laatu?
4. Gaheen madaallii walitti fufaa barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan daree keessatti fayyadamanii dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaaf maali?
5. Barsiisonni kutaa 9<sup>ffaa</sup> barsiisan gosa madaallii barattootaaf kennaniifi tooftaa barnoota ittiin kennan irraa ogummaa ofii isaanii nifooyyeffatan moo hin fooyyeffatan?



DABALEE .F

**Yuunivarsiitii Jimmaatti**

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu.**

**Waraqaa Af-gaaffii supparvaayzara manneen barnoota sadarkaa lammaffaaf dhiyaate.**

Kaayyoon gooroon gaafannoo kanaa xiinxala akkaataa madaallii barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisaan daree keessatti fayyadamanii irratti ragaa funaanuudha. Kabajamoo, supparvaayzara m/b sad.2ffaa kaayyoon gaaffii kanaa inni guddaan akkaataa madaallii barsiisonni daree keessatti itti fayyadaman addaan baafachuu yoo ta'u ,deeggarsi isin nuuf gootan murteessaa waanta'eef, dhugaa jiru ifatti baaftanii deeggarsa kennuuf fedhii qabaachuu keessaniif isin galatoomfadha.

**Qoratiicha**

1. Madaalliin manneen barnoota sadarkaa lammaffaa irratti kennamu madaallii akkamiitii? Maaliif gosti madaallii kun filatame?
2. Qajeelfamni haala tooftaa madaallii kana ittiin gaggeessan barsiisotaaf kennamee jiraa?
3. Madaallii daree ilaalchisee leenjiin barsiisotaaf kennamu jiraa? Yoo jiraate yeroo akkamii kennama?
4. Haala itti fayyadama madaalliin walqabatee fooyya'iiinsi ogummaa barsiisota keessan irratti mul'ataa? Yoo kan hin mul'anne ta'e, rakkoon isaa maali jettanii yaaddu? Furmaanni isin laataa turtan hoo maali?
5. Akka manneen barnoota sad.2ffaatti dandeettiiwwan barreessuufi dubbisuuf xiyyeeffannoon kennamu maal fakkaata? Keessumaa barsiisota afaaniitiif hubannoon kennamu jiraa?
6. Barattoota irratti rakkoon gama dandeettii barreessuufi dubbisuutiin ni mul'ataa?
7. Rakkoon kun yoo kan mul'atu ta'e, maddi isaa maali? Furmaanni hoo maal ta'uu qaba jettu?

DABALEE .G.  
SUURAA BARATTOOTA IDDATTOOF FILAMANII



Suuraa barattoota iddattoof filamanii mana dubbisaatti odeeffannoo yeroo kennan Gurraandha 12/2012.

DABALEE 'I' SUURAA DAAWWANNA DAREEN ODEEFFANNOO FUNAANAMEE



Af-gaaffii barsiisaa Saafii Irboo waliin Gurraandhala 16/2012 gaggeeffame

DABALEE 'I' SUURAA DAAWWANNAA DAREEN ODEEFFANNOO FUNAANAMEE



Af-gaaffii barsiiftuu Raahamat Abbaadiggaa waliin taasifame. Gurraanadhala 17/2012.

## DABALEE 'I' SUURAA DAAWWANNAA DAREEN ODEEFFANNOO FUNAANAMEE



Daawwannaa daree yeroo barsiiiftuu Sooromee Dhiinsaa barattoota barreessuu shaakalsiiftu.

DABALEE 'I' SUURAA DAAWWANNAA DAREEN ODEEFFANNOO FUNAANAMEE



Daawwannaa Daree yeroo barsiisaa Dirribaa Isheetuu barsiisu taasifame.Gurraandhala,17/2012